Inistitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa

Raawwii Murtii Hariiroo Hawaasaa fi Mirga Dursaa: Seeraa fi Hojimaata Moojulii Leenjii Hojiirraatiif Qophaa'e

Qopheessitootni: 1) Obbo Baacaa Taayyee

2) Obbo Fedhasaa Mangashaa

Gulaaltonni: 1) Obbo Habtee W/Sanbat

2) Obbo Abdii Asaffaa

3) Obbo Geetaachoo Fayisaa

Amajjii, 2011

ILQSO, Adaamaa

Baafata

Mata Duree Fuula

Seensa Waliigalaa 1

BOQONNAA TOKKO 4

1. RAAWWII MURTII HARIIROO HAWAASAA: DHIMMOOTA WALIIGALAA 4

1.1. Maalummaa Raawwii Murtii 5

1.3. Aangoo Murtii Raawwachiisuu 9

1.3.1. Mana Murtii Murtii kenne 9

1.3.2. Mana murtii aangoon raawwachiisuu bakka bu'ummaan kennameef 14

1.4. Eenyutu iyyata raawwii murtii dhiheessuu danda'a? 22

1.4.1. Iyyata raawwii murtii, murtiin abbaa mirgaa waliinii keessaa namni tokko dhiheessu 23

1.4.2. Iyyata raawwii murtii namoota mirgi murtiin argame waliigalteen darbeefiin dhihaatu 24

1.4.3. Iyyata raawwii murtii bakka buutota seeraa(dhaaltota) murtiin abbaa mirgaatiin dhihaatu 25

1.5. Iyyatni raawwii murtii eenyu irratti dhihaata? 25

1.5.1. Himannaa raawwii wabii irratti dhihaatu/Application against surety/ 25

1.5.2. Iyyata raawwii murtii bakka bu'oota seeraa irratti dhihaatu (up on legal representative/ .. 28

1.6. Ulaagaalee iyyatni raawwii murtii guutee dhihaachuu qabu 30

1.7. Daangaa yeroo iyyatni raawwii murtii keessatti dhihaachuu qabu 32

BOQONNAA LAMA 37

2. ADEEMSA RAAWWIIN MURTII ITTIIN GEGGEEFFAMU 37

4.1. Kenniinsa waraqaa waamichaa 37

4.2. Hafiinsa falmitootaa fi Bu'aa hordofsiisu 40

2.3. Murtiin Abbaa Idaa qorachuu 45

2.4. Raawwii diduu fi Bu'aa isaa 46

2.5. Haala raawwiin qarshii ittiin geggeeffamu 52

2.6. Raawwii qabeenya socho'aa adda bahee beekamaa ta'e irratti geggeeffamu 57

2.7. Raawwii abbootii mirgaa hedduu abbaa idaa qabeenya gahaa hin qabne irratti geggeeffamu ... 58

2.7.1. Raawwii abbootii mirgaa mirga addaa hin qabne ykn abbootii mirgaa sadarkaa tokko irra jiran gidduutti geggeeffamu 58

2.7.2. Raawwii Murtii Abbootii mirgaa mirga dursaa qaban gidduutti geggeeffamu 63

BOQONNAA SADII 71
3. QABEENYA RAAWWIIN ABBAA IDAA DHORKUU, GURGURUU FI MIRGA GAREE 3FFAA 71
3.1. Qabeenya abbaa idaa dhorkuu 72
3.1.1. Dhorka Murtiin boodaa fi Bu'aa isaa 72
3.1.2. Dhorki murtiin dura kenname raawwii irratti bu'aa hordofsiisu 85
3.2. Raawwii murtii mormuu fi mirga garee 3ffaa 88
3.3. Adeemsa gurgurtaan qabeenya raawwiin irra qubate ittiin raawwatamu 94
3.3.1. Tumaalee waliigalaa gurgurtaa qabeenya raawwiin irra qubatee ilaallatan 95
3.3.2. Adeemsa gurgurtaan qabeenya socho'aa ittiin raawwatamu 108
3.3.3. Adeemsa gurgurtaan qabeenya dhaabbataa ittiin raawwatamu 111
3.3.4. Qabeenya dhaabbataa raawwiin gurgurame nama bitetti dabarsuu diduu 119
Maddawwan Wabii 121

Gabaajewwanii fi Kottoonfachiisa adda addaa

M/M/A = Mana Murtii Aanaa

M/M/Ol = Mana Murtii Olaanaa

M/M/W/O = Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa

MMWF = Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa

MMWT=Mana Murtii Waliigalaa Tigiraay

Dh/Ij/M/M/W/F = Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa

M/M/S/D/F=Mana Murtii Sadarkaa Duraa Federaalaa

S/H/H = Seera Hariiroo Hawaasaa

S/D/F/H/H = Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa

M/A/Mirgaa = Murtiin Abbaa Mirgaa

M/M/Idaa = Murtiin Abbaa Idaa

WMMD=Waajjira Maallaqaa fi Misooma Dinagdee

D/Kennaa = Deebii Kennaa

Kwt. = Keewwata

Lakk. = Lakkoofsa

Fkn = Fakkeenya

Kkf = Kanneen kana fakkaatan

Seensa Waliigalaa

Falmiin hariiroo hawaasaa uumama isaatiin mirgi nama dhuunfaa kan keessatti kabajamuu fi dantaa hawaasaa bal'aa kan of keessaa hin qabne waan ta'eef falmii dhuunfaa jedhamee beekama. Namni mirgi koo tuqame jedhu himannaa mana murtii aangoo qabutti dhiheessuun manni murtiis adeemsa seeraan tumame hordofuun dhuma irratti murtii kan kennu yoo ta'u, murtii kennuun qofti garuu mirga nama miidhamee kabachiisuu hin danda'u. Murtiin manni murtii kennu bu'uura seeraa kan qabuu fi raawwatamuu kan danda'u ta'uu qaba. Haa ta'u malee, kun qofaan galma ta'uu hin danda'u. Ciminni mana murtiis kan ittiin madaalamu murtii murteessuu qofaan osoo hin taane, murtii ofii isaatii murteesse abbaa mirgaatiif raawwachiisuu yoo danda'eedha. Olaantummaan seeraa mirkanaa'eera jechuun kan danda'mus murtiin mana murtiin kenname raawwatamuu yoo danda'e qofaadha. Murtiin mana murtiin kennamu kun haala haqa qabeessaa fi adeemsa sirrii keessa darbee akka raawwatuuf seera dhimmicha qajeelchu qabaachuun barbaachisaadha. Kana dhugoomsuuf raawwii murtii hariiroo hawaasaa ilaalchisee qaamni seera baasu haala kamiin geggeeffamuu akka qabu Seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa biyya keenyaa bara 1958 bahe kwt.371- 461 jalatti bal'inaan tumeera.

Haa ta'u malee, qabatama manneen murtii keenyaa yeroo ilaallu, tumaaleen kun haala kaayyoo yaadame galmaan ga'uu danda'uun hojiirra oolaa jiru jechuun hin danda'amu. Kunis abbootiin seeraa keenya tumaalee raawwii murtii ilaallatan kanneen qixa barbaadameen hubachuu dhabuu, akkasumas seerichi bakka tokko tokkotti ifa ta'uu dhabuu fi qaawwaa qabaachuu isaa irraa akka ta'e hojimaata jiru irraa hubachuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, manneen murtii keenya, raawwii murtii qarshiin walqabatee iyyannoo raawwii dhihaatu, tarree qabeenyaa(haala manni murtii deggersa ittiin gaafatamu) hin qabne ofitti fuudhanii keessummeessuun M/A/Idaa dhaddacha irratti raawwachuu yoo dhabe qabeenya isaa barbaacha M/A/mirgaa waliin yeroo rakkatanii fi sababuma kanaan galmeen raawwii lafa irra yeroo harkifatu kan mul'atuudha. Gama biraan, M/A/Idaa hidhamee raawwachuu hin qabne hidhamee akka raawwatu yeroo taasisan fi galmee raawwii irratti akka feeteen nama hidhuun bal'inaan kan mul'atuudha. Qabeenyi murtiin abbaa idaa raawwiif qabamuu danda'an kanneen akkamiiti kan jedhu irrattis hubannoo gahaa dhabuun qabeenyi raawwiif qabamuu hin dandeenye yeroo qabamuu fi caalbaasiin yeroo gurguramu ni mul'ata. Akkasumas eenyutu qabeenya raawwiif qabame irratti mormii dhiheessuu danda'a kan jedhuu fi mirga dursaa abbootii mirgaa ilaalchisee hubannoo walfakkaataan abbootii seeraa bira

hin jiru. Haaluma walfakkaatuun adeemsa gurgurtaa caalbaasii qabeenya raawwiif qabameen walqabatees rakkoo guddaan kan mul'atuudha. Maddi rakkoolee olitti ibsamaniis ta'e kanneen biroo raawwii murtii waliin walqabatanii hojimaata keessatti mul'atan hanqina hubannoo abbootii seeraa bira jiruu fi tumaaleen seerichaa tokko tokkos iftoomina dhabuu, akkasumas qaawwaa qabaachuu isaanii irraa kan maddan ta'uu hojimaatni jiru kan agarsiisuudha. Rakkoolee kana maqsuuf mata duree kana irratti moojulii qopheessuun abbootii seeraatiif leenjii hubannoo cimsu kennuun barbaachisaa ta'ee argameera.

Kaayyoon moojulii kanaas raawwii murtii hariiroo hawaasaatiin walqabatee hojii irra oolmaa tumaalee seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa biyya keenyaa xiinxaluun abbootii seeraatiif hubannoo uumuu, akkasumas qaawwaa tumaaleen kun qaban addaan baasuun kallattii fuulduraa akeekuudha.

Kaayyoo kana galmaan ga'uuf moojuliin kun boqonnaa sadiitti qoodamee dhihaateera. Bu'uuruma kanaan, boqonnaa 1ffaan, raawwii murtii hariiroo hawaasaa dhimmoota waliigalaa kan jedhu yoo ta'u, boqonnaa kana jalatti maalummaa raawwii murtii, murtii raawwachiisuuf mana murtii aangoo qabu, eenyutu iyyannoo raawwii murtii dhiheessuu akka danda'u, iyyannoon raawwii murtii eenyu irratti akka dhihaatu, iyyanni raawwii murtii ulaagaalee akkamii guutee dhihaachuu akka qabu, fi iyyanni raawwii murtii daangaa yeroo hangamii keessatti dhihaachuu qaba kanneen jedhan kan keessatti xiinxalaman ta'a. Boqonnaa 2ffaan, Sirna raawwiin murtii ittiin geggeeffamu kan jedhu yoo ta'u, boqonnaa kana jalatti adeemsa waraqaan waamichaa murtiin abbaa idaa itti qaqqabsiifamu, beellamatti dhihaachuu dhabuun walfalmitootaa bu'aa hordofsiisu, murtiin abbaa idaa qorachuu, haala raawwiin murtii qarshii ittiin geggeeffamu, haala murtiin qabeenya socho'aa akkasumas qabeenya dhaabbataa ittiin raawwatamu kanneen jedhan kan keessatti ibsamaniidha. Boqonnaa 3ffaan, Qabeenya raawwiin abbaa idaa dhorkuu, gurguruu fi mirga garee 3ffaa kan jedhu yoo ta'u, boqonnaa kana jalattis, haalaa fi adeemsa qabeenyi abbaa idaa ittiin dhorkamu, qabeenya abbaa idaa dhorkaa irraa bilisa ta'an, dhorki murtiin dura kenname raawwii irratti bu'aa hordofsiisu, mormii dhorka qabeenyaa irratti dhihaatuu fi mirga garee 3ffaa, qabeenya raawwiin irra qubate caalbaasiin gurguruu fi kanneen kana fakkaatan bal'inaan kan keessatti xiinxalameedha.

Bu'uuruma kanaan xumura leenjii kana irratti leenjifamtootni:-

- Barreessi murtii raawwii murtiitiif haalduree gaarii ta'uu ni hubatu. Bu'uura kanaan barreessa murtii sirrii ta'e hojii irra oolchuun adeemsi raawwii murtii saffisaa akka ta'u ni hojjetu;
- Raawwii murtii ilaaluuf manni murtii aangoo qabu isa kam akka ta'e, ulaagaalee iyyanni raawwii murtii guutee dhihaachuu qabu fi daangaa yeroo himanni raawwii murtii keessatti dhihaachuu qabu ilaalchisee hubannoo qaban ni gabbifatu; akkasumas hojii irra ni oolchu;
- Adeemsa raawwiin murtii ittiin geggeeffamu jechuunis hafiinsi falmitootaa bu'aa hordofsiisu, murtiin abbaan idaa haala kamiin akka qoratamu, murtiin abbaa idaa yoom qabamee akka dhihaatu, adeemsa raawwiin murtii qarshii, qabeenya dhaabbataa akkasumas qabeenya socho'aa ittiin raawwatamu irratti hubannoo qaban ni gabbifatu; akkasumas hojii irra oolmaa isaatiif ni hojjetu.
- Qabeenyi murtiin abbaa idaa haala kamiin dhorkamuu akka qabu, qabeenyaa akkamiitu dhorkaa irraa bilisa akka ta'e, qaama 3^{ffaa}n qabeenya raawwiif qabame irraa mirgan qaba jechuun iyyata dhiheeffatu haala kamiin keessummeeffamuu akka qabu, dhorki murtiin dura kennamu raawwii irratti bu'aa akkamii akka hordofsiisu, fi kkf ilaalchisee seeraa fi hojimaata gidduu garaagarummaa jiru adda ni baafatu; seericha hojii irra oolchuufis xiyyeeffannoon ni hojjetu;
- Adeemsa qabeenyi raawwiin irra qubate caalbaasiin itti gurguramu, akkasumas adeemsa caalbaasii hordofuu dhabuun gurgurtaan raawwatame bu'aa akkamii akka hordofsiisu kanneen jedhanii fi kan biroo irratti hubannoo qaban ni gabbifatu; hojii irras ni oolchu jedhameetu eegama.

BOQONNAA TOKKO

1. RAAWWII MURTII HARIIROO HAWAASAA: DHIMMOOTA WALIIGALAA

Seensa

Akkuma seensa waliigalaa keessatti ibsame manni murtii murtii raawwatamuu danda'u murteessuu qofa osoo hin taane, waan murteesse murtiin abbaa idaa dirqisiisuun murtii abbaa mirgaatiif raawwachiisuu qaba. Kunis murtiin mirga kan nama gonfachiisu ta'ullee dirqama raawwiidhaan deggeramuu akka qabu kan agarsiisuudha. Adeemsi raawwiin murtii ittiin hogganamu seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa biyya keenyaa jalatti tumamee jira. Adeemsi kunis iyyata raawwii murtii mana murtii raawwachiisuuf aangoo qabutti dhiheessuu irraa eegalee hanga murtiin raawwatamee galmeen cufamutti kan hammatuudha. Boqonnaa kana keessatti adeemsa raawwii murtii keessaa dhimmoota waliigalaa kanneen akka maalummaa raawwii murtii, galma raawwii murtii, murtii raawwachiisuuf mana murtii aangoo qabu, iyyatni raawwii murtii ulaagaalee akkamii guutee dhihaachuu akka qabu, akkasumas iyyatni raawwii murtii daangaa yeroo hangamii keessatti dhihaachuu akka qabu fi kkf kan keessatti ilaallu ta'a.

Bu'uuruma kanaan leenjii boqonnaa kanaa booda leenjifamtootni:

- Galma raawwii murtii irratti hubannoo qaban gabbifachuun hojii irra oolmaa isaatiif ni hojjetu;
- Murtii raawwachiisuuf manni murtii aangoo qabu isa kam akka ta'e ni hubatu; rakkoo qabatamaan jiru seera waliin xiinxaluun kallatti fuulduraa ni kaa'u;
- Eenyutu iyyata raawwii murtii dhiheessuu danda'a akkasumas iyyatni raawwii murtii eenyu irratti dhihaachuu danda'a kan jedhu addaan ni baafatu, akkasumas hojii irra in oolchu;
- Iyyatni raawwii murtii ulaagaalee akkamii guutee dhihaachuu akka qabu irratti hubannoo qaban ni gabbifatu; rakkoolee qabatamaan ulaagaalee kanaan walqabatanii mul'atan seeraa waliin xiinxaluun kallattii fuulduraa ni kaa'u;
- Himanni raawwii murtii daangaa yeroo hangamii keessatti dhihaachuu akka qabu hubannoo qaban ni gabbifatu; rakkoo tumaa darbinsa yeroon walqabatee qabatamaan mul'atu seericha waliin xiinxaluun ejjennoo hojii hojjechiisuu danda'u ni qabatu jedhameetu eegama.

1.1. Maalummaa Raawwii Murtii

Raawwii murtii jechuun maal jechuudha kan jedhu ilaalchisee seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa biyya keenyaa yeroo ilaallu, keewwata 3 jalatti raawwii murtii (execution of judgment) jechuun maal jechuu akka ta'e hiikoo itti kennuu dhiisee, qaama raawwii murtii geggeessuu danda'an tarreessee jira. Haa ta'u malee, guuboon hiikaa jechootaa adda addaa haala itti aanuun yeroo hiikan mul'ata. Guuboon jechoota "legal dictionary" jedhamu raawwii murtii haala itti aanuun hiikeera:-

"The execution of judgment is the act of getting an officer of the court to take possession of the property of a losing party in a lawsuit, called the judgment debtor, on behalf of the winner, called the judgment creditor, sell it and use the proceeds to pay the judgment."[1]

Hiikoo kana irraa 'raawwii murtii jechuun adeemsa murtiin abbaan mirgaa iyyata mana murtiitti dhiheeffachuun mirga ykn murtii abbaa idaa irratti isaaf murtaa'e harka isaa itti galfatu ykn qabeenya abbaa idaa gurgursiisuun murtii ittiin raawwachiifatu' akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

Guuboon jechoota seeraa hiikuun beekamu(Blacks law Dictionary) immoo raawwii murtii yeroo hiiku,*'execution is the act of carrying out or putting in to effect court order or execution of the courts decree'*[2] jechuun hiikeera. Hiikoo kana irraa raawwii murtii jechuun gocha/adeemsa/ ajajni ykn 'dikiriin' manni murtii kenne bu'aa itti argatu jechuu akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Kitaabni biraan immoo raawwii murtii yeroo hiiku, *'execution may be defined as the process by which a decree is enforced against a person who has failed to comply with its terms'*[3] jedheera. Hiikoo kana irraas raawwii murtii jechuun adeemsa of danda'e ta'ee haala dikirii kennameen abbaan idaa akka raawwatu ajajamee hin raawwatin hafe dirqamee itti raawwatu akka ta'e ni agarsiisa.

Walumaagalatti, hiikoo raawwii murtiif olitti kennaman bakka tokkotti cuunfinee yeroo ilaallu, raawwii murtii jechuun adeemsa ykn sirna of danda'e ta'ee akkaataa dikirii[4] murtaa'een abbaan

[1] . https://definition.Uslegal.com/e/execution-of-judgement
[2] . Bryan A.Garner: Blacks Law Dictionary, Seventh Edition
[3] . Robert Allen sedler: Ethiopian Civil Procedure, page 259
[4]. Jechi "dikirii" jedhu kun moojulii kana keessatti kan itti fayyadamne kan afaan Ingilizii "Decree" jedhuuf yeroodhaaf hiikoo afaan oromoo waan hin arganneef, kallattiidhumaan gara Afaan Oromootti qubee isaa jijjiiruun itti fayyadamneerra.

idaa akka raawwatu ajajamee, hin raawwatin hafe dirqamee ittiin raawwatu ykn adeemsa abbaan mirgaa mirga dikirii keessatti abbaa idaa irratti murtaa'eef harkaan itti gahatu jechuudha. Kunis raawwiin murtii jiraachuu kan danda'u dursee murtiin mana murtiin murtaa'ee mirgaa fi dirqama bitaa fi mirgaa addaan baasee ibsu jiraachuu akka qabu, akkasumas kutaa murtii keessatti immoo 'dikiriin' raawwatamuu danda'u jiraachuu akka qabu nama hubachiisa. Kun immoo haala murtii fi dikiriin ittiin barreeffamu raawwii murtii irratti dhiibbaa guddaa qabaachuu isaa kan agarsiisuudha.

S/d/f/h/h/ biyya keenyaa kwt.181-183 jalatti barreessi murtii hariiroo hawaasaa qabiyyee akkamii qabaachuu akka qabu bal'inaan ibsamee jira. Qabiyyeen kunneenis, seensa, firii dubbii, ijoo dubbii, xiinxala, gudunfaa, fi dikirii(kutaa murtii raawwatamu) qabaachuu akka qabu tumaalee kanneen irraa ni hubatama. Qabiyyee kanneen keessaa moojulii kana keessatti qabxiin murteessaa ta'e 'dikiriin'(kutaa murtii raawwatamu) haala kamiin barreeffamuu akka qabu ilaalchisee kwt.183 jalatti haala dirqii ta'een tumee jira. Kunis, kutaan kun qaama murtii haa ta'u iyyuu malee, of danda'ee, lakkoofsa galmee, maqaa abbaa seeraa, maqaa falmitootaa, seerummaa gaafatame gabaabinaan, waan M/A/Idaa M/A/mirgaatiif raawwatu(ibsama waan raawwatamuu, fknf: daangaa, balina, tilmaama qarshii fi kkf bu'uura kwt.225 tiin), baasii falmii irratti bahee fi qaama baasii kana kaffalu ibsuu akka qabu ni agarsiisa. Haa ta'u malee, qabatama manneen murtii keenyaa yeroo ilaallu, abbootiin seeraa kutaa murtii raawwatamu kana qaamuma murtii keessatti kan barreessanii fi iftoomina kan hin qabne waan ta'eef, hiikoof yeroo saaxilamu mul'ata. Kunis seerichi hojii irra oolaa kan hin jirre ta'uu isaa caalaayyuu galmeen raawwii falmiif saaxilamuun yeroo dheeraaf lafa irra akka harkifatuuf sababa guddaa ta'eera. Akka fakkeenyaatti dhimma itti aanu kana haa ilaallu:-

Dhimma 1ffaa

Dhimmi kun M/M/W/O/Dhaddacha Dhaabbii Bahaatiin galmee lakk.276992 ta'e irratti gaafa 28/10/2010 murtii kan argateedha. Ka'umsi dhimmichaa mana murtii Aanaa Dugdaa yoo ta'u, d/kennituun ammaa ol-iyyattootni lafa km^2 2452 qaban keessaa mana kutaa tokko lafa km^2 400 irratti argamu natti gurguranii naaf dabarsuu didan jechuun waliigalteen akka raawwatamuuf galmee haadhoo lakk.19290 ta'e irratti kan himate yoo ta'u, manni murtii aanaas waliigalteen jiraachuu isaa mirkaneessee ol-iyyattootni mana kutaa tokko lafa km2 400 irra qubatee jiru akka gadi lakkisaniif murteesseera. D/kennituun ammaa galmee raawwii lakk.19702 ta'e irratti

murtiin akka raawwatamuuf iyyata kan dhiheeffatte yoo ta'u, manni murtii aanaas yeroo adda addaatti murtiin kun akka raawwatamu ajajaa kan ture yoo ta'u, ol-iyyattootni dheerinnii fi dalgeen lafichaa meetira 6.8x58.22 jechuun kan falman yoo ta'u, deebi kennituun immoo meetira 17x23 jechuun waan falmiteef, manni murtii raawwachiisuu irratti rakkachaa erga turee booda bulchiinsi magaalaa namoota yeroo waliigalteen bittaa fi gurgurtaa raawwatame jiran waliin akka raawwachiisu ajajeera. Bulchiinsi magaalaa bakka ol-iyyattootni ammaa hin jirretti namoota waliigaltee irra jiran ragaa dhagahuun lafa manni irra jiru meetira 17x23 dha jechuun raawwachiisanii gabaasa mana murtiif dhiheessaniiru. Manni murtiis ***gaafa 22/6/2009 - 27/10/2009 tti beellama 14*** booda murtiin raawwatamuu ibsuun galmee cufeera. Ol-iyyattootni ammaa mana murtii aanaatti haalli raawwiin itti geggeeffame sirrii miti; deebi kennituuf manni kutaa tokko raawwatamuufii osoo qabuu mana kutaa lamaa fi galma guddaa tokko itti dabalamee waan raawwatameef sirrii miti jechuun iyyata kan dhiheeffatan yoo ta'u, manni murtii aanichaa iyyata kana kufaa godheera. Ol-iyyattootni ammaa kun iyyata kana irratti mana murtii olaanaa godina Shawaa Bahaatti ol-iyyannoo kan dhiheeffatan yoo ta'u, manni murtii olaanaas dhimmicha ilaalaa turee ajaja jalaa diiguun manni murtii aanaa dhimmicha irra deebiin qulqulleessee haa raawwachiisu jechuun gadi deebiseera. Ol-iyyattootni kun ammas dhimmi kun ragaan qulqullaa'ee haa raawwatamu jechuun murtii mana murtii olaanaa komachuun M/M/W/O/Dhaddacha Dhaabbii Bahaatiif komii kan dhiheeffatan yoo ta'u, manni murtichaa murtii M/M/Olaanaa cimseera.

Dhimma kana irraa, manni murtii murtii kennuun dura dhimmoota qulqullaa'u qaban hunda qulqulleeffatee haala ifaa fi falmisiisaa hin taaneen waan raawwatamuu qabu murtii isaa keessatti hin ibsine yoo ta'e, galmee raawwii irratti falmii kan biroo kan kaasuu fi sababa kanaanis raawwiin yeroo dheeraaf lafarra harkifatee kaayyoo seera deemsa falmii irratti gufuu ta'uu akka danda'u ni hubatama. Kunis raawwii murtii irratti haalli murtiin ittiin barreeffamu dhiibbaa guddaa qabaachuu isaa agarsiisa.

Gaaffiilee Marii

1. Garaagarummaan 'murtii' fi 'dikirii' maaliidha? s/d/f/h/h/ kwt.3 waliin ilaaluun mari'adhaa.

2. Murtiin hariiroo hawaasaa tokko qabiyyee akkamii of keessatti hammachuu qaba jettanii yaaddu? s/d/f/h/h/ kwt. 181-183 irraa maal hubanna? Qabatamni jiru maal fakkaata? muuxannoo qabdan kaasuun irratti mari'adhaa.
3. Dikiriin tokko qabiyyee akkamii qabatee barreeffamuu qaba jettu? s/d/f/h/h/ kwt. 183 irraa maaltu hubatama?
4. S/d/f/h/h/ kwt.183 jalatti gaaleen *"...after delivery..."* jedhu 'dikiriin' qofaatti barreeffamuu akka qabu kan agarsiisuudhamoo, murtiidhuma keessatti kan barreeffamu ta'uu isaa agarsiisa? Qabatamni jiru maal fakkaata? Muuxannoo qabdan kaasuun irratti mari'adhaa.
5. Murtiin mana murtiin kennamu hundinuu raawwii barbaadu jettanii yaadduu? Maaliif? Fakkeenya kaasuun irratti mari'aadha.
6. Manni murtii murtii ulaagaan hin guutne ofitti fuudhee raawwachiisuuf dirqama qaba jettanii yaadduu? Maaliif? Dirqama qaba kan jennu yoo ta'e, murticha raawwachiisuun kan hin danda'amne yoo ta'e falli isaa maali?

1.2. Kaayyoo Raawwii Murtii

Kaayyoo raawwii murtii ilaaluun dura kaayyoon seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa maal akka ta'e ilaaluun gaariidha. Seera deemsa falmii jechuun mirgoota , dirqamoota, akkasumas faayidaawwan namni tokko qabu kanneen seerota muummeetiin tumaman tooftaa(mala) hojiirra ittiin oolchan kan tumuudha.[5] Kunis seerotni muummee mirgaa fi dirqama kan tuman yoo ta'u, seerri deemsa falmii immoo adeemsa mirgaa fi dirqamoonni kunneen hojiirra ittiin oolan kan tumu ta'uu isaa agarsiisa. Kaayyoon seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa ifaan seera deemsa falmii jalatti tumamuu baatus, ibsa seera kana irratti ogeessota seeraan barreeffame, akkasumas yaada waliigalaa seerichaa irraa kaayyoon isaa inni guddaan dhimmoonni ykn falmiin mana murtiitti dhihaatu tokko haala madaalawaa ta'een yeroo gabaabaa keessatti baasii xiqqaan murtii haqa qabeessa ta'e akka argatu taasisuudha.[6] Qabxii kana irraa kaayyoon seera deemsa falmii adeemsa mirgaa fi dirqamni seera muummeetiin tumaman hojiirra ittiin oolan qofa osoo hin taane, haala mirgoonnii fi dirqamoonni kun hojiirra ittiin oolan kan of keessatti qabate ta'uu isaa

[5] . Robert Allen sedler: Ethiopian Civil Procedure, page 1
[6] . Robert Allen sedler: Ethiopian Civil Procedure, page 2

hubachuun ni danda'ama. Haalonni kunis madaalamummaa falmii, yeroo gabaabaa, baasii xiqqaa fi haqa qabeessummaa murtii akka ta'an ni huabatama.

Akkuma mata duree olii jalatti ibsame, murtiin mana murtiin kenname hin jiru yoo ta'e raawwiin murtii jiraachuu hin danda'u. Kun immoo raawwiin murtii qaama murtii ta'uu isaa mul'isa. Kanaaf, kaayyoon raawwii murtii kaayyoo seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa waliin garaagarummaa hin qabu. Kaayyoon isaa mirgi abbaa mirgaatiif murtaa'e haala salphaa ta'een yeroo gabaabaa keessatti, akkasumas baasii xiqqaan harka abbaa mirgaa akka ga'u taasisuun olaantummaa seeraa mirkaneessuudha.

1.3. Aangoo Murtii Raawwachiisuu

Aangoon murtii raawwachiisuu aangoo mana murtii keessaa isa tokko yoo ta'u, aangoo mana murtii jechuun immoo aangoo falmii dhagahanii murtii dirqisiisaa ta'e akka kennaniif mana murtii fi abbootii seeraatiif kennameedha. Namni mirgi koo tuqame jedhu tokko mirga isaa kana mana murtiitti dhiheessee kabachiifachuuf dursee mana murtii dhimma isaa ilaalee murteessuuf aangoo qabu adda baafatee beekuu qaba. Murtii tokko raawwachiisuuf aangoo kan qabu mana murtii murticha kenne ykn mana murtii akka raawwachiisuuf bakka buufame akka ta'e seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa kwt.371(1) jalatti ifaan tumameera. Manni murtii murtii kenne isa kam? kan akka raawwatuuf bakka buufame immoo isa kam kan jedhu kutaa itti aanan jalatti gabaabinaan kan ilaallu ta'a.

1.3.1. Mana Murtii Murtii kenne

Akkuma olitti ibsame manni murtii aangoo murtii raawwachiisuu qabu inni jalqabaa mana murtii murticha kenne akka ta'e s/d/f/h/h kwt.371(1) jalatti tumamee jira. Haa ta'u malee, manni murtii murtii kenne kun isa kam kan jedhu ilaalchisee seericha irratti ifaan wanti tumame hin jiru. Irra keessa yeroo ilaallu, mana murtii murtii kenne jechuun manuma murtii murtii sana murteesse jechuun ni danda'ama. Garuu yeroo hundumaa kana ta'uu akka hin dandeenye immoo haalonni adda addaa yeroo uumaman ni mul'atu. Keessattuu, murtiiwwan aangoo ol-iyyannootiin kennaman ilaalchisee manni murtii kun murtii mana murtii jalaatiin kenname cimsuu, fooyyessuu ykn diiguu akka danda'u seera deemsaatiin aangeffameera. Haalli akkasii yeroo uumamu, manni murtii murtii kenne kan sadarkaa ol-iyyannootti murteesseedhamoo, mana

murtii aangoo sadarkaa duraatiin dhimmicha ilaalee murteesseedha kan jedhu ilaalchisee qabatamaan rakkoo yeroo uumutu mul'ata.

Gama biraatiin, Seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa kwt.183(f) jalatti manni murtii ol-iyyannoo dhagahu raawwii murtii ilaalchisee ajaja akkamii kennuu akka danda'u aangoo bal'isee kenneefii jira. Kunis manni murtii ol-iyyannoo raawwii murtii ilaalchisee manni murtii sadarkaa duraa murticha hordofee akka raawwachiisu qajeelfama kennuu ykn murticha akka raawwachiisuuf mana murtii sadarkaa jalqabaan dhimmicha ilaaleef bakka bu'insa kennuu akka danda'u ibsa. Kun immoo manni murtii ol-iyyannoon murtii kenne haala raawwii murtii isaa ilaalchisee mana murtii sadarkaa jalqabaan dhimmicha ilaaleef qajeelfama kan hin kennine ykn bakka bu'insa kan hin kennine yoo ta'e, murtiin abbaan mirgaa mana murtii isa kamitti galmee raawwii saaqata kan jedhu gaaffii kan kaasuudha. Qabatama manneen murtii keenya keessa jirus yeroo ilaallu, hojimaanni adda addaa kan jiru ta'uu isaa mul'isa. Fakkeenyaaf, abbootiin seeraa tokko tokko murtii manneen murtii jalaa fooyyessanii ykn diiganii waa'ee haala raawwii isaa mana murtii jalaaf qajeelfama osoo hin kennin ykn bakka osoo hin buusin yeroo bira darban ni mul'ata. Abbootii seeraa kanneen biroon immoo murtii jalaa cimsuun, fooyyessuun ykn diiguun manni murtii jalaa akkaataa murtichaatti hordofee akka raawwachiisu ajaja yeroo kennan ni mul'ata. Garaagarummaan kunis kan dhufe iftoomina dhabuu tumaa seerichaa irraa akka ta'e hubachuun nama hin dhibu. Dhimma kana irratti madda seera deemsa falmii keenyaa kan ta'e seera deemsa falmii siivilii biyya Hindii yeroo ilaallu, S.37 jalatti maalummaa mana murtii murtii kennee haala itti aanuun ibseera: *the expression "court which passed decree" includes:*[7]

a) *The court of first instance which actually passed the decrees;*
b) *The court of first instance in the case of appellate decrees;*
c) *Where the court of first instance has ceased to exist, the court which would have jurisdiction to try the suit at the time of execution;*
d) *Where the court of first instance has ceased to have jurisdiction to excute the decree, the court which at the time of execution would have had jurisdiction to try the suit'* jechuun ibseera.

Haala kanaan manni murtii murtii kenne manneen murtii armaan gadii ta'uu danda'u:-

[7] . Misgaanuu Mul'ataa: Moojulii Raawwii Murtii Leenjii Hojii irraa Yeroo Gabaabaatiif Qophaa'e, bara 2004 ILQSO fuula 15

a. Mana murtii sadarkaa duraan dhimmicha ilaalee murticha kennee;
b. Murtichi aangoo ol-iyyannootiin kan kenname yoo ta'ellee mana murtii sadarkaa duraatiin dhimmicha ilaalee murtii kennee;
c. Manni murtii sadarkaa duraa kan haqame yoo ta'e, mana murtii dhimmicha keessummeessuuf yeroo gaaffiin raawwii dhiyaatu aangoo qabu,
d. Manni murtii sadarkaa duraa murticha raawwachiisuuf aangoo kan dhabe yoo ta'e, osoo yeroo gaaffiin raawwii dhiyaatetti dhimmichi ilaalama ta'ee mana murtii dhimmicha ilaaluuf aangoo qabu akka ta'eedha.

Kunis murtiin mana murtii sadarkaa duraan kenname mana murtii ol-iyyannoo dhagahuun kan diigame ykn fooyya'e yoo ta'e illee, manni murtii sadarkaa duraa murtii aangoo ol-iyyannootiin kenname kana akka ofiin kennetti fudhachuun raawwachiisuu akka qabu kan agarsiisuudha. Sababni isaas, manni murtii sadarkaa duraa jalqabayyuu dhimmicha ilaalee kan murteesse waan ta'eef, murtii sadarkaa ol-iyyannootti murticha irratti kenname raawwachiisuu kan isa dandeessisuudha jedhamee waan fudhatamuufiidha. Kaayyoon isaa inni guddaanis, manni murtii sadarkaa duraan dhimmicha ilaalee murteesse qabatamaan walfalmitootatti dhihoo kan jiruu fi qabeenyi raawwiin irratti geggeeffamullee achumatti kan argamu waan ta'eef, aangoo kana yoo argate dhaqqabamummaa tajaajila haqaa waan mirkaneessuufiidha. Dhaqqabamummaa mirkaneessuun immoo kaayyoo seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa keessaa isa tokko waan ta'eef, aangoo kana mana murtii sadarkaa duraatiif kennuun bu'uura seeraa kan qabuudha.

Gama kanaan seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa biyya keenyaa yeroo ilaallu, haala kan biyya Hindiitiin ifaan manni murtii murtii kenne isa kam akka ta'e kallattiin tumee jira jechuun hin danda'amu. Haa ta'u malee, seera kana kwt.183(1)(f) yeroo ilaallu, murtiin mana murtii ol-iyyannoo dhagahuun kan kenname yoo ta'e, manni murtichaa akkaataa murtichi itti raawwatu qajeelfama kennuu ykn manni murtii sadarkaa duraa dhimmicha ilaalee murteesse akkaataa murtichaatti akka raawwachiisuuf deebisee gadi erga jechuun tumee jira. Carraan kunis mudachuu kan danda'u manni murtii ol-iyyannoo murtii mana murtii jalaa diiguun murtii biraa kan kenne ykn murtii jalaa kan fooyyesse yoo ta'eedha. Murtii mana murtii jalaa kan cimse yoo ta'e, raawwachiisuuf kan aangoo qabu mana murtii jalqaba murtii kenneedha. Qabatama manneen murtii keenya keessa jiru yeroo ilaallu, manneen murtii ol-iyyannoo murtii mana murtii jalaa diiguun ykn fooyyessuun kan murteessan yoo ta'ellee, darbee darbee haala raawwii isaa

ilaalchisee bu'uura seerichaatiin qajeelfama ykn bakka bu'insa yoo kennan hin mul'atu. Manneen murtii sadarkaa duraan dhimmicha irratti murtii kennanis murtii ol-iyyannoodhaan diigamee ykn fooyya'ee deebi'u qajeelfama ykn bakka bu'insa malee yeroo raawwachiisan mul'ata. Kanneen biroon immoo manni murtii ol-iyyannoon murticha murteesse siif haa raawwatu jechuun galmee yeroo cufanis darbee darbee kan jiruudha. Hojimaata kana keessaa isa kamtu kaayyoo seera deemsa falmii waliin deema kan jedhu ilaalchisee leenjifamtootni mariin kan gabbisan ta'a.

Dhimma 2ffaa

Dhimmi kun Mana Murtii Waliigala Oromiyaatiin galmee lak.122331 ta'e irratti ilaalamee murtii kan argateedha. Ka'umsi dhimmichaa mana murtii Aanaa Cinaaksan yoo ta'u ol-iyyataan ammaa kun d/kennaa waliin koree hawaasummaa gandaa irratti bara 1997 qabiyyee lafaa irratti falmii geggeessaa turanii gaafa 26/11/97 lafti falmii kaasee kan iyyataa ta'uu isaa murteeseera. Ol-iyyataan amma murtiin koree hawaasummaan kennameef kun akka raawwatamuuf gaafa 07-08-2003 iyyannoo raawwii mana murtii Aanaa Cinaaksanitti dhiheeffate. Manni murtichaas iyyannoo dhihaate keessummeessee akka murtichaatti abbaan idaa akka gadi lakkisu ajaje. D/kennaan ammaa ajaja kana komatee Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Bahaatti ol-iyyannoo kan dhiheeffate yoo ta'u, manni murtichaas …*murtichi ifa miti, ulaagaa seeraas hin guunne*... jechuun murtii jalaa diigee, hin raawwatamu jechuun murteesse. Manni murtii waliigala Oromiyaa komiin Ol-iyyannoo dhiyaateefis ijoo *himanni raawwii eessatti dhihaachuu qaba* jedhu qabatee xiinxala taasiseen …*manni murtii aanaa dhimma ofiin hin murteessin ykn mana murtii hawwaasummaa gandaatiin akka raawwachiisuuf osoo hin ajajamin murtii koreen hawwaasummaa Gandaa murteesse ofitti fudhatee raawwachiisuuf aangoo hin qabu. Manni murtii Ol'aanaas kana sirreessuu osoo qabuu ijoo irratti hundaa'ee murtiin kenne sirrii miti*… jechuun diigeera.

Gaaffiilee Marii

1. Dhimma dhihaate kana irratti Murtii manneen murtii sadarkaa adda addaatiin kenname akkamitti madaaltu?
2. Naannoo Oromiyaa keessatti manneen murtii hawwaasummaa gandaa bu'uura labsii lafa baadiyyaa Oromiyaa lakk.56/1994 tiin falmii lafa baadiyyaa ilaalanii murteessaa

turaniiru. Haa ta'u malee, labsiin lakk. 56/94 labsii lakk.130/99 tiin erga haqamee booda aangoon falmii lafaa ilaalanii murteessuu mana murtii hawwaasummaa gandaa irraa fudhatamee mana murtii aanaatiif kennamee jira. Bara 1999 dura murtiin manni murtii hawwaasummaa gandaa qabiyyee lafaan walqabatee kenne sababoota adda addaatiin utuu hin raawwatamin turee iyyatni raawwii bara 1999 booda mana murtii aanaa irratti yoo dhihaate, manni murtii aanaa ilaaluuf aangoo hin qabu jechuu danda'aa? Ilaaluuf aangoo hin qabu yoo ta'e, murtiin abbaan mirgaa fala maalii qaba jettanii yaaddu?

3. Ciroon ***"mana murtii murtii kennee"*** jedhu haala kamiin hikamuu qaba jettu? Akka biyyaa Hindiitti baldhatee hiikamuu qabamoo? akka murtii olitti dhihaatee kanaatti dhiphatee hiikamuu qaba jettu? Maaliif? Kallattiin fuula duraa maal ta'uu qaba jettu?
4. Murtii aangoo ol-iyyannootiin kennaman manni murtii ol-iyyannoo haala raawwii ilaalchisee qajeelfama ykn bakka bu'insa mana murtii jalaatiif osoo hin kennin manni murtii jalaa raawwachiisuun isaa sirriidha jettuu? Maaliif? Hojimaatni naannoo kanatti jiru maal fakkaata?

1.3.2. Mana murtii aangoon raawwachiisuu bakka bu'ummaan kennameef

Akka qajeeltoo waliigalaatti, manni murtii murtii raawwachiisuuf aangoo qabu mana murtii murticha kenne akka ta'e armaan olitti ilaalleerra. Haa ta'u malee, haala addaatiin akkuma s.d.f.h.h. kwt.371(1) irraa hubachuun danda'amu manni murtii biraan dhimmicha ilaalee hin murteessine garuu mana murtii murticha kenneen bakka bu'ummaan kan kennameef yoo ta'e, aangoo murtii raawwachiisuu qabaachuu danda'a. Kunis aangoo tooraa mana murtii waliin kan walqabatuu fi kaayyoon isaa inni guddaanis walfalmitootni tajaajila dhaqqabamaa ta'e mana murtii irraa akka argatan yaadamee ta'uu isaa afuura seerichaa irraa kan hubatamuudha.

Seerri deemsa falmii hariiroo hawaasaa adeemsa murtii manni murtii tokko kenne bakka bu'ummaadhaan mana murtii kan biraatiin raawwatamu s.d.f.h.h.kwt.372-377 jalatti tumee jira. Bu'uurama kanaan, manni murtii murtii kenne raawwii akka geggeessuuf mana murtii kan biraa bakka buusuu kan danda'u gaaffii abbaa mirgaatiin ykn kaka'umsa mataa isaatiin akka ta'ee fi bu'uura foormii gabatee 4^{ffaa}tiin raawwatamuu akka qabu kwt.372(1) jalatti tumameera. Manni murtichaa bakka bu'insa kana yeroo ergus galagalcha dikirii fi waraqaa ragaa raawwiin abbaan idaa waan itti murtaa'e kan hin raawwanne ta'uu isaa agarsiisu waliin erguufii akka qabu kwt.373 jalatti tumamee jira. Kunis manni murtii murtii kenne mana murtii kan biraan murtii akka raawwachiisuuf bakka kan buusu ofii isaatii raawwachiisuuf aangoo tooraan walqabatee rakkoon yeroo isa mudatu ta'uu isaa agarsiisa. Sababoota manni murtii murtii kenne manni murtii kan biraan akka raawwachiisuuf bakka bu'insa kennu kwt.372(1)(a-d)) jalatti tarreeffamanii jiru. Isaanis:- abbaan idaa kan jiraatu ykn daldala kan geggeessu ykn jiruu fi jireenyi isaa aangoo tooraa mana murtii murtii akka raawwachiisuuf bakka buufamee keessa yoo ta'e, qabeenyi abbaa idaa raawwiin irratti geggeeffamuu danda'u aangoo tooraa mana murtii murtii akka raawwatuuf bakka buufame keessatti kan argamu yoo ta'e, dikiriin kenname qabeenyi hin sochoone aangoo tooraa mana murtii bakka buufamee keessatti kan argamu akka gurguramee idaan kaffalamu jedhame yoo ta'e fi sababa gahaa kan biroon yoo jiraatan manni murtii murtii kenne bakka bu'insa kennuu akka danda'uudha.

Walumaagalatti sababoota kana yeroo ilaallu, dhimma aangoo tooraan walqabatu yoo ta'u kaayyoon isaa inni guddaanis abbootii dhimmaaf haala mijataa uumuu fi dhaqqabamummaa tajaajila haqaa mirkaneessuu akka ta'e hubachuun barbaachisaadha.

Qabxiin biraan asitti ka'uu qabu, manni murtii bakka bu'insi raawwii kennameef aangoo akkamii qaba kan jedhuudha. Manni murtii murtii akka raawwachiisuuf bakka buufame murticha raawwachiisuu keessatti aangoo mana murtii murtii kennee kan qabu akka ta'e kwt.374(1) jalatti ibsameera. Kunis murtichi mana murtii kan biraan kan kenname yoo ta'ellee, manni murtii bakka buufame akka waan ofii isaatii kenneetti fudhatee kan raawwachiisu ta'uu isaa agarsiisa. Kun immoo manni murtii murtii akka raawwatuuf ergameef seera qabeessummaa murtii kennamee qorachuu danda'amoo waanuma itti ergameef qofa dirqama raawwachiisuu qaba gaaffii jedhu kaasuun isaa hin oolu. Qabxii kanaan walqabatee, madda seera deemsa biyyaa keenyaa kan ta'e seerri deemsa falmii hariiroo hawaasaa biyya Hindii yeroo ilaallu, manni murtii dhimmicha irratti murtii kenne aangoo hundee dubbii ykn aangoo biyyoolessaa osoo hin qabaatin murtii kan kenne yoo ta'e, akkasumas murtichi waliigalteen seeraan alaa akka raawwatamu kan ajaju yoo ta'e, manni murtii murtii akka raawwachiisuuf bakka buufame raawwachiisuu diduu akka danda'u aangesseera.[8] Aangoo tooraan walqabatee garuu mormiin walfalmitoota irraa hin dhihaanne yoo ta'e, haala addaatiin haqa kan jallisu yoo ta'e malee akka waan himatamaan mirga isaa dhiiseetti waan lakka'amuuf, manni murtii murtii kenne aangoo tooraa kan hin qabne yoo ta'ellee, manni murtii murtii raawwachiisuuf bakka buufame kana bu'uura godhatee murtii raawwachiisuu diduu akka hin dandeenye tumee jira.[9] Ibsa olii kana irraa akka hubatamutti, biyya Hindiitti manni murtii murtii raawwachiisuuf bakka buufame murticha hin raawwachiisu jedhee diduu kan danda'u, manni murtii murtii kenne dhimmicha ilaalee murteessuuf aangoo biyyoolessaa fi aangoo hundee dubbii kan hin qabne yoo ta'e, akkasumas murtichi faallaa seeraa yoo ta'e qofa akka ta'e ni hubatama.

Gara seera deemsa falmii keenyaatti deebinee yeroo ilaallu, manni murtii murtii raawwachiisu seera qabeessummaa murtii raawwatamuuf ergamee ilaaluu qabamoo hin qabu qabxii jedhu ilaalchisee deebii kenne hin qabu. Kanuma irraa ka'uun ogeessonni seeraa ejjennoo adda addaa yeroo calaqqisiisan mul'ata. Ogeessonni tokko tokko manni murtii murtii kenne dhimma sana ilaalee murteessuuf aangoo hin qabu yoo ta'e, manni murtii murtii raawwachiisu murtii seeraan alaa kana fuudhee raawwachiisuuf aangoo waan hin qabneef raawwachiisuu diduu danda'a jechuun falmu.[10] Ogeessonni biroon immoo, manni murtii murtii raawwachiisu akka murtichaatti

[8] . Robert Allen sedler: Ethiopian Civil Procedure, page 261
[9] . Robert Allen sedler: Ethiopian Civil Procedure, page 261
[10] . Robert Allen sedler: Ethiopian Civil Procedure, page 261

raawwachiisuu malee mormii murtichi seera qabeessa miti jedhu keessummeessee murtii kennuuf aangoo hin qabu. Dirqamni mana murtii murtii raawwachiisuu murticha galmaan gahuudha. Murtichi hanga hin diigamnetti ykn hin fooyyofnetti garee murtiin kenname giddutti ykn qabeenya irratti kenname ilaalchisee dirqisiisaa ta'ee kan itti fufu waan ta'eef seera qabeessummaa isaa ilaaluu hin qabu jechuun falmu.[11] Qabxii kana leenjifamtootni mariin kan gabbisan ta'a.

Gaaffiilee Marii

1. Murtiin kenname faallaa seeraati jechuun manni murtii murtii akka raawwachiisuuf bakka buufame hin raawwachiisu jechuu danda'a jettanii yaadduu? Maaliif? Ejjennoo lamaan olitti ibsaman keessaa isa kamtu dhama qabeessa jettu? s/d/f/h/h// kwt.212 irraa maaltu hubatama? Qabatamni jiru maal fakkaata?
2. Manni murtii murtii akka raawwachiisuuf bakka buufame murtii akka raawwachiisuuf ergameef, jijjiiruu, fooyyessuu ykn itti dabaluu ni danda'a jettanii yaadduu? Maaliif? Qabxiileen murticha keessatti ibsaman ifaa miti yoo ta'an haala inni hiikee itti raawwachiisu jira jettanii yaadduu? Maaliif?
3. Manni murtii murtii akka raawwachiisuuf bakka buufame manni murtii kan biraan murticha akka raawwachiisuuf bakka buusuu danda'a jettanii yaadduu? Maaliif?

Gama biraan ajaja manni murtii murtii akka raawwachiisuuf bakka buufame kennu irratti gareen komii qabu mana murtii isa kamitti ol-iyyannoo fudhata kan jedhuudha. Dhimma kana ilaalchisee kwt.374(1) irraa akka hubatamutti, aangoon manni murtii murtii akka raawwachiisuuf bakka buufame raawwii irratti qabu aangoo mana murtii murtii kenneen qixa akka ta'ee tumameera. Tumaan kun manneen murtii sadarkaa walfakkaataa irratti argaman qofa irratti raawwatamummaa qabamoo? Manneen murtii sadarkaa adda addaa irratti argaman irratti raawwii qaba kan jedhu gaaffii kan uumuudha. Kunis manni murtii murtii raawwachiisuuf bakka buufame mana murtii murtii kenne waliin aangoo walqixa qaba kan jedhu irraa kan madduudha. Gama biraan immoo caaseffama sirna federaaliizii amma hojii irra jiru keessatti manneen murtii federaalaa manneen murtii naannoo, akkasumas manneen murtii naannoo manneen murtii

[11] . Misgaanuu Mul'ataa: Moojulii Raawwii Murtii Leenjii Hojii irraa Yeroo Gabaabaatiif Qophaa'e, bara 2004 ILQSO fuula 17

federaalaa fi manneen murtii naannoo biroo murtii akka raawwachiisan bakka kan wal buusan yoo ta'e, komiin ajaja raawwii irratti dhihaatu ol-iyyannoon isaa mana murtii isa kamitti dhihaata kan jedhu ilaalchisee gaaffii kan kaasuudha. Seerri deemsaa keenya dhimma kanaaf deebii hin kennine. Seerichi yeroo caaseffamni manneen murtii biyya kana tokko qofa ture kan bahe waan ta'eef, deebii kennuu qaba ture jedhamees hin yaadamu. Haa ta'u malee, hojimaata keessatti carraan akkasii waan mudatuuf haala kamiin dhimmoota akkasii keessummeessina dhimmi jedhu xiyyeeffannoo addaa kan barbaaduudha. Fakkeenyaaf, bu'uura labsii 25/88 kwt.35(1)tiin manneen murtii naannoolee sadarkaan jiran hunduu murtii mana murtii federaalaatiin kenname raawwachiisuuf dirqama akka qabanitti tumee jira. Haala kanaan tumuun isaa hangam bu'uura heeraa qaba inni jedhu akkuma jirutti ta'ee, qabatamaan manneen murtii federaalaa dhimmoota adda addaa irratti erga murtii kennanii booda manneen murtii naannoo akka raawwachiisan yeroo ajajan kan mul'atuudha. Akkasumas manneen murtii mootummaa naannoo tokkoo manni murtii mootummaa naannoo biroo keessa jiru akka raawwachiisu murtii yeroo ergan jiraachuun isaa hin oolu. Komiin ol-iyyannoo ajaja raawwii manni murtii murtii akka raawwachiisuuf bakka buufame kennu irratti ka'u mana murtii isa kamitti dhihaata kan jedhu irratti seerichi waan jedhu hin qabu. Sababa kanaan manneen murtii keenya ejjennoo adda addaa qabatanii yeroo hojjetan mul'ata. Fakkeenyaaf dhimma qabatamaa armaan gadii kana haa ilaallu:

Dhimma 3[ffaa12]

Dhimmi kun M/M/W/O fi dhaddacha Ijibbaataa M/M/W/O tiin murtii kan argateedha. Ka'umsi dhimmichaas manni murtii sadarkaa duraa Federaalaa dhimmicha ilaalee murtii erga kennee booda manni murtii Aanaa Jimmaa bakka bu'ee akka raawwachiisuuf bu'uura s.d.f.s kwt.372(1(c))tiin ajajeera. Manni murtii Aanaa Jimmaa galmee raawwii ilaalee ajaja kenneen mormii murtiin abbaa idaa kuffiseera. Murtiin abbaan idaa ajaja kana komachuun mana murtii waliigala Oromiyaatti ol-iyyannoo kan dhiheeffate yoo ta'u, manni murtichaa dhimmicha ilaalee xiinxala taasiseen *"Mana murtii Aanaa Jimmaa kan bakka buuse mana murtii sadarkaa duraa federaalaa waan ta'eef bu'uura kwt.374(1)tiin ajajni inni kennu mana murtii isa bakka buuseen walqixa waan ta'eef, ol-iyyaannoo achi irraa dhihaatu kan ilaaluu qabu mana murtii ol'aanaa*

[12].Dhimmi kun mata duree kana irratti yaada barbaadame dabarsuuf barbaachisaa ta'ee waan argameef haala moojulii kanaaf mijatuun, Moojulii Leenjii Hojii irraa Yeroo Gabaabaa: Mata dree: Raawwii Murtii jedhu Obbo Misgaanuu Mul'ataan IlQSO tti qophaa'e fuula 18-19 irraa kan fudhatameedha.

Federaalaati. Sababni isaas, manni murtii sadarkaa duraa bakka bu'ummaa kennuun isaa M/M/O/F bakka buuseera nama hin jechisiisu. Lammaffaa, bu'uura HFDRI kwt.80(5)tiin MMWO dhimmaa Federaalaa ol-iyyannoon kan ilaalu dursee manni murtii Ol'aanaa Oromiyaa bu'uura HFDRI kwt.80(4)tiin ilaalee yoo murteesseedha jechuun ol-iyyannoo dhihaate ilaaluuf aangoo hin qabu jechuun murteesse."

Dhaddachi ijibbaataa Oromiyaa komiin itti dhiyaates sagalee caalmaan *" kwt. 374(1) waraabbiin afaan Amaaraa hiikkoo lama qaba. Gama tokkoon aangoon walqixa murtii raawwachiisuu akka jiru ilaallata. Gama biroon manneen murtii lameenuu aangoo ol'iyyannoo walqixa akka qaban agarsiisa. Kun immoo manni murtii raawwii qabate ajaja ofii kenne irratti aangoo ol'iyyannoo waan qabu fakkeessa. Waraabbiin afaan Ingilizii ajaja manni murtii raawwii qabate kennu ol'iyyannoon ilaaluuf aangoo kan qabu mana murtii idileedhaan murtii mana murtii sanaa ol'iyyannoon ilaaluuf aangoo qabu akka ta'e tumameera. Kun immoo s.d.f.s biyya Hindii " Rule 42" waliin tokko dha. Waraabbiin afaan amaaraa ol'aantummaa qabaatus, madda seerichaa fi muuxannoo biyya biraa yeroo ilaallu, waraabbii kana hordofuun hiikoo jufunfula(absurd) ta'a. S/d/f/h/h/ gaafa bahu caaseffamni federaalawaa yaada keessa hin galle. Kanaaf, dhimma amma ilaalchisee Heera FDRI kwt. 80(4) fi (5) osoo hin ta'in raawwatinsa kan qabu kwt. 372(1) dha. Aangoon murtii bu'uuraa murteessuu kan federalaa ta'us, raawwiin murtichaa bakka bu'ummaan mana murtii Naannootti yeroo kenname irraa eegalee dhimmichi kan naannoo waan ta'uuf, ol'iyyanni kan dhihaatu mana murtii naannoo aangoo qabutti malee mana murtii federaalaati miti. Kanaafuu, dhimma kanaan aangoo ol'iyyata ilaaluu kan qabu Mana Murtii Waliigala Oromiyaa osoo hin taane, Mana Murtii ol'aanaa godina Jimmaati jechuun* murtii jalaa fooyyeesseera.

Sagaleen xiqqaan immoo *tumaa kwt.chaa xiqqaa 2 irratti hundaa'uun sababa bakka bu'insaatiin dhimmichi kan federaalaa ta'uun hin hafu. Manni murtii sadarkaa duraa federaalaa aangoo ol'iyyannoo dhagahuu mana murtii Ol'aanaa federaalaa bakka bu'insaan kenneera nama hin jechisiisu. Kanaaf, ol iyyanni M/M/O/F tti dhihaachuu qaba jechuun yaada addaa qabateera*.

Gaaffiilee Marii

1. Murtii manneen murtii sadarkaa addan addaan kennaman kanneen akkamitti ilaaltu?
2. Manneen murtii naannoo tokko keessa jiranii fi sadarkaa adda addaa irratti argaman raawwii murtii bakka wal buusuu danda'u jettanii yaadduu? Maaliif? Bakka wal buusuu ni danda'u jettu yoo ta'e komiin ol-iyyannoo ajaja raawwii irratti dhihaatu mana murtii isa kamitti dhihaachuu qaba jettu? Fakkeenyaaf, manni murtii olaanaa tokko mana murtii aanaa isa jala jiruuf murtii akka raawwachiisu bakka bu'insa kan kenne yoo ta'e komiin ajaja raawwii irratti ka'u mana murtii olaanaa bakka bu'insa kenne irratti dhihaatamoo? Mana murtii waliigalatti dhihaata? S/D/F/H/H/ kwt.374(1) jalatti qixa kan ilaalamu aangoo raawwiitimoo? Aangoo hundee dubbii irratti ol-iyyannoon murtii kennuuti?
3. S/D/F/H/H kwt.374(1) tumaa afaan Amaaraa fi Inglizii gidduu garaagarummaan jira jettanii yaadduu? Garaagarummaan kan jiru yoo ta'e, isa kamtu dhama qabeessa jettu?
4. Seera baastuun kwt.372 yeroo tumu caaseffama federaaliizimii yeroo ammaa kana hojii irra jiru yaada keessa hin galchine. Tumaa kana haala qabatama amma jiru kanaan akamitti hojii irra oolchuu dandeenya jettu?

Qabxii biraan asitti ka'u, manni murtii raawwii raawwachiisuuf bakka buufame dhimmoota akkamii ilaalee murteessa kan jedhuudha. Qabxii kana ilaalchisee kwt.375 irraa akka hubatamutti, raawwii murtichaan walqabatee dhimmoota ka'uu danda'an fakkeenyaaf raawwatamuu fi raawwatamuu dhabuu murtii, ani bakka bu'aa walfalmitootaati jechuun nama dhihaatu ilaalchisee falmii addaa qofaatti geggeessuun osoo hin barbaachisin manni murtii murtii akka raawwachiisuuf bakka bu'insi kennameef galmee raawwii qabatee jiru irratti fala kennuu akka qabu tumaan kun dirqama irratti gateera. Gama biraan, manni murtii murtii akka raawwachiisuuf bakka buufame raawwii murtii qabatee jiru akka hin raawwatamne tursiisuu danda'aa kan jedhuudha. Qabxii kana ilaalchisee, seera deemsa falmii siivilii kwt.376(1) jalatti manni murtii murtii akka raawwachiisuuf bakka buufame raawwiin abbaan idaa sababa gahaa ta'e dhiheessuu ni danda'a yoo ta'e, yeroo madaalawaa ta'eef(reasonable time) hanga inni ajaja raawwii tursiisuu mana murtii murtii kenne irraa dhiheeffatutti kennuu akka danda'u tumameera. Gama biraan immoo kwt.376(4) jalatti raawwii murtiin walqabatee ajajni manni murtii murticha murteesse kennu kamiyyuu mana murtii murtii raawwachiisuuf bakka buufame irratti humna dirqisiissummaa akka qabus tumee jira. Kunis aangoon mana murtii murtii akka raawwachiisuuf

bakka buufamee daanga'aa akka ta'ee fi manni murtii raawwii murtii bakka bu'insa kenne ammas raawwiin walqabatee aangoo hambifannoo kan qabu ta'uu isaa agarsiisa.

Gaaffiilee Marii

1. Manni murtii murtii akka raawwachiisuuf bakka buufame, iyyata raawwii mormuu bu'uura s/d/f/h/h kwt.418 tiin dhihaatu fuudhee keessummeessuun murtii itti kennuuf aangoo qaba jettanii yaadduu? Maaliif? s/d/f/h/h/ kwt.375 irraa maaltu hubatama?
2. Dhimmootni s/d/f/h/h kwt.375 jalatti kufuu danda'anii fi manni murtii raawwii geggeessuu irratti murteessuu danda'u maal fa'i jettu? Fakkeenyaaf, iyyata murtii mormuun(kwt.358) dhihaatu fuudhanii ilaaluu danda'u jettuu? Maaliif? (art.375(1) *"... any question arising between the parties to the suits in which the decree was passed concerning the execution, discharge or satisfaction of the decree,……"* jedhu irraa maaltu hubatama?
3. S/d/f/h/h kwt.374(1) fi 376(4) walitti hin bu'an jettanii yaaduu? Maaliif?

Dhimma 4ffaa

Dhimmi kun M/M/Ol/Godina Shawaa Kaabaatiin galmee lakk.34772 ta'e irratti ilaalamee gaafa 17/3/2011 ajajni kan itti kennameedha. M/A/Mirgaa galmee haadhoo lakk.50595 ta'e irratti qarshiin 87630 M/A/Idaa irratti murteessifatee kan ture yoo ta'u, murtiin kun akka raawwatamuufiif iyyata raawwii dhiheesseera. M/A/Idaa beellama irraa waan hafeef manni isaa akka dhorkamu ajaja kenneera. Bu'uuruma kanaan manni murtichaa dhaddacha gaafa 29/10/2010 ooleen manni kun ogeessaan tilmaamee akka dhihaatu kan ajaje yoo ta'u, ogeessis manichi qarshii 455,000.00 kan baasu ta'uu ibseera. Manni murtichaas tilmaama kana fudhatee caalbaasii yeroo lama kan baase yoo ta'u, namni dhihaatee bitu hin argamne. Beellama guyyaa bu'aan caalbaasii 2ffaa dhihaate irratti M/A/Mirgaa manni kun tilmaamni isaa ol ka'ee dhihaate waan ta'eef baasii kootiin irra deebi'ee naaf haa tilmaamu jedheera. Manni murtichaas, M/A/Mirgaa tilmaama dhihaate irratti mormii waan kaaseef jechuun irra deebi'amee akka tilmaamu ajajeera. Ogeessis manni kun qarshii 315,000.00 kan baasu ta'uu isaa ibseera. Manni murtichaas gatii ka'umsaa kanaan manichi caalbaasiin akka gurguramu ajajeera. Haa ta'u malee, caalbaasii 1ffaa irratti morkataan hin dhihaanne. Manni murtichaas beeksisni caalbaasii 2ffaan bahee ji'a tokkoof qilleensa irra erga turee booda gurgurtaan akka raawwatamu kan ajaje yoo

ta'u, kana gidduutti M/A/Mirgaa dhaddacha irratti dhihaatee MMA Dagamitti naaf haa raawwatu waan jedheef, joormaa fi dhamaatii bitaa fi mirgaa hambisuuf jechuun koppiin murtii galmee lakk.50595 fi himanni raawwii MMA Dagam qaqqabee bu'uura murtiitiin haa raawwachiisu jechuun bu'uura s/d/f/h/h/ kwt.372 ttin ajajeera.

Gaaffii Marii

1. Ajaja M/M/Ol/Shawaa Kaabaa bu'uura s/d/f/h/h/ kwt.372 tiin MMA Dagam bu'uura murtiin haa raawwachiisu jechuun kenne akkamitti ilaaltu? MMA Dagam bakka manni murtii olaanaa dhaabbate irraa kaa'ee raawwatamoo? Akka haaraatti jalqaba irraa kaasee raawwachiisa? Haala M/M/Olaanaa ajaja itti kenne sirriidha jettuu? Murtii akka raawwachiisuuf mana murtii kan biroo sadarkaa akkamii irratti bakka buusuun danda'ama jettu?

Dhimma 5ffaa

Dhimmi kun M/M/Ol/G/Harargee Lixaatiin galmee lakk.45468 ta'e irratti dhaddacha gaafa 10/5/2010 ooleen murtii kan argateedha. Dhimmichi mana murtii aanaa Gammachiis irratti kan eegale yoo ta'u, ol-iyyataan ammaa galmee haadhoo lakk.16862 ta'e irratti d/kennaan ammaa lafa qabiyyee koo ta'e kiraa waggaa sadiif narraa fudhatee naaf deebisuu dide waan ta'eef akka naaf deebisu jechuun kan himate yoo ta'u, d/kennaan waan haaleef manni murtii jalaa dhimmicha qulqulleessee himannaa kufaa taasiseera. Haa ta'u malee ol-iyyataan kun galmee kana irratti M/M/Ol/G/H/Lixaatti ol-iyyannoo fudhatee manni murtii godinichaas murtii jalaa diiguun d/kennaan ol-iyyataaf qabiyyee isaa bittaa fi gurgurtaan qabate gadi haa lakkisu, d/kennaan immoo gatii laficha ittiin bitee fi qabeenya lafa sana irratti horateef ol-iyyataa gaafachuu danda'a jechuun murteesseera. M/M/W/O/Dhaddachi Dhaabbii Bahaa murtii kana cimsee jira. Ol-iyyataan ammaa murtii kana bu'uura godhachuun mana murtii A/Gammachiis irratti iyyata raawwii dhiheessuun galmeen lakk.19039 ta'e saaqqachuun d/kennaan akka raawwatu ajajameera. Innis iyyata gaafa 13/03/2010 dhiheeffateen M/M/Ol/G/H/Lixaa irratti qarshiin laficha ittiin bitee fi qabeenyaan laficha irraa qabuuf himannaa beenyaa murtiin abbaa mirgaa irratti dhiheeffadhee falmii irra waan jirruuf bu'uura s/d/f/h/h/ kwt.377 tiin hanga dhimmi keenya mana murtii olaanaa irratti murtii argatutti raawwiin murtii kun dhorkamee naaf haa turu jedheera. Manni murtii aanaas iyyata dhihaate fudhachuun hanga falmiin mana murtii olaanaa

irratti bitaa fi mirga gidduutti geggeeffamaa jiru murtii argatutti d/kennaan kun wabii qarshii kuma digdamaa(20,000.00) qabsiisee dhorkamee haa turu jechuun ajajeera.

Ol-iyyataan ammaa ajaja kenname kana komachuun M/M/Ol/G/H/Lixaatti ol-iyyannoo kan dhiheeffate yoo ta'u, manni murtii olaanaas dhimmicha dhiheessisee erga falmisiisee booda,… *sababa raawwii idaa(beenyaa) d/kennaaf gara fuulduraa murtaa'uuf lafa ol-iyyataa kanaaf murtaa'e hanga murtiin beenyaa kennamutti harka d/kennaa tursiisuun faallaa heera mootummaa fi labsii lafa baadiyyaati. Akkasumas iyyatni dhihaate ulaagaa s/d/f/h/h/kwt.377 jalatti tumame kan hin guutne waan ta'eef fudhatama hin qabu jechuun ajaja mana murtii aanaa diiguun, manni murtii aanaa raawwii dhorkee ture akka itti fufu murteesseera.*

1) Bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.377 tiin manni murtii raawwii murtii tursiisuu danda'u, mana murtii himannaa murtiin abbaa mirgaa irratti dhihaate dhagahaa jiruudhamoo? Isa raawwii qabatee jiruudha? Maaliif? Dhimma olitti dhihaate kana akkamitti ilaaltu?
2) Murtii M/M/Aaanaa fi M/M/Olaanaa keessaa isa kamtu sirriidha jettu?
3) Xiinxala M/M/Olaanaa dhimma kana irratti taasisee murtii jalaa ittiin diige dhama qabeessa jettuu? Maaliif?

1.4. Eenyutu iyyata raawwii murtii dhiheessuu danda'a?

S/d/f/h/h/ kwt.33(2) tiin namni tokko iyyata ykn himannaa mana murtiitti dhiheeffachuu kan danda'u dhimma iyyatni irratti dhihaatu sana irraa dantaa yoo qabaate qofa akka ta'e ni hubatama. Tumaan kun boqonnaa 2^{ffaa} kitaabichaa jalatti kan argamu yoo ta'u, bu'uura kwt.32(1)tiin falmii kamiyyuu kitaabicha keessatti tumame irratti raawwatamummaa kan qabu ta'uu isaa waan ibsameef, tumaan kwt.33(2) kun falmii raawwii murtii irrattillee raawwatamummaa kan qabuudha. Bu'uura kanaan namni tokko ani murtiin abbaa mirgaati jedhee iyyata raawwii mana murtiitti dhiheessuuf murtichaan abbaa mirgaa ta'uu isaa agarsiisuuf dirqama qaba. Akka qajeeltoo waliigalaatti, iyyata raawwii murtii mana murtiitti dhiheessuu kan danda'u, nama murtiin abbaa mirgaa ta'e qofaadha. Haa ta'u malee, haala addaatiin namni kan biroon falmii keessatti hin hirmaanne iyyata raawwii murtii dhiheessuu akka danda'u seerri tumee jira. Qabxiilee kana gabaabinaan akka armaan gadiitti ilaaluuf yaalla.

1.4.1. Iyyata raawwii murtii, murtiin abbaa mirgaa waliinii keessaa namni tokko dhiheessu

Iyyata raawwii murtii haala kanaan dhihaatu ilaaluun dura, murtii waliinii(joint decree) jechuun maal jechuudha kan jedhu ilaaluun gaariidha. Murtii waliinii jechuun hangi mirgaa murtiin irratti kennamee garaagarummaa kan qabu yoo ta'ellee murtii mirgi namoota lamaa fi isaa oliif walitti murtaa'e jechuudha.[13] Hiikoo kana irraas murtii waliinii jechuun abbootii mirgaa lamaa fi sanaa oliif murtii walitti murtaa'e ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Akka qajeeltootti murtiin abbaan mirgaa ofuma isaatii iyyata raawwii murtii mana murtiitti dhiheessuun raawwachiifachuu kan qabu yoo ta'e illee, haala addaatiin bu'uura s/d/f/h/h/ kwt.380(1) tiin murtiin waliinii abbaa mirgaa lamaa fi sanaa oliif walitti kan murtaa'e yoo ta'e, murtiin kenname kun haala faallaa ta'e hanga hin keenyetti namoota sana keessaa namni tokko faayidaa ofii fi abbootii mirgaa birootiif ykn abbootii mirgaa sana keessaa kan du'e yoo jiraate dhaaltota isaatiif murtiin akka raawwatamu iyyata raawwii mana murtiitti dhiheessuu akka danda'u tumamee jira. Murtichi haala kanaan iyyatni raawwii dhihaachuu akka hin dandeenye daangaa kaa'eera yoo ta'e garuu iyyatni raawwii murtiin abbaa mirgaa tokkoon dhihaatu murtiin abbootii mirgaa kan birootiif raawwatamummaa kan hin qabneedha.

Gama biraatiin iyyatni haala kanaan yeroo dhihaatu, manni murtii murticha osoo hin raawwachiisin dura haala kanaan akka raawwatamuuf sababni gahaan jiraachuu isaa mirkaneeffachuu akka qabu kwt.380(2) jalatti tumameera. Manni murtii iyyatni haala kanaan dhihaate kun akka raawwatamuuf sababa gahaa kan argate yoo ta'e, haala mirgi abbootii mirgaa falmii raawwii keessatti hin hammatamin hafanii itti kabajamuu danda'u irratti ajaja kennuu akka qabu tumaan kun haala dirqii ta'een tumee jira. Kaayyoon tumaa kanaas mirgi abbootii mirgaa falmii keessatti hin hammatamin hafanii akka hin tuqamneef eegumsa gochuuf yaadamee akka ta'e hubachuun nama hin dhibu.

Gaaffiilee marii

1. Kaayyoon s/d/f/h//h kwt.380(1) maal jettanii yaaddu? s/d/f/h/h/ kwt.38 irraa maaltu hubatama? Fakkeenyaaf, bu'uura s/d/f/h/h/ kwt.35 tiin makaminsa himattootaa irratti murtii kennamuun walqabatee raawwatamummaa qaba jettuu? Maaliif?

[13] . Robert Allen Sedler: Ethiopian Civil Procedure, page 266

2. ‘Sababa gahaa’ jechuun s/d/f/h/h/ kwt.380(2) jalatti kan tumame sababoota akkamii ta’uu danda’u jettanii yaaddu?
3. Murtiin abbaan mirgaa tokko, murtiin abbaa mirgaa kanneen birootiif iyyata raawwii yeroo dhiheessu ragaa bakka bu’ummaa dhiheessuu qaba jettanii yaadduu? Maaliif?
4. Murtiin abbaan mirgaa tokko yoo du’ee fi dhaaltota hedduu kan qabu yoo ta’e, dhaaltuun namni tokko iyyata raawwii dhiheessee mirga dhaaltota kan biroos raawwachiisuu danda’a jettanii yaadduu? Raawwatamummaan s/d/f/h/h/ kwt.380 hanga eessatti jettanii yaaddu?

1.4.2. Iyyata raawwii murtii namoota mirgi murtiin argame waliigalteen darbeefiin dhihaatu

Akkuma olitti ibsame akka qajeeltootti, iyyata raawwii murtii namni dhiheessuuf mirga qabu, nama murtiin abbaa mirgaa ta’eedha. Haa ta’u malee, namni murtiin abbaa mirgaa ta’e yeroo tokko tokko murtiidhaan mirga argate kana garee sadaffaaf dabarsuu danda’a. Sababni isaas, murtiidhaan mirgi argame kun mirga seerri eegumsa taasiseef waan ta’eef, murtiin abbaan mirgaa utuu lubbuun jiruu mirga isaa kana waliigalteedhaan nama biraatiif dabarsuuf mirga guutuu qaba. Namni waliigalteen mirga kana argate haala kamiin mirga kana raawwachiifachuu danda’a kan jedhu ilaalchisee seerri keenya tumaa of danda’een haguuggii kenneera. Bu’uura s/d/f/h/h/kwt.381(1) tiin namni waliigalteen mirgi murtiin argame darbeef iyyata raawwii murtii murtiin abbaa idaa irratti mana murtii murticha raawwachiisuuf aangoo qabutti dhiheeffachuu akka danda’u tumameera. Kunis namni mirgi murtiin argame darbeef kun dhimma sana irratti qaama falmii sanaa ta’ullee yoo baate, sababa mirgi murtiin argame waliigalteen darbeefiif qofa murtiin abbaa idaa irratti iyyata raawwii murtii dhiheessuu kan danda’u ta’uu isaa agarsiisa. Haala kanaan iyyatni raawwii murtii yeroo dhihaatu, manni murtii haaluma iyyata raawwii murtii murtiin abbaa mirgaan dhihaatuun murticha raawwachiisuu akka qabu kwt.381(2) jalatti tumameera. Haa ta’u malee, manni murtii adeemsa raawwii murtii osoo hin eegalin dursee iyyata raawii dhihaate murtiin abbaa mirgaa duraa fi murtiin abbaa idaatiif erguun akka dhihaatan taasisuudhaan raawwii dhihaate irratti mormii yoo qabaatan akka dhiheeffatan gochuuf dirqama akka qabu kwt.381(3) jalatti ibsameera. Kaayyoon murtiin abbaan mirgaa fi abbaan idaa yaada akka itti kennan taasisuu kun gama murtiin abbaa mirgaatiin yeroo ilaallu, waliigalteen sirrii ta’e nama mirgi murtiin argame naaf darbeera jedhuu fi murtiin abbaa mirgaa gidduu jiraachuu qulqulleeffachuu fi mirga murtiin abbaa mirgaaf eegumsa kennuu akka ta’e ni hubatama. Gama

murtiin abbaa idaatiin yeroo ilaallus, murtiin abbaan idaa iyyata raawwii dhihaate irratti mormii yoo qabaate akka dhiheeffatuuf yaadamee akka ta'e afuura seerichaa irraa kan hubatamuudha.

1.4.3. Iyyata raawwii murtii bakka buutota seeraa(dhaaltota) murtiin abbaa mirgaatiin dhihaatu

Haalli kun mudachuu kan danda'u murtiin abbaan mirgaa mirga murtiin argate osoo harka hin galfatin yoo du'eedha. Akkuma olitti ibsame mirga abbaan mirgaa murtiin argate akka mirga bu'uuraatti kan ilaalamuudha. Bu'uura seera hariiroo hawaasaa Itoophiyaa kwt.826(2)tiin immoo mirgaa fi dirqamni dhaalchisaa kanneen du'a isaatiin hafuu hin dandeenye, yeroo abbaan mirgaa lubbuun darbe irraa kaasee gara dhaaltota isaatti kan darbuudha. Dhaaltootni murtiin abbaa mirgaas bakka isaa bu'uun himannaa raawwii murtii mana murtii murticha murteessetti dhiheessuun raawwachiifachuu akka danda'an kwt.381(1) jalatti tumameera. Manni murtiis iyyata raawwii haala kanaan dhihaatu akka waan murtiin abbaa mirgaan dhihaateetti fudhachuun raawwachiisuuf dirqama qaba.

1.5. Iyyatni raawwii murtii eenyu irratti dhihaata?

Bu'uura s/d/f/h/h/ kwt.33(3) tiin namni tokko iyyata ykn himannaa nama kan biroo irratti dhiheeffachuu kan danda'u, nama sana irraa mirga seeraan beekamtii argate yoo qabaateedha. Bu'uura kanaan namni tokko ani murtiin abbaa mirgaati jedhee nama kan biroo irratti iyyata raawwii murtii dhiheessuuf, namni sun murtichaan abbaa idaa ta'uu isaa agarsiisuuf dirqama qaba. Akka qajeeltooti, iyyatni raawwii murtii nama murtiin abbaa idaa ta'e qofa irratti kan dhihaatuudha. Haa ta'u malee, haala addaatiin nama kan biroo falmii keessatti hin hirmaanne irrattillee iyyatni raawwii murtii dhihaachuu akka danda'u seerri tumee jira. Qabxiilee kana gabaabinaan akka armaan gadiitti ilaaluuf yaalla.

1.5.1. Himannaa raawwii wabii irratti dhihaatu/Application against surety/

Wabiin akka waliigalaatti hiika bal'aa qaba. Keessumaa jecha Afaan Oromootiin hiikuun ulfaataadha. Sababni isaa wabiin namaa fi wabiin qabeenyaadhaan taasifamu jecha tokkoon waamamu waan ta'eef, hubachuuf ulfaataa taasisa. Wabii namaa/Surety/ yoo ilaalle, seera deemsa biyya Hindii keessatti haala kanaan hiikee jira:- "Surety is *aperson who has given guarantee in favour of the creditor for performance of a financial obligation on whose behalf the*

same is given. His liability is coextensive with that of the principal debtor.[14] Seera deemsa hariiroo hawaasaa keenya keessatti hiikni kun yoo kennamuu baate illee Seera Hariiroo Hawaasaa keessatti bifa gabaabaadhaan *"Whosoever guarantees an obligation shall undertake towards the creditor to discharge the obligation, should the debtor fail to discharge it[S/H/H/ kwt.1920]*" jedhee hiika itti kennuuf yaaleera. Seerota kanneen lamaan irraa kan hubatamu, wabiin namaa abbaa idaa muummee bakka bu'uudhaan waliigaltee fedhaatiin kan dirqama fudhatu ta'uu isaa namatti mul'isa. Yeroo kana namni wabii darbe kun akka abbaa idaa muummeetti ilaalamee himatamuu danda'a jechuudha.

Gama biraatiin immoo abbaan idaa wabiidhaaf qabeenyaa isaa qabsiifachuu danda'a(may produce security). Wabii isa kanaaf immoo seerri biyya keenyaa hiikaa itti kennee hin jiru. Garuu guuboon jechoota "*Black's Law Dictionary yeroo hiika itti kennu:-collateral given or pledged to guarantee the fulfillment of an obligataion; esp., the assurance that a creditor will be repaid (usu.with interest) any money or credit extended to a debtor"* jechuun lafa ka'a. Hiika kana irraas wanti hubatamu, qabeenyaan wabummaaf qabamu kun dirqama abbaa idaa raawwachiisuuf akka wabiitti kan qabamu ta'uu isaati. Dhimmi wabii qabeenyaa kun kabachiisa qabeenyaa wajjin waan wal-qabatuuf, boqonnaa 3^{ffaa} jalatti bal'inaan kan ilaallu ta'a.

Haa ta'uutii hubannaaf akka tolutti seera deemsa falmii keenyaatti deebinee yoo ilaallu, bu'uura s.d.f.s kwt.335 (1(c)) ykn kwt.336 tiin namni abbaa idaa murtii akka raawwatuuf dirqamuuf wabii ta'e yeroof akka dhorkamuuf taasisu ykn qabeenyi raawwiin fudhatame akka deebi'uuf ykn immoo dirqama bifa kamuu sababa raawwiitiin irratti dhiyaateef wabii ta'ee kan dhorkamuuf taanaan, akkuma waan himata keessa tureetti tilmaamamee hanga dirqama galeetti raawwiin kan irratti geggeeffamu danda'u ta'uu isaa s.d.f.s kwt.382 jalatti tumameera. Ciroon '*akka waan himata keessa tureetti ilaalamee' jedhu* kun wabiin dhimma raawwii kana ilaalchisee mormii bifa kamuu seeraa qabeessa ta'e kanneen akka murtichi raawwatameera ykn raawwachuuf hin dirqamu jedhu kamuu kaasee falmuu akka danda'u s.d.f.s kwt.375 irraa ni hubatama.

[14]. Section 126 of indian contract act

Tumaan S/d/f/h/h/ 335(1c)'n raawwii jalqabame tursiisuuf wabii abbaan idaa dhiyeessuu qabuudha. Tumaan 336 immoo dhimma murtii raawwatame ol-iyyanni yoo fudhatame ykn ajaja irratti ol-iyyanni yoo fudhatamee fi qabeenyichi raawwatameera yoo ta'e, namni ol-iyyatu sun qabeenyaa fudhate akka deebisuuf ykn tilmaama qabeenyichaan wal-gitu irratti wabii akka waamu ykn manni murtii ol-iyyata dhagahu ajaja kennu kamiyyuu raawwatamummaa qabaatuuf wabii akka waamu ibsa.

Walumaagalatti, murtiin abbaan idaa waan sadii irratti dirqama wabummaa dhiyeessuu danda'a. Isaanis:- 1) Murtii kenname sana guutummaatti ykn gar-tokkeen abbaa mirgaatiif raawwachuuf, ykn 2) Murtiin sun raawwatamee tarii sadarkaa ol-iyyannootti kan jijjiiramu yoo ta'e, qabeenyaa raawwiif fudhate akka deebisuuf, 3) Kaffaltii qarshii raawwachuuf ykn adeemsa falmii kamiin iyyuu keessatti dirqama manni murtii irra kaa'e kamiin iyyuu akka raawwatuuf wabummaa dhiyeessuuf ajajamuu danda'a.

Himannaan raawwii akkamitti wabii irratti dhiyaata kan jedhu ilaalchisee immoo gosa wabummaa wabiin sun fudhatee jiru ilaaluun dirqama ta'a. Yeroo kana gara seera muummee S/H/H/ kwt. 1920 fi itti aananii jiran deemnee waa'ee wabii qorachuun dirqama ta'a. Wabiin murtiin dirqamaa jiru kun wabummaa qeenxee immoo wabummaa dachaa galee jira? hangi dirqama isaa hoo hangami? kan jedhu seera deemsaa wajjin wal-bira qabnee qulqulleessuu nu gaafata. Kun immoo wabummaa kana mana murtiitti fudhachaa jira yoo ta'e, waliigalteen wabummaa kun gosi isaa maali? kan jedhu manni murtii illee adda baasee beekuu qaba; gareen waadaa waliigalanis beekuu qabu. Wabiin kun wabii qeenxeedha taanaan, hanga abbaan idaa murtii akka raawwatuuf gaafatamee dadhabutti gaafatamuu hin qabu; yoo gaafatames abbaan idaa of danda'aadha, murtii kana raawwachuu danda'a jedhee mormii kaasuu danda'a. Mormiin kunis fudhatama kan qabu ta'a. Garuu yommuu abbaan idaa kaffaluu dadhabutti beeksifamee dhiyaatee akka raawwatu taasifama[S/d/f/h/h/ kwt 382, S/H/H/ kwt 1934]. Yeroo kana akka waan falmii keessa tureettis ilaalama jechuudha. Wabummaan seename wabummaa waliinii/*joint guarantee*/ yoo ta'e garuu abbaan mirgaa jalqabuma irraa iyyuu kaasee himata raawwii keessatti hammachiisee abbaa idaa wajjin himachuu danda'a. Yeroo kana wabiin waa'ee dandeettii abbaa idaa irratti falmii kaasuu hin danda'u, yoo kaases fudhatama hin qabaatu. Dirqama waliinii seenee waan jiruuf, abbaan idaa dursa gaafatamuu fi dhiisuun falmii hin ta'u[S/H/H/ kwt 1933].

Gaaffiilee Marii

1. Wabiin s/d/f/h/h/kwt.335(1c) jala jiru "or *a surety produced by the applicant for the due performance of such decree or order as may ultimately be binding upon him"* kan jedhu osoo abbaan idaa irratti iyyatni raawwii hin dhihaatin kallattiidhaan idaa jiru akka raawwatuuf abbaa mirgaa iyyata raawwii irratti dhiheessuu danda'a jettanii yaadduu? Maaliif? Muuxannoo qabdan yoo jiraate kaasaatii irratti mari'adhaa.
2. Qabatama hawaasa keenya keessa jiru yeroo ilaallu, namni tokko murtiin abbaa idaatiif wabii yeroo ta'u, wabii qeenxee ykn waliinii ta'uu isaa ibsee kan ta'u osoo hin taane akkasumatti wabii ta'eera jechuun kan raawwatamuudha. Haalli akkasii kun yeroo uumamu wabummaan seename qeenxee ykn dachaa ta'uu isaa addaan baasuun rakkisaadha. M/A/Mirgaa, M/A/Idaa fi wabii walitti qabee kan himatu yoo ta'ee fi wabiin M/A/Idaa waliin himatamuu hin qabu jechuun yoo morme akkamitti fala itti kennuun danda'ama jettu?

1.5.2. Iyyata raawwii murtii bakka bu'oota seeraa irratti dhihaatu (up on legal representative/

Himanni raawwii bakka abbaan idaa hin jirretti bakka bu'aa seeraa isaa irratti dhiyaachuu ni danda'a. Yeroo falmiin geggeeffamus ta'ee erga murtiin kennamee booda illee bitaa fi mirga keessaa tokko ykn lachuu du'u danda'u. Mata duree kana jalattis yeroo abbaan idaa du'u eenyutu itti darbee itti gaafatamummaa kana fudhata kan jedhu kan ilaallu yeroo ta'u, dhimma kana irratti seerri qaawwaa qabaatus waan jedhu qaba. Dhimmoota hunda irrattis ta'uu baatu, yeroo taateen akkasii uumamu hanga bakka bu'oonni seeraa dhiyaatanii galmaa'anii beekamtii argatanitti, manni murtii adeemsa raawwii itti fufee goolabuu hin danda'u. Seera deemsaa biyya keenyaa keessatti bakka bu'aan seeraa/legal representative) eenyu kan jedhu irratti hiikni ifaan yoo itti kennamuu baate illee bifa tarreeffamaan S/d/f/h/h kwt.58(a) jalatti….*the spouse, brother, son, father or grand-father of such parties appearing without reward on behalf of such parties*…jedhee duguugee kaa'ee jira. Seerumti kun kwt. 3 jalatti hiikkaa jechootaaf yeroo kennutti:-*legal representative" shall mean any person who in law represents a person under disability or the estate of a deceased person* jedhee jira.

Tumaalee kana irraa kan hubatamu, bakka bu'aan seeraa ta'uudhaaf fira nama du'ee hidda dhiigaan olii fi gaditti lakkaa'amu, akkasumas firooma fuudhaa fi heerumaa kan dabalatu ta'ee nama qabeenyaa isaa bakka bu'uu danda'u kan akka eegduu qabeenyaa/tutor/ illee akka dabalatu namatti mul'ata. Jecha biraatiin yeroo ibsinu, yeroo murtiin abbaan idaa idaa isaa osoo ofirraa hin baasin du'u akkaataa S/d/f/h/h kwt. 33(3)tti eenyutu bakka abbaa idaa raawwiin himatamuu danda'a kan jedhu irratti seeruma kana kwt. 58(a) faana yeroo ilaallu jarreen armaan olitti tarreessine kana jechuu ni dandeenya. Kutaa seeraa dhimma raawwii hogganu keessa deemnee yoo ilaallu immoo S/d/f/h/h kwt. 383 jalatti abbaan idaa yeroo du'utti abbaan mirgaa bakka bu'aa seeraa himatee raawwiin dirqisiifachuu akka danda'u tumee jira.

Bakka bu'ummaa seeraa keessatti namooonni bakka bu'an qaama aangoo bakka bu'ummaa kennu irraa waliigaltee bakka bu'ummaa fiduuf hin dirqaman. Garee falmitootaa keessaa tokko bakka bu'aa seeraa miti yoo jedhee falmii kaase qofa adeemsa mataa isaa danda'een karaa mana murtii qulqullaa'uu danda'a(S/d/f/h/h/ kwt.52). Qabatamaan garuu bakka bu'oonni seeraa kun bakka bu'ummaa Waajjira Haqaa irraa yoo dhiheeffatan malee jennee falmii keessaa ari'aa oolla. Seera deemsa biyya keenyaas ta'ee kan biyya Hindii irraa wanti hubatamu, bakka bu'aan seeraa waliigalteen/by contract/ osoo hin taane, seerri kan bakka buusuu fi qabeenyaa du'aa kan bulchu ta'ee bakka du'aa kan himatu ykn himatamuu danda'u ta'uu mul'isa. Yaadama kana gara raawwiitti fidnee seera keenya wajjin yommuu ilaallu, bakka bu'aan seeraa erga murtiin murtaa'een booda du'aan abbaa idaa ta'ee dirqama murtii fudhatee osoo murtii hin raawwatin kan du'u yoo ta'e, bakka bu'aan seeraa bu'uura S/d/f/h/h kwt.383 tiin idaa kana akkuma abbaa idaatti seeraan itti darbee raawwachuuf dirqama qaba jechuudha.

Gaaffiilee Marii

1. Seerri deemsaa keenya kwt. 58(1) jalatti bakka bu'oota seeraaf hiikka inni kenne keessatti Haati warraa, abbaan fi haati ni argamu. Jarri kun ulaagaan biraa osoo hin jiraatin, akkamitti itti gaafatamu jettanii yaaddu? Jarri kun yeroo akkamii raawwiin dirqisiifamu? Qabeenyaa haadha warraa fi abbaa warraa, akkasumas qabeenyaa dhuunfaa ilaalchisee SMO kwt.86 fi 116 faana ilaalaatii irratti mari'adhaa!
2. Bakka bu'oonni seeraas ta'ee bulchituun qabeenyaa hanga kamitti idaa abbaa idaa kaffaluuf dirqamu jettanii yaaddu?

3. Seerri deemsa falmii hariiroo hawaasaa biyya Hindii immoo bakka bu'ummaa seeraa/legal representatives) akkasitti hiika itti kenna…"*Legal Representative' means a person who, in law, represents the estate of a deceased person, and includes any person who intermeddles with the estate of the deceased and, where a party sues or is sued in a representative character, the person on whom the estate devolves on the death of the party so suing or sued* [Section 2(11), Civil Procedure Code, 1908]. Hiikkaan kun hiikaa seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa biyya keenyaa irraa adda moo tokko? Hiikkaan kun ulaagaa maalii dabalee jira? Kan biyya keenyaa haala kanaan hiikamuu qaba jettanii yaadduu?
4. Abbaan idaa osoo lubbuun jiruu bakka bu'aan seeraa murtiin dirqamuu hin danda'u jettanii yaadduu? S/d/f/h/h/ kwt.383 deebii kenneera jettuu? S/d/f/h/h/ kwt.34(1 fi 2) irraa hoo maaltu hubatama? Muuxannoo qabdan kaasuun irratti mari'adhaa.
5. Bu'uura s/d/f/h/h/ kwt.383 tiin bakka buutootni seeraa M/A/Idaa, idaa M/A/Idaa irratti murtaa'e hundumaa raawwachuuf ni dirqamu jettanii yaadduu? Hin dirqaman kan jettan yoo ta'e, maal maal irratti akka hin dirqamne kaasuun mari'adhaa!

1.6. Ulaagaalee iyyatni raawwii murtii guutee dhihaachuu qabu

Akka qajeeltoo waliigalaatti namni tokko murtiin abbaa idaa ta'uun isaa erga murtaa'ee booda murtii sana fedhii fi kaka'umsa mataa isaatiin murtiin abbaa mirgaatiif raawwachuu qaba jedhamee tilmaama. Murtiin abbaan idaa fedhii isaatiin waan itti murtaa'e raawwatee jennaan adeemsi raawwii mana murtiin geggeeffamu barbaachisaa miti. Bu'uura s/d/f/h/h kwt.378(2) tiinis murtiin abbaan idaa waan itti murtaa'e raawwachuuf fedhii kan qabuu fi yeroo kan barbaadu yoo ta'e murtiin abbaan mirgaa yeroo kennuufii akka qabuu fi iyyata raawwii mana murtiitti dhiheessuun barbaachisaa akka hin taane tumameera. Haa ta'u malee, murtiin abbaan idaa idaa itti murtaa'e raawwachuuf fedhii agarsiisuu yoo dhiise ykn yeroon kennameefii yeroo jedhame keessatti hin raawwanne yoo ta'e, murtiin abbaan mirgaa iyyata raawwii mana murtiitti dhiheessuun adeemsa raawwii murtii eegalchiifachuu akka danda'u keewwatuma kana keewwata xiqqaa tokko irraa kan hubatamuudha. Murtiin abbaan mirgaa iyyata raawwii kana mana murtiitti yeroo dhiheeffatu ulaagaalee akkamii guutee dhiheessuu qaba gaaffiin jedhu dhimma xiyyeeffannoon ilaalamuu qabuudha. S/d/f/h/h/ kwt.378(3)(a-j) jalatti ulaagaaleen kun bal'inaa fi haala ifa ta'een tarreeffamanii jiru.Isaanis:- lakkoofsa galmee murtiin irratti kennamee, maqaa

walfalmitootaa, guyyaa murtiin kenname, murtii kenname irraa ol-iyyatamuu fi ol-iyyatamuu dhabuu isaa, erga murtiin kennamee haala raawwii murtii irratti walfalmitoota gidduu waliigalteen jiraachuu fi jiraachuu dhabuu, erga murtiin kennamee booda iyyatni raawwii dhihaachuu fi dhihaachuu dhabuu, yoo dhihaateera ta'e bu'aa maalii akka hordofsiise, dhalli kaffalamu yoo jiraate, hanga baasii murtaa'ee, maqaa nama raawwiin murtii irratti gaafatamee, fi gargaarsi mana murtii karaa kamiin taasifamuu akka qabu kanneen jedhan hammatee dhihaachuu akka qabu seerichi tumaa dirqiin kaa'eera.

Ulaagaalee kanneen keessaa haala addaatiin ulaagaa kwt.378(3)(j) jalatti ibsame yeroo ilaallu, murtiin abbaan mirgaa iyyata raawwii dhiheeffatu keessattuu karaa manni murtii waan murtaa'e harka ittiin gahuu danda'u:- qabeenya murtiin irra qubate harkaan akka gahamu ykn akka gadi lakkifamuuf, qabeenya ugguranii gurguruun ykn utuu hin uggurin gurguruun kaffaltiin akka raawwatamuuf, nama qabeenya sana bulchu muuduun, ykn haala mijataa biroo murticha raawwachiisuu dandeessisu ibsuu akka qabu tumameera. Qabxiilee kana yeroo ilaallu, iyyatni raawwii murtii bu'uura s/d/f/h/h kwt.379 tiin tarree qabeenya raawwiin irratti raawwatamuu haala ifa ta'een qabatee dhihaachuu akka qabu agarsiisa. Kaayyoon tumaa kana duuba jirus murtiin abbaan idaa waan itti murtaa'e raawwachuuf fedhii kan dhabu yoo ta'e, manni murtii qabeenyaa murtiin abbaa idaa barbaacha raawwiin murtii lafa irra akka hin harkifanne taasisuudha. Haa ta'u malee, qabatama manneen murtii naannoo keenyaa yeroo ilaallu, iyyata raawwii ulaagaa olitti ibsame kana guutee hin dhihaanne ofitti fuudhanii galmee yeroo saaqanii fi raawwiin abbaan idaa dhaddacha irratti dhihaatee raawwachuuf fedhii yeroo dhabu, raawwiin abbaa idaa hidhuun murtiin abbaa mirgaa waliin qabeenya raawwiin abbaa idaa yeroo barbaadantu bal'inaan mul'ata. Galmeen raawwii falmii kan of keessaa hin qabne waan ta'eef yeroo gabaabaa keessatti dhimma xumura argachuu qabuudha. Garuu, manneen murtii keenya sababa bakka adda addaatti qabeenya murtiin abbaa idaa barbaaduutiin dhimmoonni raawwii hedduun lafarra harkifachuun galmee falmii idilee yeroo isaan itti ta'antu mul'ata.

Gaaffiilee Marii

1. Iyyatni raawwii murtii tarree qabeenyaa raawwiin irratti raawwatamuu qabatee hin dhihaanne yoo ta'e ofiiserri seeraa galmee saaquu qaba jettuu? Maaliif? Iyyata ulaagaa kana hin guutne ofiiserri fuudhee galmee saaqee dhaddachaaf kan dhiheessu yoo ta'e

abbaan seeraa maal gochuu qaba jettu? Muuxannoon jiru maal fakkaata? kaasuun irratti mari'adhaa.

2. M/A/Mirgaa M/A/Idaa qabeenyaa qabaachuu isaa quba kan hin qabne ykn M/A/Idaa qabeenyaa mul'atu kan hin qabne yoo ta'e, tumaan 378(1)(j)(i-iii) M/A/Mirgaa akkasii iyyata raawwii dhiheeffachuu hin danda'u yaada jedhu of keessaa qaba jettanii yaadduu? Yaada kana qaba kan jennu yoo ta'e M/A/Mirgaa fala maalii qaba jettu? Hin qabu yoo jenne immoo manni murtii maal irratti raawwachiisuuf deema jettu?
3. Murtiin hunduu qabeenya irratti qofa kan raawwatamuudha jettanii yaadduu? Miti yoo jettan, fakkeenya kaasuun irratti mari'adhaa!
4. Bu'uura s/d/f/h/h/ kwt.378(3) tiin iyyatni raawwii murtii tarree qabeenyaa raawwiin irratti raawwatamuu qabatee dhihaachuu qaba erga jedhamee, bu'uura s/d/f/h/h/ kwt.386(4) tiin raawwii murtii qarshiin walqabatee murtiin abbaa idaa waraqaan waamichaa qaqqabee hin dhihaatin yoo hafe, hidhamee akka dhihaatu gochuun maaliif barbaachise jettanii yaaddu?

1.7. Daangaa yeroo iyyatni raawwii murtii keessatti dhihaachuu qabu

Namni tokko mirga seeraan eegumsa argate yoo qabaatellee, mirga isaa kana seeraan kabachiifachuuf daangaan yeroo murtaa'e jiraachuu qaba. Darbinsa yeroo jechuun daangaa yeroo namni mirga isaa keessatti kabachiifachuu qabu ta'ee, sababa yeroon murtaa'e darbeef mirga kan nama dhabsiisu ykn namni mirga hin qabne qabeenyaa ykn qabiyyee nama biraa qabachuun abba mirgaa kan taasisuudha. Kaayyoon darbinsa yeroo abbaan mirgaa dammaqaa ta'ee yeroodhaan mirga isaa akka gaafatu taasisuu, himatamaan turtii keessa ragaan jalaa badee himannaa irratti dhiyaatu ofirraa ittisu akka hin danqamne taasisuu fi himanni yeroo dheeraa booda dhiyaatu haqa argachuuf osoo hin taane, akka meeshaa haaloo ba'uutti namoonni itti tajaajilamu jedhamee waan yaadamuuf kan tumameedha.[15] Kunis kaayyoon darbinsa yeroo inni guddaan abbaa mirgaa dhiba'aa ta'e adabuu fi abbaa idaa dammaqaa ta'eef eegumsa gochuu akka ta'e kan agarsiisuudha.

Seera deemsa falmii biyya keenyaa yeroo ilaallu, raawwii murtii ilaalchisee daangaan yeroo taa'ee jiru kan kwt.384 jalatti tumameedha. Tumaa kana yeroo ilaallu, namni tokko yeroo tokko

[15]. Biruk Hayile: Period of limitation applicable to claims over Immovable property under the Ethiopian Law: Gateway to Hindsight scrutiny of Legality of Nationalization of immovables?, case Analysis, Jimma University Journal of law vol.4 No.1(2012) page 185

iyyata raawwii murtii mana murtiitti dhiheeffateera yoo ta'e, iyyata kan biroo yeroo lammaffaaf dhiheessuu kan danda'u guyyaa murtiin kenname irraa kaasee waggaa kudhan keessatti akka ta'e, waggaa kudhan booda iyyatni yeroo lammataaf kan dhihaatu yoo ta'e mirgi murtiin abbaan mirgaa darbinsa yerootiin hafaa akka ta'e kan agarsiisuudha. Kun immoo iyyatni raawwii murtii yeroo tokko dhihaate waggaa kudhan erga darbee booda lammaffaa iyyata dhiheessuun galmicha sochoosuu kan dhoku malee abbaa mirgaa iyyata raawwii yeroo tokko illee hin dhiheeffatin kan ilaallatu akka hin taane mul'isa. Darbinsi yeroo kwt.384 jalatti tumame iyyata yeroo lammaffaa dhihaatu ilaalchisee raawwatamummaa kan qabu erga ta'ee, murtiin abbaa mirgaa iyyata raawwii yeroo tokko illee hin dhiheessin irratti darbinsa yeroo isa kamtu raawwatamummaa qaba kan jedhu qabxii deebii barbaaduudha. Qabxii kana ilaalchisee, ogeessota seeraa bira ejjennoo adda addaatu jira. Ogeessonni tokko tokko seerri deemsa falmii hariiroo hawaasaa iyyata raawwii murtii yeroo jalqabaaf dhihaatu ilaalchisee daangaa yeroo kan hin tumne yoo ta'ellee, murtiin dirqama kan uumu waan ta'eef, dirqamni tokoo immoo daangaa yeroo keessatti raawwatamuu qabu qabaachuu waan qabuuf bu'uura seera hariiroo hawaasaa kwt.1677(1) tiin darbinsi yeroo waggaa kudhanii seera hariiroo hawaasaa kwt.1845 jalatti tumamee jiru raawwatamummaa qabaachuu qaba jechuun falmu.[16] Ogeessonni biroon immoo seerri deemsa falmii darbinsa yeroo iyyata raawwii murtii yeroo jalqabaaf dhihaatuuf tumee hanga hin jirretti murtiin abbaan mirgaa yeroo barbaadetti iyyata raawwii murtii dhiheeffachuu waan isa daangessu hin jiru; iyyatni raawwii murtii darbinsa yerootiin hin daangeffamu jechuun falmu.[17] Ejjennoo kanneen lamaan keessaa isa kamtu dhama qabeessa kan jedhu ilaalchisee leenjifamtootni mariin kan gabbisan ta'a.

Qabxii biraan darbinsa yeroo kwt.384 jalatti tumamee jiru waliin ka'u, raawwatamummaa kwt.392(2) tiin walqabatee kan jiruudha. S/d/f/h/h/ kwt.384 jalatti murtiin abbaan mirgaa yeroo tokko iyyata raawwii murtii kan dhiheeffate yoo ta'e, yeroo lammaffaaf iyyata dhiheessuu kan danda'u guyyaa murtiin kenname irraa kaasee waggaa kudhan keessatti qofaadha. Waggaa kudhan booda iyyatni raawwii dhihaatu darbinsa yerootiin hafaa ta'a. Bu'uura kwt.392(2) tiin immoo murtiin abbaan mirgaa iyyata raawwii murtii mana murtiitti dhiheeffatee, murtiin abbaan idaa qabeenya raawwiin irratti geggeeffamu kan hin qabne yoo ta'ee fi manni murtiis kanuma

[16] . Robbert Allen Seddler: Ethiopian Civil Procedure(1968), pag 271

[17]. Misgaanuu Mul'ataa: Moojulii Raawwii Murtii leenjii hojii irraa yeroo gabaabaaf bara 2004 ilqsotti qophaa'e fuula 40-41

kan mirkaneeffatu yoo ta'e, adeemsa raawwii addaan kutuun galmee cufuu akka qabu, yeroo booda murtiin abbaan idaa qabeenya kan horatee fi idaa itti murtaa'e kaffaluu kan danda'u yoo ta'e yeroo kamitillee adeemsa raawwii addaan kute galmee sochoosuun murtiin abbaa mirgaatiif raawwachiisuu akka qabu tumameera. Tumaa kana irraa kan hubatamu, murtiin abbaan mirgaa iyyata raawwii dhiheeffatee murtiin abbaan idaa qabeenya gahaa kan hin qabne yoo ta'e, murtiin abbaan mirgaa daangaa yeroo tokko malee yeroo murtiin abbaan idaa qabeenya horatutti iyyata lammaffaa dhiheessuun galmee sochoofachuu akka danda'u kan ibsuudha. Kunis tumaan darbiinsa yeroo kwt.384(a) jalatti tumamee jiru M/A/Mirgaa sababa M/A/Idaa qabeenya hin qabneef galmeen isaa bu'uura kwt.392(2) jalaa cufame irratti raawwatamummaa akka hin qabne agarsiisa.

Dhimma 6ffaa

Dhimmi kun Dh/Ij/M/M/W/F/ tiin jildii 13ffaa lakk.galmee 74898 ta'e irratti ilaalamee murtii kan argateedha. Ka'umsi dhimmichaa M/M/Ol/ Godina Shawaa Bahaa yoo ta'u, iyyataan ammaa (Baankii daldala Itoophiyaa) murtiin abbaa mirgaa yoo ta'u, waamtootni ammaa namoonni sadii immoo murtiin abbaa idaa turan. Waamamaa 1ffaan waamtoota 2ffaa fi 3ffaa kanneen biroo wabii godhachuun iyyataa irraa qarshii liqeeffate keessaa qarshii 147,922.00 hin deebisin waan hafeef, iyyataan himannaa dhiheessuun gaafa sadaasa 2/1990 waamtootni tokkummaa fi qeenxeen qarshii kana akka kaffalan murtaa'eera. Iyyataan caamsaa 21, 1999 mana qabeenya abbaa idaa 1ffaa(waamamaa 1ffaa ammaa) bu'uura labsii 97/90 tiin caalbaasiidhaan qarshii 50,400.00 tti gurguree idaa waamamaa keessaa hir'isee fudhateera. Sababa M/A/Idaa qabeenya biroo hin qabneef, M/A/mirgaa raawwii itti fufachuu hin dandeenye. Onkoloolessa 23, 2004 manni maqaa wabii waamamaa 1ffaa(murtiin abbaa idaa 2ffaa jalaa) tiin jiru argachuu isaa ibsee, manni murtii akka irratti raawwachiisuuf iyyata dhiheeffateera.

Manni murtii olaanaa iyyatni kun dhihaateef, iyyatni kun murtiin erga kennamee waggaa 14 booda waan dhihaateef darbinsa yerootiin fudhatama hin qabu jechuun kufaa godheera. M/M/W/O dhimma kana ol-iyyannoon ilaalee murtii M/M/Ol/Godina Shawaa Bahaa cimseera.

Dh/Ij/M/M/W/F dhimma kana ilaalee xiinxala taasiseen...*raawwii itti fufsiisuuf qabeenyi abbaa idaa kan hin jirre yoo ta'e, manni murtii raawwiin akka raawwatamuuf ajaja kennuu akka hin qabne kwt.392(2) ni tuma. Bu'uura tumaa kanaatiin manni murtii raawwii qabatee jiru*

M/A/Idaa raawwachuu akka hin dandeenye kan mirkaneeffate yoo ta'e, murtiin akka raawwatamu ajaja kennuu akka hin qabne, garuu yeroo M/A/Idaa raawwachuuf qabeenya horatutti murtiin akka raawwatamu ajaja kennuu akka danda'u kan ibsuudha. Tumaan kun tumaa 384 irraa haala addaan kan tumameedha. Daangaan yeroo waggaa kudhanii kwt.384 jalatti tumame raawwatamummaa kan qabu M/A/Mirgaa murtiin akka raawwatamuuf tasumaa sochii osoo hin taasisin ture irrattiidha. Murtiin amma raawwiif dhihaate sadaasa 2,1990 yoo ta'ellee, M/A/Mirgaa caamsaa 21,1999 iyyata raawwii dhiheessee mirga isaa gamisaan raawwachiifatee jira waan ta'eef, darbinsi yeroo bu'uura s/h/h/ kwt.1852 tiin addaan citee jira. Iyyatni amma dhihaate kun sadaasa 21,2004 yoo ta'u, kun immoo caamsaa bara 1999 irraa kaafamee yeroo lakka'amu waggaa kudhan waan hin guutneef, manneen murtii jalaa darbinsa yeroo sadaasa bara 1990 irraa kaasanii lakkaa'uun ni daangeffama jedhanii murteessuun isaanii dogoggora… jechuun murtii jalaa diigeera.

Gaaffiilee Marii

1. Murtii M/M/Ol/Godina Shawaa Bahaa fi MMWO akkamitti ilaaltu?
2. Murtii Dh/Ij/M/M/W/Federaalaa dhimma kana irratti kenne hoo akkamitti madaaltu? S/d/f/h/h/ kwt.384 tiin walqabatee xiinxala inni taasise akkamitti ilaaltu? Darbinsi yeroo erga addaan citee booda waggaan kudhan osoo xumurameera ta'ee M/A/Mirgaa darbinsa yerootiin daangeffama jechuudhaa?
3. Iyyata raawwii murtii yeroo jalqabaaf dhihaatu ilaalchisee ejjennoo ogeessotni seeraa qaban kanneen olitti ibsame keessaa isa kamtu bu'uura seeraa qaba jettu? Maaliif? Dhimma kana irratti darbinsi yeroo raawwatamummaa qabu kan seera muummee keessatti tumame(s.H.H. kwt.1845) ta'uu qabamoo? darbinsa yeroo seera deemsaa ta'uu qaba jettu? maaliif?
4. Galmeen raawwii erga cufamee booda yeroo meeqaaf banamuu danda'a jettu? Seerri maal jedha? Muuxannoon gama kanaan qabdan maal fakkaata? Bal'inaan kaasuun irratti mari'adhaa.
5. Iyyatni raawwii haaraan waggaa kudhan keessatti yoo dhihaate darbinsa yeroo addaan kutuu danda'a jettanii yaadduu? Maaliif? s/d/f/h/h/ kwt.384 irraa maaltu hubatama?

6. Tumaalee s/d/f/h/h/ kwt.384 fi 392(2) gidduu walitti bu'insi jira jettanii yaadduu? Yoo jiraate haala kamiin hiikamanii hojii irra ooluu qabu jettanii yaaddu?
7. Darbinsa yeroo raawwii murtiin walqabatu(s/d/f/h/h/kwt.384 jalatti tumame) manni murtii kaka'umsa mataa isaatiin kaasuu danda'amoo? Dirqama murtiin abbaan idaa kaasuu qaba jettu? Maaliif? Murtii Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa Jildii 1^{ffaa} galmee lakk. 17361 irraa maaltu hubatama?

BOQONNAA LAMA

2. ADEEMSA RAAWWIIN MURTII ITTIIN GEGGEEFFAMU

Seensa

Boqonnaa darbe keessatti raawwiin maal akka ta'e, maaltu akka raawwatamu, eenyu akka raawwatuu fi manni murtii kam akka raawwachiisu ilaallee jirra. Boqonnaa kana keessatti immoo murtiin abbaan mirgaa tokko yommuu mana murtiitti iyyata isaa dhiyeeffatu haala kamiin, adeemsa akkamii keessa darbee raawwatamuu qabu jechuunis, kenniinsa waraqaa waamichaa, hafiinsa abbootii dhimmaa, abbaa idaa qorachuu, akkaataa itti qabeenyaan dhorkamu, fi raawwii abbootii mirgaa baay'ee gidduutti geggeeffamu tokko tokkoon kaafnee kan ilaallu ta'a.

Bu'uuruma kanaan, xumura boqonnaa kanaatti leenjifamtoonni:-

- Dhimma raawwiin wal-qabatee kenniinsa waraqaa waamichaa fi hafiinsa abbootii dhimmaa irratti hubannoo qaban ni gabbifatu;
- Akkaataa itti abbaa idaa qoratanii fi qabeenyaa dhorkan adda baafatu, ittiinis ni hojjetu,
- Akkaataa qabeenyaan abbaa idaa abbootii mirgaa hedduu gidduutti raawwiif qoodamuu danda'u ni hubatu, hojii irrras ni oolchu;
- Walumaagalatti, sirna raawwiin murtii ittiin geggeeffamu ni hubatu, qaawwaa seeraa fi hojimaataa gidduu jiru adda baafachuun bu'uura seerichaan ni hojjetu jedhamee eegama.

4.1. Kenniinsa waraqaa waamichaa

Seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa biyya keenyaa Kitaaba III jalatti kan tumamee jiru waa'ee waraqaa waamichaa bifa waliigalaan kan ibsuudha. Kunis *himanni*(suits) dhiyaate hanqina yoo hin qabaatin himatamaan deebii isaa tarree ragaa namaa fi ragaa sanadaa qabatee akka dhiyaatu, yoo hafe falmiin bakka inni hin jirretti itti fufuun murtiin akka kennamu ibsuun waraqaan waamichaa bu'uura S/D/F/H/H/ kwt. 94 fi 233 tiin ni kennama. Kaayyoon guddaan waraqaa waamichaa mirga dhagayamuu himatamaa dhugoomsuu/*"due process of law*/" qajeeltoo jedhu mirkaneessuufiidha. Haaluma kanaan, himatamaan himata irratti dhiyaate akka baru, deebii ittisaa fi ragaa ittisaa akka qindeeffatuu fi qophii barbaachisaa akka godhu taasisa.

Waamichi himatamaa yoo hin dhaqqabin, manni murtii aangoo akka dhabu S/d/f/h/h kwt.78 irraa ni hubatama (an *ex parte decree can be set aside if there was no due service*). Kaayyoo kanneen galmaan ga'uuf maloonni kenniinsa waraqaa waamichaa s/d/f/h/h/ jala jiran bu'uura bu'a qabeessummaa isaaniitiin tartiibaan taa'aniiru. Isaanis:-

1) Mala Kenniinsa Kallattii [(Personal Service, Kwt. 95(3)], 2) Mala Kenniinsa Filannoo (constructive, kwt. 96(1)-101), 3) Mala kenniinsa Bakka Bu'aa (Kwt. 105, Kwt. 107-109) dha. Malootni kunneen hundi kan barbaachisaniif, bakka himatamaan hin argamnetti maloota jiru duguugnee himatamaan akka argamee mirga dhagahamuu isaa itti fayyadamuu danda'u taasisuufiidha. Manni murtiis waraqaan waamichaa sirnaan himatamaa gahuu fi dhiisuu isaa mirkaneeffachuu qaba(S/d/f/h/h/ kwt. 102, 103, 110). Maloota kanneen duguugnee ijibbaannee himatamaan yoo argamuu hafe, bu'aan inni hordofsiisu immoo S/d/f/h/h/ kwt. 69, 70, fi 233 jalatti kaa'amee jira.

Waa'ee waraqaa waamichaa gabaabaatti kan armaan olii kana yoo jenne, mata duree kanaan wal-qabatee kenniinsa waraqaa waamichaa qajeeltoon fi adeemsi isaa, akkasumas barbaachisummaan isaa Seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa keenya kitaaba III boqonnaa 2 jalatti ibsamee kan jiru kun iyyata raawwii irratti ni hojjeta moo hin hojjetu kan jedhu deebii kan barbaaduudha. Kutaan kun bifa waliigalaan waa'ee himataa(*suits*) dubbata malee tumaaleen boqonnaa kana jala jiran dhimma raawwii kan Kitaaba VI boqonnaa 1 fi 2 jala jiran irratti raawwatinsa qabaachuu fi dhiisuu isaa wanti ibsu hin jiru. jechi himata(suit) jedhu immoo maal maal akka hammatu seera keenya keessatti ifaan tumamee hin jiru. Haa ta'u malee, guuboo jechootaa jecha seeraa hiikaniin walitti firoomsinee dhimma kana ilaaluun barbaachisaa ta'a. Guuboon hiika jechootaa " West's Encyclopedia of American Law"jedhamu jecha "*suit*" jedhu akka kanaa gadiitti hiika itti kenna…

"A generic term, of comprehensive signification, referring to any proceeding by one person or persons against another or
others in a court of law in which the plaintiff pursues the remedy that the law affords for the redress of an injury or the enforcement of a right, whether at law or in Equity."[18]

[18].West's Encyclopedia of American Law, edition 2. Copyright 2008 The Gale Group, Inc. All rights reserved.

Akka hiikkaa kana irraa hubatamutti, jechi *suit(himata)* jedhu kun hiika waliigalaa kan qabu ta'ee mirga ofii qaban namni biraan akka raawwatuuf(*the enforcement of a right)* gaafachuu dabalata. Gara raawwii murtiitti deebinee yommuu ilaallu immoo S/d/f/h/h/ kwt. 378 jalatti abbaan idaa yoo abbaa mirgaaf raawwachuu dide, iyyata mana murtii isaaf raawwatutti dhiyeeffachuu akka danda'u lafa kaa'a. Dabalatan Guuboon jechootaa *Black's Law Dictionary'*n jedhamu immoo iyyata(application) yeroo hiiku"-*A request for an order not requiring advance notice and an opportunity for a hearing before the order is issued*"[19] jedhee jira.

Hiikkaan kun kan namatti argisiisu, iyyati raawwiif dhiyaatu, hiikkaa jecha himataaf(suit) kenname keessatti waan hammatamu fakkaata. Deemee deemees lachuu mirga tokko raawwachiisuuf adeemsa diriiran ta'uu namatti mul'isa. Haa ta'u malee, hiikkaa lameen irraa wanti hubatamu, iyyata raawwii keessatti akka himannaatti mirgi dursanii hubachiifachuu fi dhagahamuu akka hin jirre argisiisa. Kunis kan mul'isu, iyyatti raawwii yommuu dhiyaatu, waan abbaan idaa beeku irratti waan ta'eef, silumaa iyyuu seeraan itti murtaa'ee jira waan ta'eef yaad-rimee jedhu of keessaa qaba.

Kanaaf, yaadota gubbaatti ka'an kana giddu galeessa godhannee yeroo ilaallu, adeemsi kenniinsa waraqaa waamichaa, malootni kenniinsa waraqaa waamichaa dhimma iyyata raawwii irrattis bifa wal-fakkeessuutiin(*by analogy*) kan tajaajilu ta'uu isaa hubanna. Gama biraan immoo s/d/f/h/h/ kwt.32(1) jalatti tumaaleen boqonnaa II jalatti ibsaman akkuma barbaachisummaa isaaniitti falmii hariiroo hawaasaa hunda irratti raawwatamummaa akka qaban tumamee jira. Falmiin raawwii yeroo ilaallus, gosa falmii hariiroo hawaasaa koodii kanaan beekamtii argate waan ta'eef, tumaaleen waraqaa waamichaa falmii idilee ilaallatan akkuma haala isaatti raawwatamummaa kan qaban ta'uu isaa agarsiisa. Dabalataanis, seerumti kun kwt.386(1) jalatti... *to show cause why the decree should not be executed (በተወሰት ቀንሮ ቀርቦ ምርቱ አት ቭወ ም ባምቃወምበፒት ምክንቨፒ አትታቨሰረ ቭተዘዛል)* jedha**.** Kana irraa wanti hubatamu, abbaan idaa kun murtii kana sababa quubsaa akka hin raawwanne isa taasise qabaachuu waan danda'uuf, sababa kana mana murtiitti dhageessifachuu akka danda'uudha. Kun immoo mirga dhagamuu isaa argisisa waan ta'eef, kenniinsi waraqaa waamichaa akkuma dhagaha dhimmaa idileetti xiyyeeffaannoon ilaalamuu akka qabu namatti mul'isa.

[19]. Black's Law Dictionary, seventh edition, Bryan A.Garner(chief Editor), (ST.PAUL.MINN, 1999)

Abbaan mirgaas akkaataadhuma armaan olitti ibsineen, maloota waraqaa waamichaa seericha keessatti boqonnaa III jalatti tarreeffamanii jiran hordofee waraqaan waamichaa sun sirnaan abbaa idaa gahuu isaa mana murtii amansiisuu qaba jechuudha.

Gaaffii Marii

1. Qabatamaan waraqaan waamichaa akkamitti abbaa idaa gahaa jira? Muuxannoo qabdan kaasuun irratti mari'adhaa.

4.2. Hafiinsa falmitootaa fi Bu'aa hordofsiisu

Waraqaan waamichaa sirnaan himatamaa gahee deebii isaa kennatee guyyaa dhagahaatiif beellamamee yeroo jedhutti, sirni itti aanu bitaa fi mirgi falmiif dhiyaachuu qabu. Guyyaa sanatti beellama irraa bitaa fi mirgi, ykn gareen tokko yoo hafe, bu'aan isaa akkaataa S.d.f.h.h. kwt. 69-78tti jiraniin hogganama. Sirni kun immoo akkuma mata duree olii jalatti ibsame, kutaa IV jalatti waa'ee hafiinsa falmitootaa dhagaha himata duraa ykn dhagaha dhimma ol-iyyannoo dubbata malee waa'ee raawwii waan ibsu hin qabu. Haa ta'u malee, s/d/f/h/h/ kwt.386(3) yeroo ilaallu, abbaan idaa beellama irraa yoo hafe, manni murtii kallattiidhumaan ajaja raawwii itti fufuu akka danda'u tumee jira. Gama biraatiin immoo wanti raawwatamuuf deemu qarshii callaa taanaan, abbaan idaa kun dirqamaan to'atamee dhiyaachuu akka qabu tumaan kun lakkoofsa xiqqaa 4 jalatti ibsee jira. Sirna dhagaha duraa fi ol-iyyannoo irratti garuu waraqaan waamichaa sirnaan himatamaa/deebi kennaa/ gahee yoo hafee jiraate, dirqamaan dhiyeessuun hin jiru; falmiin bu'uura S/d/f/h/h kwt.70(a)tiin bakka hin jirretti itti fufa. Tumaa 386(4) irratti abbaan idaa hafuu isaatiin abbaan mirgaa waan miidhamuu danda'uuf dhiyaachuun abbaa idaa dirqama waan ta'e fakkaata. Tumaa boodaa irratti garuu himatamaan falmii irraa hafuu isaatiin ofumaa miidhama; mirga dhagahamuu dhaba malee falmii irratti gufuu hin ta'u. Kanaaf, tumaaleen kun bu'aa hafiinsa irratti garaagarummaa akka qaban asuma irraa hubachuun ni danda'ama.

Sadarkaa raawwiitti yeroo abbaan idaa beellama irraa hafu, manni murtii ajaja barbaachisaa akka kennu S/d/f/h/h kwt. 386(3) ni ibsa. Ajaja barbaachisaa kan jennu kun maloota adeemsa raawwiif kaa'aman kanneen S/d/f/h/h kwt. 394 fi itti aananii jiran ni dabalata. Haa ta'u malee, Manni murtii abbaan idaa qabamee akka dhiyaatu kan ajaju bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.386(4) fi 387

qofaadhaan ta'uun isaa beekamuu qaba. Innis yeroo murtiin raawwatamu qarshii callaa ta'ee fi abbaan idaa raawwii danquudhaaf ykn laffarra harkisuudhaaf naannoo irraa yoo bade ykn dhokate ykn qabeenyaa isaa guutummaan ykn gar-tokkeen yoo buqqisee balleessuuf jedhe ykn qaama biraatti dabarsuuf yoo jedhe ajaja qabiinsaan akka dhiyaatu seerichi ni ibsa. Qabatama manneen murtii keenyaa yeroo ilaallu garuu, abbootiin seeraa tokko tokko gosa dhimmaa osoo adda hin baafatin abbaan idaa waanuma beellama irraa hafeef qofa ajaja qabiinsaa kennaa oolu.

Gama biraatiin immoo yeroo abbaan mirgaa fi abbaan idaa beellama mana murtii irraa hafan, manni murtii maal gochuu qaba kan jedhu irratti seerri deemsa keenya waan ibsu hin qabu. Seerri deemsa falmii hariiroo hawaasaa biyya Hindii kan seerri keenya irraa waraabame illee dhimma kana irratti waan dubbatu hin qabu. Ta'us garuu qabatamaan hojii keessatti manneen murtii tokko tokko abbaan mirgaa yommuu hafu, bu'uura S/d/f/h/h kwt.73 tiin galmee yeroo haqan ni mul'ata. Akkasumas, yeroo abbaan mirgaa fi abbaan idaa guyyaa beellamaa hafan, abbootiin seeraa bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.69(2) tiin galmee yeroo cufan ni mul'ata. Abbootiin seeraa tokko tokko immoo tumaaleen seeraa kun adeemsa falmii hariiroo hawaasaa keessaa sadarkaa dhagaha dhimmaa qofaa irratti fayyada malee sadarkaa raawwiitti tumaalee rogummaa qaban miti jechuun ejjennoo yeroo qabatan ni mul'ata. Ejjennoo isaanii sababaan yommuu cimsan sababuma tumaan seeraa dhimma kana hogganu hin jirreef, tumaa rogummaa hin qabne ibsuun sirrii miti jechuudhaan tumaa seeraa tokko illee osoo hin ibsin akkasumatti galmee kan cufanis ni jiru. Abbootiin seeraa tokko tokko immoo dhimmi kun ajajni mana murtii raawwatamuu fi raawwatamuu dhabuu waliin kan walqabatu waan ta'eef, tumaalee kwt.192-199 jiran raawwatamummaa qabaachuu qaba jechuun bu'uura tumaalee kanaan galmee yeroo cufanis darbee darbee ni mul'ata.

Gaaffiilee Marii

1. Ejjennoowwan kanneen keessaa isa kamtu bu'uura seeraa qaba jettu? Maaliif?
2. Abbaan idaa waraqaan waamichaa sirnaan gahuu isaa mirkaneeffattanii beellama irraa yeroo hafu maal gochaa turtan? Muuxannoo keessan kaasaatii irratti mari'adhaa.
3. Abbaan idaa bu'uura s/d/f/h/h/ kwt.386(4)tiin qabamee yommuu dhiyaatu, carraa mormii kaasuu qabaa?

Dhimma 7ffaa

Dhimmi kun Dh/Ij/M/M/W/Federaalaatiin jildii 11ffaa lakk.galmee 52110 ta'e irratti ilaalamee murtii kan argateedha. Ka'umsi dhimmichaa mana murtii magaalaa Aksum yoo ta'u, A/de Yihdaga Saamu'eel N-3 fi A/de Asaffuu Saamu'eel N-12 gidduutti M/M/Magaalaa Aksumitti Lakk.galmee R.05063 ta'e irratti geggeeffamaa tureedha. Wal-falmitoonni kun qabeenya dhaalaa irratti wal-falmaa turanii murtii erga argateen booda, waamamtoonni iyyata raawwii dhiyeeffatanii Waxabajii gaafa 29/2000 beellama irraa waan hafaniif galmeen raawwii cufameera. Sana booda waamantoonni bu'uura S/d/f/h/h/ kwt. 78(1)tiin galmeen akka socho'uuf gaafatanii turan. Haaluma kanaan, M/M/Magaalaa Aksum waamamtoonni yeroo garaagaraa hafaa turuu isaanii ibsee iyyaticha kufaa yommuu godhu, MMWT fi Dhaddachi Ijibbaataa Naannoo Tigiraay immoo iyyatichi bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.78(1)tiin ilaalamuu qaba jedhanii murtii jalaa diiganiiru.

Dh/Ij/M/M/W/F/ dhimmicha qoratee erga jedheen booda, ijoo dubbii "*dhimma raawwiin wal-qabatee bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.78tiin irra deebi'amee akka ilaalamu gochuun seera qabeessa moo miti?"*kan jedhuu fi ijoo biroo illee qabatee dhiyeessisuun falmisiiseera. Ol-iyyattoonni galmeen kun bu'uura S/d/f/h/h/ kwt. 78tiin irra deebi'amee ilaalamuun isaa sirrii miti jedhanii yommuu falman, waamamtoonni immoo:-dhimmichi dhimma raawwii yoo ta'es, Manni murtii wal-fakkeessee hiikuun/*by analogy*/ xiinxaluun isaa roga qabeessa jechuun ajaji jalaa akka cimu gaafataniiru. Manni murtii W/Federaalaa Dhaddachi Ijibbaataa kunis dhimmicha qoratee erga jedheen booda, Manneen murtii jalaa bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.78(1)tiin ilaalamuu qaba jedhanii ajajuun sirrii miti jedhee murtii jalaa diigeera.

Gaaffiilee Marii

1. Murtii kana akkamitti ilaaltu? Muuxannoo keessan wajjin kaasaatii irratti mari'dhaa.
2. Murtii Mana murtii isa kamtu sirriidha jettu? Maaliif?
3. Abbaan mirgaas abbaan idaas waluma faana yoo hafan hoo? Abbaan mirgaa deebi'ee galmee sochoofata moo haaraa iyyata?

Dhimma 8ffaa

Dhimma raawwii MMA/Adaamaatti lakk.galmee 61202 ta'e irratti M/A/Mirgaa A/de Yeshii Dhaabii fi M/A/Idaa A/de Alamii Makkoo gidduutti geggeeffamaa ture irraa fudhatame. Kan murtaa'e qooddaa qabeenyaa dhaalaa yoo ta'u, manni murtichaa dhaddacha gaafa 04/12/2004 ooleen Bulchiinsi gandaa akka raawwachiisu ajajee bu'aa raawwiif gaafa 30/12/2004tti beellamee osoo jiruu, akka tasaa bitaa fi mirgi guyyaa beellamaatti osoo hin dhiyaatin hafanii jiru. Bulchiinsi gandaa ajajamee jiru immoo manaan alatti murtiilee kaan raawwachuu gabaaseera. Haaluma kanaan, Manni Murtichaa ajaja yeroo kennu:- bitaa fi mirgi waan hafanii jiraniif qabeenyaa manaa ilaalchisee fala kennuun hin danda'amu jechuun bu'uura S/d/f/h/h/ kwt 69(2)tiin galmee cufee jira. Sana booda, M/A/Mirgaa iyyata gaafa 13/02/2010 dhiyeeffatteen dhukkubsadheen ture waan ta'eef,guyyaa beellamaa dhiyaachuu hin dandeenye jechuun galmeen deebi'ee socho'ee qabeenyaan hin qoodamin hafe akka naaf qoodamu jettee karaa bakka bu'aa ishee iyyattee jirti. Manni murtichaa immoo dhaddacha gaafa 13/02/2010 ooleen ajaja yeroo kennu:-"iyyattuun dhukkubsachuu isheetiif ragaan kana mirkaneessu waan hin jirreef, qarshii seerummaa irra deebitee kaffaltee galmee haa sochooffatu" jedhee jira.

Gaaffiilee Marii

1. Ajaja mana murtii kana akkamitti ilaaltu? Akkaataa itti galmeen kun cufamee fi deebi'ee socho'e bu'uura seeraa qaba jettanii yaadduu?
2. Abbaan mirgaa yoo hafe tumaan S/D/F/H/H/ kwt. 386 deebii hin kennu. Kanaaf, yoo abbaan mirgaa hafe maaltu godhama? Iyyata isaatu cufama moo ni haqama? Manneen murtii tokko tokko bu'uura S/d/f/h/h/ kwt. 69/(2) fi 73tiin yoo cufan, abbaan mirgaa yoo deebi'ee raawwii barbaade, galmee sochoofata moo haaraa saaqqata? Muuxannoo keessan kaasaatii S/d/f/h/h/ kwt. 69(2), 73 fi 384 faana irratti mari'adhaa! Galmeen akkasii mirga ol-iyyannoo ni qabaa?

Dhimma 9ffaa

Dhimma Raawwii Mana murtii A/Adaamaa lakk.galmee 103366 ta'e irratti M/A/Mirgaa Obbo Birhaanuu Tashoomaa faa N-2 fi M/A/Idaa Waldaa ELSE Addis Industrial Development PLC, ta'e gidduutti geggeeffamaa ture irraa kan fudhatameedha. Dhimmichi dhimmahojjetaa fi hojjechiisaa ta'ee manuma murtii kanatti murtii kan argateedha. M/A/Mirgaa 1ffaaf qarshii18,976, M/A/M 2ffaaf qarshii19,292tu murtaa'ee raawwii kanaaf dhiyaate. Kanumaan,

beellama jalqabaa irratti bitaa fi mirgi osoo hin dhiyaatin waan hafaniif, dhaddacha gaafa 03/08/2009 ooleen M/A/Mirgaa fi M/A/Idaa waan hin dhiyaanneef galmee cufnee mana galmeetti deebifneerra jechuun tumaa seeraa utuu hin ibsin ajaja kenneerra. Dhaddacha gaafa 25/09/2009 ooleen immoo M/A/Mirgaa galmeen nuuf haa socho'u jedhanii waan iyyataniif sababa isaa osoo hin ibsin, tumaa seeraas osoo hin ibsin galmee sochoosee beellamatti deebiseera.

Gaaffiilee Marii

1. Ejjennoon Mana murtii kanaa maal isinitti fakkaata?
2. Akkaataa kanaan osoo M/A/Mirgaa beellama irraa deddeebi'anii hafanii hanga yeroo meeqaatti galmeen deddeebi'ee socho'a jettanii yaaddu? Seerri waan jedhu qabaa?

Dhimma 10ffaa

Dhimma ol-iyyannoo Raawwii MMO G/Arsii Lixaatti lakk.galmee 38343 ta'e irratti M/A/Idaa Jamaal Huseen fi M/A/Mirgaa Saamiraa Boonsamoo gidduutti geggeeffamaa ture irraa fudhatame. Raawwiin dhimma kanaa mana murtii Aanaa Magaalaa Shaashamanneetti kan jalqabe yoo ta'u, komiin M/A/Idaa dhiyeeffatee jiru "raawwiin geggeeffamee jiru murtii haadhoo irraa kan maquudha waan ta'eef, naaf sirrachuu qaba" kan jedhuudha. Utuu kanaan jiruu guyyaa beellama falmii afaanii bitaa fi mirgi waan hafaniif, manni murtii ol'aanaa bu'uura S/d/f/h/h/ kwt. 69(2)tiin galmee cufee deebiseera.

Gaaffii Marii

- Ajaja kana akkamitti ilaaltu? Dhimma raawwii irratti ol-iyyatamee bitaa fi mirgi yoo hafan muuxannoon jiru maal fakkaata?

Dhimma 11ffaa

Dhimma Raawwii MMWO Dhaddacha Kibbaa lakk.galmee 238733 ta'e irratti M/A/Mirgaa Alamituu Galatoo fi M/A/Idaa Lataa Gammachuu gidduutti geggeeffamaa ture irraa fudhatame. Dhimmichi jalqabi isaa galmee haadhoo 238523 ta'e irratti dhaddacha gaafa 27/03/2009 ooleen himatamaan himattuuf qarshii866,850 haa kaffalu jedhee manumti murtii kun kan murteesse irraa raawwiiin kun eegale. Himanni raawwii saaqamee M/A/Idaatti waraqaan yaamichaa bahee

gandi barbaadeen dhabe jedhee mana murtichaaf yommuu gabaasutti, M/A/Idaa waraqaan waamichaa itti ergamee barbaadamee waan dhabameef jechuun bu'uura S/d/f/h/h/ kwt. 70(a)tiin galmeen raawwii kun bakka M/A/Idaa hin jirretti itti haa fufu jechuun ajajee jira.

Gaaffii Marii

- S/d/f/h/h kwt.70(a) falmii raawwii irratti fayyadamuu dandeenyaa? M/A/Idaa osoo adeemsa raawwii irra jiruu yoo dhiyaate, S/d/f/h/h/ kwt.72 fayyadamuu danda'aa? Raawiin himatamaan kun osoo gidduutti dhufee dhaddacharratti nan raawwadha jedhee ajaja kenname maal goona?

2.3. Murtiin Abbaa Idaa qorachuu

Akkuma beekamu, abbaan idaa fedhii isaatiin ajaja mana murtiin alatti yoo raawwachuu dide, abbaan mirgaa mana murtiitti iyyata raawwachiisaa dhiyeeffata. Iyyati kun ulaagaa seerri barbaadu guutuu isaa manni murtii yommuu mirkaneeffatu, waraqaa waamichaa wajjin abbaa idaa qaqqabsiisee akka dhiyaatu taasisee maaliif akka hin raawwanne qorannaa taasisa. Abbaan idaa erga dhaddachatti dhiyaateen booda raawwii murtii irratti mormii kaasuu danda'a[S/d/f/h/h/ kwt. 386(2)]. Abbaan idaa gaaffii mana murtii fi abbaa mirgaa irraa isaaf dhiyaatu kakuudhaan deggeree deebisuufii qaba. Mormii abbaan idaa kaasu kana manni murtii galmeessee ajaja barbaachisu itti kennuu qaba jechuudha.

Manni murtii yeroo abbaa idaa waamee qoratu, abbaan idaa mormiiwwan akka darbiinsa yeroo, dandeettii dhabuu isaa, abbaa idaatiif manni murtii murtii/decree/ kennee ture yeroo kenneeraaf (***grace period)*** yoo ta'ee fi yeroon sun kan hin xumuramne yoo ta'e, akkaataa murtiitti raawwateera yoo ta'e, bakka bu'aan abbaa mirgaa bakka bu'iinsa seeraa qabeessa kan hin qabne yoo ta'eefii kan biroo ta'uu mala[S/d/f/h/h/ kwt.375, 378, 384 fi 392 ilaalaa]. Mormii kana abbaan idaa kakuudhaan ibsuun akkuma jirutti ta'ee, manni murtii dhimma kana qulqulleessuuf ragaa namaa ykn sanadaan qulqulleessuu danda'a.[20] Akkuma manni murtichaa qulqulleesseen, abbaan idaa murtii sana raawwachuu kan hin dandeenye yoo ta'e, adeemsa raawwiitti osoo hin darbin hafa jechuudha. Ta'us garuu, abbaan idaa yeroo humna argatu kamitti iyyuu raawwii murtii itti fufuuf wanti mana murtichaa dhorku hin jiraatu (S/d/f/h/h/ kwt 392(2)).

[20].Ethiopian Civil Procedure, Robert Allen Sedler(B.A, LL.B), Haile Sillasie I University with Oxford University Press, 1968, p.274, par.2., Eth.Cvpr.386(5)

Bu'uura s/d/f/h/h/ kwt.386(2) tiin M/A/Idaa dhaddacha irratti erga dhihaatee booda, manni murtii yaada utuu irraa hin fuudhin dura kakachuu akka qabuu fi erga kakatee booda raawwii irratti yaada kennuu akka qabu tumee jira. Haa ta'u malee, qabatamaan manneen murtii naannoo keenyaa keessatti yaada isaa kakuudhaan deggeranii fuudhuun qulqulleessuun hin jiru. Akkuma abbaan idaa dhiyaateen maaliif raawwachuu didde ni hidhamta moo ni raawwatta jechuun alatti darbanii maaliif akka inni hin raawwanne wanti qoratamus ta'ee carraan abbaa idaatiif kennamu hin jiru. Seerri garuu mormiin seera qabeessi yoo dhiyaate kakuudhaan deggeramee qulqullaa'uu akka qabu ni tuma. Dhimmi kun diddaa raawwii jalatti qabatamaan hojii keessatti maal akka fakkaatu dabalataan ni ilaalla.

Gaaffiilee Marii

1. Bu'uura s/d/f/h/h/kwt.386(2) tiin kakuu M/A/Idaa raawwatu barreeffamaan kan dhihaachuu qabuudhamoo? afaaniin dhaddacha irratti kan kakatuudha jettanii yaaddu? Maaliif?
2. Abbaan idaa raawwii murtii irratti mormii bu'uura seeraa qabu akkamii kaasuu danda'a jettanii yaaddu?S/d/f/h/h/ kwt.386(2) faana muuxannoo keessan kaasaatii irratti mari'adhaa.

2.4. Raawwii diduu fi Bu'aa isaa

Raawwiin falmii adeemsa murtii/litigation/ keessaa isa dhumaa yoo ta'u, murtiin kenname raawwii barbaada taanaan adeemsi falmii kun xumurameera kan jedhamu yoo raawwatame qofaadha. Kana jechuun murtiin hundi raawwii barbaada jechuu miti. Fkn:-hiikkaan gaa'ilaa, ragaan dhalatummaa, fi kkf raawwii hin qaban. Sababni isaa ajaji ykn murtiin kennamuu irratti uumama isaatiin abbaan idaa waan hin jirreefiidha. Haa ta'u malee, murtiiwwan raawwii barbaadan keessatti haala kamiinuu akka raawwatamu gochuun dirqama mana murtiiti. Abbaan idaa dirqama murtiin isa irratti gate of irraa buusuu qaba. Kanaa ala itti gaafatamummaa kan hordofsiisuudha.

Akkamitti itti gaafatamummaa hordofsiisa kan jedhu ilaalchisee, akka qajeeltootti dhimmi hariiroo hawaasaa qabeenyaa ykn tajaajila ogummaa/service/ irratti kan xiyyeeffatuudha malee mirga walabummaa qaamaa/*the right to liberty*/ daangessuuf kan qaaceffame miti. Kana jechuun raawwii keessatti manni murtii akkaataa itti qabeenyaa abbaa idaa irratti

raawwachiisuu danda'u mala dhahuu qaba malee akka qajeeltootti abbaa idaa hidhuudhaaf adamsuun kaayyoo seerichaa miti. Kana irraa kan ka'e, seerichi S/d/f/h/h/ kwt 386 jalatti abbaan idaa dhiyaatee akka qoratamu taasisee jira. Abbaan idaa kun waraqaan waamichaa gahee hafuu danda'a, ykn dhiyaatee ani qarshii hin qabu jechuu danda'a ykn immoo ani hin raawwadhu jechuu mala. Akka qajeeltootti M/A/Idaa waraqaan waamichaa gahee yoo hafe, manni murtii adeemsa raawwii itti fufa jedha malee abbaa idaa qabee hidha hin jedhu(S/d/f/h/h/ kwt 386(3)]. Adeemsi raawwii kun immoo qabeenyaa abbaa idaa dhorkuun gurguruu ykn wabii waamuun akka raawwatu gochuu fi kan biroo dabalata(*Waa'ee qabeenyaa dhorkuu boqonnaa sadii jalatti bal'inaan kan ilaallu ta'a*). Haa ta'u malee, abbaan idaa raawwii dideera kan jedhamu yoomiidha? Akka S/d/f/h/h/ kwt 389 irraa hubatamutti, manni murtii qorannaa barbaachisaa […ተ ቢዉት ምርመራ ጸወ መ ቡሃላ:] abbaan idaa:-

- Yoo sababa quubsaa malee hin raawwadhu jedhee dide, dhorkaa qabeenyaa diduu illee ni dabalata,
- Yoo manni murtii abbaan idaa raawwachuudhaaf humna qabaachuu isaa adda baafatee fi abbaan idaa hin raawwadhu kan jedhu ta'eedha.

Yeroo kana manni murtii abbaan idaa murtii biraatiin hidhaa hin jiru yoo ta'e, hanga baatii jahaatti mana murtii siiviliitti akka hidhamu ajajuu danda'a[S/d/f/h/h/ kwt 389(1)]. Haa ta'u malee, qabatamaan hojii keessatti maaltu raawwatamaa jira kan jedhu yoo ilaalle, manneen murtii keenya qabeenya M/A/Idaa hordofuu dhiisanii abbaa idaa hidhaa ooluun bal'inaan mul'ata. Abbaan idaa kun haalota armaan olitti ibsameen ala akka feeteen kan hidhamu yoo ta'e, jireenya abbaa idaa dararaa fi yaaddoodhaaf kan saaxiluudha. Keessattuu, nama hojii guyyaatiin jiraatuu fi nama hirkattoota maatii qabu yoo ta'e, deddeebisanii hidhuun hangam darara cimaa maatii isaa irratti akka fidu tilmaamuun nama hin dhibu.

Gama biraatiin immoo akkaataa S/d/f/h/h/ kwt.389 tti namni qoratamee hidhamee jiru akkaataa S/d/f/h/h/ kwt 390 tti to'annaa jalaa bahuu danda'a. Kunis kallattii lamaan yoo ta'u, inni jalqabaa yoo abbaan idaa kun haala kamiinuu murticha kan raawwate yoo ta'e, inni lammataa immoo yoo abbaan mirgaa abbaan idaa hidhaadhaa akka bahu gaafateedha. Abbaan idaa haala kanaan to'annaa jalaa baheera taanaan haala kamiinuu dhimmuma kanaaf irra deebi'ee hidhamuu akka

hin qabne seerumti kun keewwata xiqqaa 2 jalatti tumee jira. Haa ta'u malee, M/A/Idaa idaa itti murtaa'e irraa bilisa ta'uu akka hin dandeenye kwt.391 jalatti ibsamee jira.

Gaaffii Marii

- M/A/Idaa hidhaa keessaa yoo bahe, bu'uura kwt.390(2) tiin yeroo lammataaf deebi'ee hidhamuu akka hin qabne tumamee jira. Gama biraan immoo bu'uura kwt.391 tiin hidhaa keessaa bahuun isaa idaa itti murtaa'e jalaa bilisa akka hin taasifne murameera. M/A/Idaa erga hidhaa jalaa bahee booda ammas raawwachuu yoo dide manni murtii maal gochuu qaba jettu? Kwt.390(2) fi 391 akkamitti walitti araarsuun danda'ama jettu?

Dhimma 12ffaa

Dhimma Raawwii Mana Murtii Aanaa Adaamaa lakk.galmee 105103 ta'e irratti M/A/Mirgaa Simmanyi Kurabbaachew fi M/A/Idaa Takkaalinyi Caakkaa gidduutti geggeeffame irraa kan fudhatameedha. Dhimmichi dhimma qoodaa qabeenyaa dhirsaa fi niitii yommuu ta'u, manumti murtichaa lakk.galmee 99188 ta'e irratti dhaddacha gaafa 30/01/2010 ooleen akka qooddatan kan murteesse irraa raawwichi eegale. Raawwii kana irratti Lafa qarxii 7 kan Waldaan Hojii Oomishtoota Shonkooraa Walii wajjiin Kurriftuuf kirreeffamee jiru keessa kan jiruudha. Manni murtii raawwii itti fufuun qooddaan qabeenyaa fi qabiyyee geggeeffamee bulchiinsi gandaa raawwatamuu isaa ibsuun gabaasa dhiheesseera. Haa ta'u malee, M/A/Mirgaa qabiyyee lafaa ilaalchisee yoo raawwatameyyuu, M/A/Idaa akka ani lafichatti hin fayyadamne na dhorkee jira jechuun dhaddacha irratti ibsiteetti. M/A/Idaa immoo dhaddacha irratti dhiyaatee lafti kun osoo gaa'ilaan jirruu kireeffamee jira jedheera. Kanumaan manni murtichaa M/A/Idaa raawwachuuf fedhii hin qabu jechuun hanga haati mirgaa lafa kana harka galfatutti jedhee dhaddacha gaafa 05/04/2010 ooleen hidhaa baatii 3 adabee mana sirreessaa galchee jira. Dabalataan guyyuma kana namni Ashannaafii Caakkaa jedhamu[obboleessa M/A/Idaa kan ta'e] poolisii M/A/Idaa kana eegaa jiruun"homaa hin fiddan" jedhee waan itti dhaadateef, galees raawwii irratti gufuu ta'uun isaa hin oolu jechuudhaan isas baatii 3 adabee jira. MMO G/A/Adaamaa immoo lakk.galmee 28218 ta'e irratti dhaddacha gaafa 01/05/2010 ooleen manni murtii jalaa abbaan idaa laftichi dursee kireeffame waan jedheef qofa raawwii dide jechuun isaa sababa quubsaa miti. Namni jeequmsa qabiyyee M/A/Idaa irratti yoo kaase immoo seeraan himachuu dandeessi.

Kanaaf, murtiin jalaa kun mirga bilisummaan jiraachuu Heeraa fi seeraan ol-iyyattootaaf kenname kan daangessuudha jechuudhaan diigee bilisaan geggeesseera.

Gaaffiilee Marii

1. Murtiilee Manneen murtii kana akkamitti ilaaltu? Abbaan idaa raawwii dideera jechuun ni danda'amaa?
2. Erga murtiin raawwatamee booda M/A/Idaa qabiyyee raawwiidhaan xumurame kana akka M/A/Mirgaa hin fayyadamne yoo dhorke raawwii diduumoo, bu'uura seera biraatiin ilaalamuu qaba jettu?

Dhimma 13ffaa

Dhimma raawwii lakk.galmee 42725 ta'e irratti M/A/Mirgaa Saadiyaa Misbaa fi M/A/Idaa Kaarimaa Warquu faa N-10 gidduutti MMO Godina Harargee Lixaatti geggeeffamaa ture irraa kan fudhatameedha. M/A/Idaatti kan murtaa'ee jiru baasii fi kisaaraa malee qarshii150,000(kuma dhibba tokkoo fi shantama) yoo ta'u, M/A/Mirgaa immoo qarshii kana dirqisiifamanii akka naaf raawwatan jettee jirti. Tarree qabeenyaa murtiin abbootiin idaa qabanis akka irratti naaf raawawatamu jettee duukaa dhiyeessitee jirti. Tarreen qabeenyaa dhiyaate kunis akkas jedha:-1) qarshii ol kaawwatan, 2) Hundee bunaa fi Jimaa kataara 50, 3) sa'a dorrobaa qarshii 10,000tti tilmaamu, korma goobaa qarshii8,000tti tilmaamu, fi kkf jechuun hanga kudhaniitti tarreessuun akka murtiin irratti raawwatamuuf gaafattee jirti. Manni murtichaas beellama jalqabaa irratti sababa abbootiin idaa hin dhiyaanneef, poolisiin qabee akka dhiyeessu ajajee jira. Abbootiin idaa kunis qabamanii dhiyaatanii, qarshii hin qabnu qabeenyaa iddoo jimaa fi bunaa waan qabnuuf ni raawwannaaf jedhaniiru. Manni murtichaas kanumaan Waajjirri Bulchiinsa ganda Habroo qabeenya abbootiin idaa qaban shallaggii isaa wajjin tokko tokkoon tarreessee akka dhiyeessu ajajee jira. Haaluma kanaan, gandichi firii bunaa gurguruun akka dhiyeessu ajajee yeroo jedhutti gandichi namoota 10 keessaa A/de Faaxumaan raawwattee kaan didan jedhee yoo gabaasu, M/A/mirgaa immoo namni tokko iyyuu naaf hin raawwanne jettee jirti. Sana booda Waajjirri Poolisii M/A/Idaa kana qabee akka dhiyeessu taasisuun yommuu gaafatu, abbootiin idaa qabeenyaa keenya irratti haa raawwatu malee nuti maallaqa hin qabnu yoo jedhan, haati mirgaa immoo ani tarree qabeenyaa irratti naaf raawwatamuu isaa hin fedhu maallaqa malee jettee jirti. Kana booda manni murtii abbootii idaa to'annaa jalaa baasee firii bunaa tilmaama qarshii15,000'tiin dhiyaate gandi gurguree haadha mirgaatiif akka raawwatu ajaja kenna. Ammas

abbootiin idaa raawwii didan jedhee gandichi waan gabaaseef akka to'atamaniif ajaji baasii ta'a. Kanumaan, abbootiin idaa dhiyaatanii jennaan raawwii didaa jiru jechuun hanga raawwatanitti jedhee bu'uura S/d/f/h/h/ kwt 389(b)tiin hidhaa baatii 6 tiin adabee jira. Dabalataan Bulchiinsi gandichaa tarree qabeenyaa shallaggiin isaa dhiyaate waggaa sadiif akka kireessu ajajee jira. Bulchiinsi gandichaa immoo nama kireeffatu barbaannee dhabne jedhee deebisee gabaaseera. Haaluma kanaan, abbootiin idaa kun ajaja kana komatanii MMWO Dhad. Bahaatti iyyataniiru. Ijoon komiis:-nuti mallaqa callaa hin qabnu, tarree qabeenyaa dhiyaate irratti haa raawwachiifattu jechaa osoo jirruu, utuu raawwii hin gufachiisin nu hidhuun sirrii miti kan jedhuudha. Dhaddachi Bahaa immoo Lakk.galmee 280029 ta'e irratti komii kana fuudhee:- "ijoon dubbii qabiyyeen ol-iyyattootaa akka kireeffamu ajajni raawwii bahuun isaa seera qabeessaa? Qabiyyeen isaanii raawwiif akka qabamu ajajamuun isaa seeran ala kan jedhamu yoo ta'e, sababa kanaan akka hidhaman ajajamuun isaa sirriidha moo miti?"kan jedhu qabatee ni dhiyeessisa jedheera. Boodarra guyyaa beellamaa gaafa 04/07/2010 bitaa fi mirgi beellama irraa waan hafaniif jedhee bu'uura S/d/f/h/h kwt. 69(2)tiin galmee cufee jira.

Dhimma 14ffaa

Dhimma Raawwii MMO Harargee Lixaatti lakk.galmee 46442 ta'e irratti M/A/Mirgaa WALQO Damee Bookee fi M/A/Idaa Waldaa Naasibee fi Hiriyoota isaa (N-9) gidduutti geggeeffame irraa fudhatame. M/A/Idaa qarshii 35,377.07 akka kaffaluuf manumti murtii kun lakk.galmee 46061 ta'e irratti murtaa'ee irraa raawwiin eegale. Kanumaan bakka bu'oonni Waldichaa (M/A/Idaa) beellama irraa waan hafaniif, karaa poolisii akka dhiyaatan ta'eera. Sana booda miseensonni abbootii idaa raawwachuu osoo danda'anii waan oolaniif, bu'uura S/d/f/h/h/ kwt 389(1)tiin miseensa Waldaa keessaa Kaliifaa Ahmad fi Bultumaa Mahaammad kan jedhaman hidhaa baatii 6'n adabneerra jechuun M/A/Sirreessa Habroo galcheera. Sadarkaa Ol-iyyannootti immoo kan ol-iyyate Bultum Mahaammad yeroo ta'u, MMWO Dhaddacha Dhaabbii Bahaa lakk.galmee 281525 ta'e irratti dhaddacha gaafa 16/9/2010 ooleen komiin isaa ni dhiyeessisa jedhee raawwii jalaa dhorkeera. Deebi'ee immoo guyyuma kana ajaja dabalataa "Erga jedhamee booda" jechuun ol-iyyataan wabii qarshii1000 qabsiisee to'annaadhaa akka ba'u ajajee falmii afaaniif qabee jira. Sana booda, dhaddacha gaafa 10/11/2010 ooleen bitaa fi mirgi waan beellama irraa hafaniif jedhee bu'uura S/d/f/h/h/ kwt 69(2)tiin galmee cufee jira.

Gaaffiilee Marii

1. Dhimmoota 13ffaa fi 14ffaa olii keessatti adeemsa raawwii Manneen murtii lamaan keessatti deemamaa ture seera faana yeroo ilaaltan akkamitti madaaltu?
2. Dhimma 13ffaa jalatti tarree qabeenyaa eenyutu dhiyeessuu qaba? ulaagaa maalii guutee dhiyaachuu qaba? Abbaan mirgaa ani tarree qabeenyaa hin barbaadu, qarshii callaa malee jechuun falmii dhihaate akkamitti keessummeessitu?
3. Dhimmoota lamaan ammaa kana keessatti abbootiin idaa beellama irraa hafuu isaaniitiin dhuguma diddaa raawwii argisiisaniiru nama jechisiisaa? Dhimma 13ffaa jalatti, tarreen qabeenyaa dhiyaateera taanaan hanga dhimmi barbaadamuuf hin jirretti dhiyaachuun abbaa idaa dirqama jettuu? Murtii hidhaa MMO Godina Harargee Lixaa kenne akkamitti ilaaltu?
4. Dhimma 13ffaa ilaalchisee Ijoon dubbii MMWO Dhaddacha Bahaa ittiin dhiyeessise akkamitti ilaaltu? Manni murtii kun bu'uura S/d/f/h/h/ kwt 69(2)tiin galmee cufuu isaa hoo akkamitti ilaaltu?
5. Dhimma 13ffaa jalatti Ol-iyyattoonni hidhaa jala taa'anii akka ol-iyyatan beekamaadha. Yeroo kana manni murtii akkamitti bitaa fi mirgi hin dhiyaanne jechuu danda'ama jettu? Namni to'annaa jala jiru akkamitti dhiyaachuu qaba?
6. Dhimma 13ffaa jalatti tilmaama qabeenyaa eenyutu dhiyeessuu qaba? Bulchiinsi gandaati moo ogeessa?

Dhimma 15ffaa

Dhimma Raawii Mana murtii Aanaa Collee lakk.galmee 20782 ta'e irratti M/A/Mirgaa Shaashuu Jundii faa N-2 fi M/A/Idaa Jamaal Jundii gidduutti geggeeffamaa ture irraa fudhatame. Falmiin haadhoon qabeenya dhaalaan kan wal-qabatu yoo ta'u, manumti murtii kun lakk.galmee 20209 ta'e irratti dhaddacha gaafa 11/07/2009 ooleen himatamaa dabalatee lafa qonnaa bakka shanii qixxeetti akka qooddatan murteessee jira. Raawwiin kanumarraa kan itti fufe yommuu ta'u, manni murtichaa Bulchiinsi gandaa raawwatee gabaasa akka dhiyeessu ajajee jira. Haa ta'u malee, Bulchiinsi gandichaa gabaasa dhiyeesseen M/A/Idaa dhagaa nutti darbatee jeequmsa nutti kaasuun waan nu ari'eef raawwachuu hin dandeenye jedhee jira. M/A/Idaa immoo yeroo ibsatu: M/A/Mirgaa wajjin wal-lolle malee raawwii hin didne jedhee jira. Haaluma Kanaan, M/A/Idaa murtii kana raawwachuu osoo danda'uu sababa gahaa malee bu'uura murtiitiin akka hin

raawwatamne gufachiiseera jechuun akkaataa *Seera Yakkaa bara 1996 bahe kwt.449(1b)tti hidhaa ji'a sadii adabee* jira. M/A/Idaa kun murtii kana komatee MMO godina Arsiitti yommuu deemu, lakk.galmee 77125 ta'e irratti dhaddacha gaafa 18/04/2010 ooleen M/A/Idaa raawwii diduun isaa mul'ataadha; garuu erga to'annoo seenee booda dhimmichi waan raawwatameef, falmii bitaa fi mirgaa irraa illee waan hubatameef, ol-iyyataan Mana Sirreessaa turuun deggersa seeraa hin qabu jechuun murtii jalaa diigee jira. MMWO Dhaddachi Bahaas Lakk.galmee 280128 ta'e irratti murtii MMO kana dhaddacha gaafa 29/06/2010 ooleen cimsee deebiseera.

Gaaffiilee Marii

I. S/d/f/h/h/ kwt. 389 fi S/Y kwt. 449(1) hidhata qabu jettanii yaadduu? Kaayyoon seerota kanaa tokko moo garaagara? Namni bu'uura S/d/f/h/h/ kwt 389 tiin hidhamee fi namni bu'uura seera yakkaa kwt. 449(1) tiin adabame bu'uura seeraa kamiin to'annaa jalaa baha jettu? Bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.389 tiin dirqisiisuuf moo adabuuf(sentencing) jettanii yaaddu? MMO Godina Arsii dhimma kana irratti kenne akkamitti madaaltu?
II. Bu'uura Seera yakkaatiin yeroo ilaalamu, manni murtichaa akkaataa Seera yakkaa kwt 449(1) tti murtii adabbii baatii 3 fuula dura maal murteessuu qaba ture?

2.5. Haala raawwiin qarshii ittiin geggeeffamu

Akka qajeeltootti, waraqaan waamichaa abbaa idaa gahee guyyaa beellamaatti dhiyaachuu yoo hafe, manni murtii ajaja barbaachisu kennee adeemsa raawwii itti fufa[s/d/f/h/h/ kwt 386(3)]. Haa ta'u malee, wanti raawwatamuuf deemu qarshii callaa yoo ta'ee fi abbaan idaa waraqaa waamichaa fudhatee yoo hafee jiraate, abbaan idaa qabamee dhiyaatee dandeettiin raawwachiisummaa isaatii/…***as to his means/*** karaa mana murtii akka qoratamu seerichi ni ibsa[s/d/f/h/h/ kwt 386(4). Murtiin raawwatamu qarshii ta'uu akkuma danda'u, qarshiin murtiilee biroo bifa qabeenyaa abbaa idaa qabsiisuun fi gurguruun kan ittiin raawwatamuudha (S/d/f/h/h/ kwt 394(1) (Qabeenyaa M/A/Idaa ugguruu fi caalbaasiin gurguruu ilaalchisee boqonnaa 3^{ffaa} jalatti kan ilaallu ta'a). Raawwiin qarshii kun kallattii sadiin raawwatamuu akka danda'u seerri ni tuma. Isaanis:-

a. Abbaan idaa mana murtii murticha raawwachiisuuf aangoo qabutti yoo kaffale,
b. Mana murtii alatti abbaa mirgaatiif yoo kaffalee, fi
c. Akkaataa manni murtii murticha raawwachiisu itti ajaje kan biroo ta'uu mala.

Maloota kanneen keessaa mala 2ffaa ilaalchisee, abbaan idaa yommuu abbaa mirgaatiif mana murtii alatti raawwatu wantoota lamaan of eeggannoo gochuu qaba. Innis yeroo qarshii sana kaffalu abbaan mirgaa fudhachuu isaa (wal-amansiisa) /nagahee/certificate/ kennuufii qaba; ykn abbaan idaa sun mana murtii deemee iyyatee guutummaatti ykn hanga irraa kaffale galmeessisuu qaba, manni murtiis galmeessee kaa'uu qaba. Abbaan mirgaas waamamee dhiyaatee iyyata sana irratti yaada isaa ibsachuu yoo hafe, manni murtii kanuma galmeessee kaa'a[S/d/f/h/h/ kwt 396]. Kanaa alatti abbaan mirgaa haaluus danda'a, manni murtiis mormii abbaa idaan kaasuuf beekamtii hin kennu[S/d/f/h/h/ kwt 396(4)]. Qabatamaan garuu hojii keessatti wanti mul'ataa oolu, abbaan idaa ani kaffaleera jedha, abbaan mirgaa immoo naaf hin kaffalle jedhee falmuun jira.

Gaaffii Marii

- Raawwii murtii qarshii ilaalchisee waraqaan waamichaa abbaa idaa gahee yoo hafe, abbaan idaa qabamee akka dhiyaatuuf seerri maaliif addatti tume jettanii yaaddu? Muuxannoo qabdan wajjin kaasaatii irratti mari'adhaa.

Dhimma 16ffaa

Dhimma Raawwii MMO Godina Harargee Lixaatti lakk.galmee 41057 ta'e irratti M/A/Mirgaa Aashaa Turcoo fi M/A/Idaa 1ffaa: Waajjira Bul./A/Odaa Bultuma, 2ffaa: Waajjira Bulchiinsa Lafaa fi Eegumsa Naannoo Aanaa Odaa Bultum, 3ffaa: Waajjira Bulchiinsa Araddaa Miidhagduu, fi 4ffaa; Dhaabbata Konistraakshinii Al-Asab Daandii Asfaaltii gidduutti geggeeffamaa ture irraa fudhatame. Ka'umsi isaa manumti murtii kun lakk.galmee 36680 ta'e irratti dhaddacha gaafa 25/08/2008 ooleen M/A/Idaa qarshii185,600 M/A/Mirgaatiif **walii wajjin akka kaffalan** jechuun kan murteesse irratti raawwiin eegalee jira. M/A/Mirgaa murtichi akkuma raawwatamuuf gaafachuu irraa kan hafe tarree qabeenyaa raawwiif tolu duukaa hin dhiyeeffanne. Boodarra Manni murtii raawwii qabatee jiru kun dhaddacha gaafa 29/9/2008, 08/09/08, fi gaafa 16/10/08 ooleen irra deddeebi'ee Abbaan mirgaa tarree qabeenyaa akka dhiyeeffatu ajajaa ture. Haa ta'u malee, gaafa 22/10/2008 tti MMWO Dhaddachi Bahaa dhorkaa waan ittiin gaheef galmee cufee jira. Deebi'ee MMWO Dhaddachi Bahaa lakk.galmee 244745 ta'e irratti dhaddacha gaafa 09/05/09 ooleen dhorkaa kaasee waan jiruuf jedhee ibsee, gaafa 23/05/09 galmee sochoosee adeemsa raawwii itti fufee osoo jiruu, dhaddacha gaafa 03/06/09

ooleen bitaa fi mirgi waan hin dhiyaanneef jedhee galmee cufee jira[***kwt. seeraa hin caqasne***]. Ammas M/A/Mirgaa dhorkaan MMWO ka'eera waan ta'eef, galmeen akka socho'uuf yommuu gaafattu, Manni murtichaa kan duraan bitaa fi mirgi beellama irraa hafan jedhee galmee cufe dagatee jechuma dhaddacha 03/06/09 ooleen galmee ittiin saaqee tureen galmee sochoosee falmiitti deebisee jira. Kanumaan guyyaa beellamaa abbootiin idaa waan dhiyaachuu hafaniif, hundi isaanii qabamanii akka dhiyaataniif manni murtichaa ajaja baasee jira. Itti dabalees, konkolaataa lakk.gabatee ishe AA-00096 taatee kan qabeenyummaan isaa Dhhaabata M/A/Idaa 4ffaa taate akka to'annaa isaa jala oolchu, akkasumas Waajjirri A/T/Geejibaa konkolaataan kun maqaa dhaabbatichaan jiraachuu fi dhiisuu ishee qulqulleessee akka dhiyeessu ajajee jira. Kanumaan ammas yeroo lammataa waan hin dhiyeessineef irra deebi'ee ajajee jira. Kun utuu Kanaan jiruu, dhaddacha gaafa 11/08/2009 ooleen bakka buutonni M/A/Idaa 1-3ffaa jiran dhiyaatanii manni murtichaa qorateera. Yeroo kana bakka buutonni kun bara baajataa 2010tti yeroo baajeti gadi nuuf dhiifamu raawwanna malee amma baajata hin qabnu jedhaniiru. Dhaabbatni M/A/Idaa 4ffaanis kanuma ibseera. Sana booda, Manni murtichaa yaada kana hin fudhadhu, qabeenyaa qabdu jedhee to'annaa Waajjira poolisii jala akka turan ajajee, M/A/Mirgaa tarree qabeenyaa yoo argatte haa dhiyeeffattu jedheera[***hangamiif akka to'annaa jala turan hin ibsamne***]. Booodarra, bakka bu'aan Dhaabbata M/A/Idaa 4ffaa ani ogeessa, raawwiin itti hin gaafatamu waan jedheef, dhaddacha gaafa 24/08/09 ooleen to'annaa jalaa baasee Bulchaan Aanaa Odaa Bultuma qabamee akka dhiyaatu ajajee jira. Ammas dhaddacha gaafa 08/09/09 ooleen Itti gaafatamaan Dhaabbata M/A/Idaa 4ffaan qabamee akka dhiyaatu ajajee jira. Dhaddacha gaafa 18/09/09 ooleen immoo Waajjirri Poolisii Aanaa Odaa Bultum nama Abraahiim Mahaammad jedhamu qabee waan dhiyeessuu dideef, miindaan Itti gaafatamaa Waajjira Poolisichaa Kom.Taammiraat Gizawuu kan ta'e kan ji'a Caamsaa qabamee kan jiru mootummaaf galii akka ta'u ajajee jira. Utuu kanaan dhaddacha gaafa 30/09/09 ooleen Dhaabbatni M/A/Idaa 4ffaan qarshii46,400 gahee isaa fidee dhaddacharratti bakka bu'aa M/A/Mirgaatiif kaffaleera jechuun erga galmeesseen booda baasii fi kisaaraa M/A/Mirgaa falmii MMWO irratti irra gaheef naaf hin kaffalle waan jetteef, Dhaabbatichi waan xiqqoodha waan ta'eef nan kaffalaaf jedheera. M/A/Mirgaas itti waliigaleera waan ta'eef, M/A/Idaa 4ffaa ilaalchisee wanti irraa barbaadamu hin jiru, kaffalee of irraa raawwateera jedhee dhaddacha gaafa 30/09/2009 ooleen galmeessee ajajaan bira darbeera. Kana booda, M/A/Idaa 1-3ffaa ilaalchisee bakka buutonni ammas hin dhiyaanne jechuun ibsee, WMMD Aanaa Odaa Bultum

miindaa Itti gaafatamaa Waajjira Poolisii kutee galii gochuu isaa gabaasa nuuf haa dhiyeessu jedhee dhaddacha gaafa 5-10-2009 ooleen ajajeera. Itti dabalees, Bulchaa Aanaa Odaa Bultum miindaan ji'a Waxabajjii osoo irraa hin qabamin, sababa dhiyaachuu dideef qaamaan dhiyaatee akka ibsu ajajee jira. Sana booda, Bulchaa Aanaa fi Waajjiri Lafaa baajata 2010 irraa raawwanna jedhanii xalayaadhaan waan gaafataniif, gaafa 04/11/2009tti raawwatanii akka dhiyaatan ajajee jira. Sana booda, ammas raawwachuu waan hafaniif, WMMD Aanaa Odaa Bultuma miindaa Bulchaa Aanaa sun meeqa akka ta'e qulqulleeffatee hangi ajajni biroo qaqqabutti miindaa ji'a Adoolessaa kan bara 2009 akka hin kaffalleef ajajee jira. Itti dabalees, Dhaabbati M/A/Idaa 4ffaan kan duraan falmii keessaa ajaja mana murtiin bahee ture sababa kisaaraa hin kaffalleef, dhiyaatee akka kaffalu jechuun falmiitti deebisee jira. Kun utuu kanaan jiruu beellama gaafa 10/11/09 irratti M/A/Mirgaas osoo hin dhiyaatin waan hafteef, galmee cufneerra jechuun deebiseera. Sana booda, dhaddacha gaafa 11/11/09 ooleen immoo galmeen sababa gahaadhaan**[***maal akka ta'e hin ibsamne***]** socho'eera jedhee galmee falmiitti deebiseera. Kana booda, guyyuma kana M/A/Idaa 1-3ffaa baajata bara 2010 irraa haa raawwatu jedhee gaafa 22/01/2010tti qabee jira. Kanumaan, guyyaadhuma beellamaa M/A/Idaa waan hin dhiyaanneef, WMMD Aanaa Odaa Bultum qarshii93,550 baajata hojii adeemsiftuu Waajjira Bulchiinsa Aanaa Odaa Bultuma irraa muruudhaan abbaa mirgaaf kaffalee bu'aa isaa haa dhiyeessu jedhee ajajee jira. Utuu kanaan jiruu ammaas waan hin raawwatamneef, abbootiin idaa immoo yeroo nuuf kennaa waan jechaa jiraniif, *diddaadha jechuun* Qajeelchi Poolisii Itti Gaafatamtoota ykn B/Bu'ootaa to'annoo jala oolchee haa dhiyeessu jedhee jira. Beellama itti aanutti baajetni hin jiru, *negative* keessa jirra jedhee Itti gaafatamaan Waajjira Lafaa dhiyaachuun ibsa gochuun, Biiroon furmaata haa kennu, yoo barbaachise immoo Waajjirri haa gurguramu jedhee jira. Sana booda to'annaa jalaa baasee Bulchaan to'atamee akka dhiyaatu irra deebiin ajaje. Manni murtichaa ajaja isaa keessatti kanaan dura illee dhimmootni kana fakkaatan baay'inaan 13 ta'an hin raawwatamin waan jiraniif, Bulchaan godina harargee Lixaa qaamaan dhiyaatee fala akka kennu ajajee jira. Kanaan utuu jiruu MMWO lakk.galmee 26503 ta'e irratti miindaa Insp.Taammirat Gizawuu irraa cite ture irratti murtii jalaa diigee akka deebi'uuf ajajee jira. Itti dabalees, Biiroo gaafannee deggersi baajataa nu gahe waan hin jirreef, bara baajataa 2011tti beellamni darbee ni raawwanna jedhee Bulchaan Aanaa fi Bulchaan Godinaa gaafatanii jiru. Kana irratti ajaja tokko illee utuu hin kennin bira darbuun hoji geggeessaan Dhaabbata M/A/Idaa 4ffaan qabamee akka dhiyaatu dhaddacha gaafa 21/5/2010 ooleen ajajee jira. Ajaji kun yeroo lama dabalataan kennameera.

Beellama 4ffaa irratti wanti raawwatame waan hin jirreef, hanga raawwatutti Dhaabbati M/A/idaa 4ffaan dhagaa fi cirracha lafa beenyaa A/Mirgaatiif murtaa'e irraa baasaa jiru akka hojii dhaabus ajajee jira. Ajaja garaagaraa shan booda, M/A/Idaa 4ffaan qarshii isaan irratti murtaa'e keessaa qarshii47,650 A/mirgaatiif dhaddacharratti waan fideef, ajaja qabiinsaa kaaseera. Garuu gahee keenya ofirraa kaffalleerra ajaji dhorkaa warshaa keenya irraa haa ka'u yeroo jedhu, ajaja dhorkaa kennee ture kaasuun, qarshii hafes kaffaluuf dirqama qabdu jechuun akka kaffaluuf beellama kenneeraaf. Haa ta'u malee, beellama itti aanutti abbaan idaa 4ffaan kun dhiyaachuu waan hafeef, qarshii hafes kaffaluu waan dideef, ajaja dhorkaa akka dhaabbatichi hojii dhaabu kaasee ture deebisuudhaan ajaji dhorkaa sun akka barreeffamu dhaddacha gaafa 22/09/2010 ooleen ajajeera. Kana booda, Abbaan idaa 4ffaan kun ani gahee koo kaffaleera, abbootiin idaa 1-3ffaa jiranis itti gaafatamummaa qabu waan ta'eef, isaanis haa gaafataman jechuun dhorkaan kun akka irraa ka'u yoo gaafatu, manni murtichaa dhaddacha gaafa 27/09/2010 ooleen abbaan idaa kun qabeenyaa miliyoonaan lakkaa'amu sochaasa. Kana biratti warra kaan wajjin itti ***gaafatamummaa waliinii*** waan qabuuf iyyati isaa fudhatama hin qabu jechuun kufaa godhee jira. Kanumaan, dhaabbati M/A/Idaa 4ffaan kun ajaja kana komatee gara MMWO Dhaddacha Bahaatti yoo ol-iyyatu, Manni murtii kun lakk.galmee 281887 ta'e irratti ofitti fudhatee, ijoo dubbii "murtiin kenname kan raawwii kanaaf sababa ta'e sana keessatti itti gaafatamummaan ol-iyyataa ***gamtaa fi qeenxeedhaan*** murtaa'eera moo miti?" kan jedhu qabatee erga falmisiisee booda dhaddacha gaafa 11/03/2011 ooleen ***murtiin jalaa itti gaafatamummaan gahee ofii malee kan hundaa filannoon waan hin murtoofneef,*** ajaji mana murtii jalaa sirrii miti jedhee diigee jira. Galmeen kun amma iyyuu hin xumuramne!

Gaaffiilee Marii

1. Adeemsa manni murtii kun deemaa ture haala raawwii qarshii callaan wal-qabatee jiru wajjin akkamitti madaaltu? Galmeen kun hanga kana lafarra harkifamuun nuffisiisaa akka ta'u maaltu taasise?
2. Ka'umsuma irraa kaasee ajaji qabiinsaa, ajaji dhorkaa, ajaji hidhaa, kennamaa ture bu'uura seeraatiin fi muuxannoo qabdaniin akkamitti ilaaltu, akkamitti to'atama, akkamittis to'annaa jalaa baasna? Abbootiin Idaa raawwachuu didan jechuun to'annaa Waajjira Poolisii haa turan jechuun bu'uura seeraa qabaa? Hanga yoomiitti turu?

3. Kan Manni Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Lixaa galmee haadhoo irratti……" himatamtoonni qarshii185,600 ***himattuuf walii wajjin akka kaffalan*** jedhee murteessee fi kan MMWO Dhaddacha Bahaa…….***murtiin jalaa itti gaafatamummaan gahee ofii malee kan hundaa filannoon waan hin murtoofneef*** jedhee ajaja jalaa diigee jiru akkamitti ilaaltu? ***Murtii "tokkummaa fi qeenxeen kennamee fi murtii waliin haa kaffalan jechuun kennamu gidduu garaagarummaan*** jiru maaliidha?
4. Manni Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Lixaa gama tokkoon M/A/Idaa 4ffaan gahee isaa kaffaleera jedhee falmii keessaa baasaa, gama biraatiin immoo booda beellamatti deebisee dirqisiisuun isaa akkamitti ilaalama?
5. Dhorkaan Warshaa Dhagaa Cabsu akka hojii dhaabuuf darbaa ture hoo akkamitti ilaaltu? Dhorkaan kun al-takka kaafamee deebi'ee kennamuun isaa hoo? Ajaji dhorkaa konkolaataa lakk.gabatee AA-00096 kennamee ture maaliif dagatamee hidhaa irratti xiyyeeffatame jettu?
6. MMO Godina Harargee Lixaa Kom.Taammirat Gizawu ajaja raawwachuu dide jechuun miindaan isaa baatii Caamsaa akka mootummaaf galii ta'u ajajuun isaa akkamitti ilaalama? Maal ta'uu qaba ture jettu?

2.6. Raawwii qabeenya socho'aa adda bahee beekamaa ta'e irratti geggeeffamu

Akka seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa biyya Hindiitti, murtiin qabeenyaa socho'aa murtaa'aa beekamaa ta'e(speficic movable property) ta'e tokko irratti kennamu, karaalee armaan gadiin raawwatamuu danda'u.

1. Qabeenyicha abbaa mirgaatiif dabarsanii harkatti kennuufiidha/delivery/.
2. Abbaa idaa dirqisiisuudhaan/detention/ ykn
3. Qabeenyicha dhorkuun to'annoo mana murtii jala oolchuun/attachment and seizure/ fi
4. Qabeenyicha dhorkuu fi dirqisiisuun ta'uu danda'a.[21]

Akka biyya keenyaatti immoo ifatti bifa kanaan ibsamuu baatus, akka waliigalaatti S/d/f/h/h/ kwt. 399 irraa akka hubatamutti, qabeenyaa sana qaamaan dabarsanii harka abbaa mirgaatti kennuudhaan ykn harka bakka bu'aa isaatti kennuudhaan/up on seizure/ raawwatamuu danda'a

[21] .Indian Code of Civil Procedure , 1908, SECTION 51-A, ORDER 21 RULE 31 OF CPC.

jedhee jira. Haa ta'u malee, adeemsa raawwii keessatti muuxannoon biyya Hindii kun seerota armaan olitti ibsinee jirru keessatti faffaca'ee waan jiruuf, raawwii qabeenyaa socho'aa adda bahee beekamaa ta'eef, malootni armaan olii kun hojiirra ni oolu, ittis hojjetamaa kan jiruudha. Akka fakkeenyaatti yoo ilaalle, abbaan idaa qabeenyicha dabarsee harka abbaa mirgaatti kennuuf hayyamamaa ta'uu yoo dide, bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.389 tiin dirqisiisuun waanuma jiruudha. Kanaaf, malootni kunneen seera keenya keessatti bakka garaagaraatti haala qabatamaa dhimmichaatiin fayyadamuun kan danda'amuudha.

2.7. Raawwii abbootii mirgaa hedduu abbaa idaa qabeenya gahaa hin qabne irratti geggeeffamu

Abbaan mirgaa himata raawwii saaqqatee jiru tokko qofaa yoo ta'e, abbaan idaa qabeenyaa qaba taanaan hanga kana rakkina hin qabu. Itti dabalees abbaan mirgaa qabeenya kabachiifatee mirga dursaa argatee jiraannaan amma illee gaaffii gamaa kanaan ka'u furuuf nama hin rakkisu. Garuu abbaan mirgaa tokkoo ol yoo ta'ee fi qabeenyaa abbaan idaa qabu idaa itti murtaa'ee jiru yoo duguugee kaffaluu dadhabe, gaaffii anaaf ta'uu qaba jedhu kaasuu mala. Gaaffii gamaa gamanaa anaaf ta'uu qaba jedhamee ka'u kanaaf seerri maal jedha kan jedhu akka itti aanutti kan ilaallu ta'a.

2.7.1. Raawwii abbootii mirgaa mirga addaa hin qabne ykn abbootii mirgaa sadarkaa tokko irra jiran gidduutti geggeeffamu

S/d/f/h/h/ kwt. 403 bal'isnee hiika yommuu itti laannu: qabeenyaan abbaa idaa tokko abbootii mirgaa hedduu sadarkaa walfakkaataa irra jiran gidduutti qoodamuu kan danda'u ulaagaaleen armaan gadii guutamee yoo argamaniidha. Isaanis:- 1) Qabeenyi abbaa idaa to'annoo mana murtii jala jiru yoo ta'e, 2) Qabeenyichi osoo hin fudhatamin dura abbootiin mirgaa iyyannaa raawwii kan dhiyeefatan yoo ta'e , 3) Iyyanni raawwii kaffaltiiwwan murtii maallaqaa abbaa idaa tokko irratti kenname yoo ta'e, 4) Qabeenyi abbaa idaa kun idaa abbootii mirgaa kan hin uwwifne yoo ta'eedha.[22] Kun akkuma jirutti ta'ee, qabeenyaan ulaagaa kana keessa darbee abbootii mirgaa hedduu kanaaf akkamitti qoodamuu qaba gaaffii jedhuuf tumaan seeraa kun ifaan deebii hin kennu. Tumaa kana hubannoof akka tolutti guutummaa isaa akka itti aanutti dhihaateera.

[22]. Robert Allen Sedler, Ethiopian Civil Procedure,1968 Fuula 285.

Kwt.403: Distribution of assets:

Where assets are held by or under the authority of a court and more persons have, before the recept of such assets, applied for the execution of decrees for the payment of money passed against the same judgement- debtor and have not obtained satisfaction thereof, the assets, after deducting the costs of realization shall be distributed among all such persons ***in the prescribed manner ….****(kan afaan Amaaraa immoo* ***…በዉሳኑ መሠረት…)jedha.*** Gaaleen**….** ***in the prescribed manner …*** jedhu maal jechuu barbaadeeti kan jedhu ilaalchisee seerichi hiikoof saaxilamaadha. Seerichi hiikoo waan itti hin kennineef madda seerichaa kan ta'e seera deemsa falmii biyya Hindii ilaaluun barbaachisaadha. Bu'uuruma kanaan Seera deemsa falmii biyya Hindii Section 73(1) yeroo ilaallu haala itti aanuun ibseera:-

Distribution of assets: *Where assets are held by a court and more persons than one have, before the recept of such assets, made application to the court for the execution of decree for the payment of money passed against the same judgement-debtor and have not obtained satisfaction thereof, the assets, after deducting the costs of realization shall be* ***rateably*** *distributed among such persons…* jedha.

Tumaa kana irraa kan hubatamu, abbootiin qabeenyaa akkaataa guddeenyaa fi xiqqeenya mirga isaaniitiin akka qooddatan namatti mul'isa. Fknf:- Abbaa idaatti kan murtaahe qarshii.20,000.00 haa jennu, qabeenyi inni qabu immoo qarshii 10,000.00 yoo ta'e, abbootiin mirgaa sadiitu jira jennee yoo kaane, inni 1^{ffaan} qarshii 7,000, inni 2^{ffaa}n qarshii 8,000, inni 3^{ffaa}n qarshii 5,000 abbaa idaa irraa qabu haa jennu. Yeroo kana akkaataa Seera biyya Hindiitti qabeenya amma qulqulluu qabu murtii tokko tokkoon kennameen baayisuun bu'aa argamu jechuudha. Kunis 10,000/20,000*x= y ta'a "x"n murtii abbootiin mirgaa haaluma mirga argataniin yoo ta'u "y"n immoo bu'aa argamudha[Sedler, p285]. Akka fakeenya kanaatti abbaan idaa jalqabaa qarshii 10,000 x qarshii 7,000/20,000= qarshii 3,500, abbaan idaa 2^{ffaa}n immoo qarshii 10,000 x qarshii 8,000/20,000= qarshii 4,000, inni dhumaa qarshii 10,000 x qarshii 5,000/20,000= qarshii 2500 argata jechuudha. Kaayyoon tumaa kanaas heddumina dhimmaa hanbisuun qabeenyaa abbaa idaa bakka tokkotti abbootii mirgaa hedduu gidduutti haala madaalawaa ta'een qooddachuu

mirkaneesuudha[23]. Qabeenyaan kun immoo "*rateably*" qoodamuudhaaf ulaagaalee armaan duratti ibsame ture yoo guute qofaa akka ta'e barreessaan Sedler ni ibsa.

Tumaan S/d/f/h/h/ biyya keenyaa kwt. 403 seera biyya Hindii irraa waraabamuun isaa kan wal-nama gaafachiisu miti. Ta'us garuu tumaan seeraa inni kan keenyaa kun sababa ifaa hin taaneen, jecha "***rateably***" jettu maaliif akka keessaa hambise beekamaa miti. Seerichi akkaataa barbaadameen ifaa ta'uu dhabuu isaa irraa kan ka'e hojiirra oolmaa isaa irratti abbootii seeraa gidduutti garaagarummaa ni uuma. Ta'us garuu barreessaa fi wixineessaan seera deemsa falmii biyya keenyaa Robert Allen Sedler….jechi ***in the prescribed manner(በወሳኑ መሠረት)*** jedhu *…should be construed to mean "according to the amount that each is entitled to receive at the time of distribution and each decree holder should receive what is called a prorate share of the proceeds"*[24] jedhee dubbata. Kanaaf, akkuma Sedler jedhutti fudhannee muuxannoo biyya Hindii kana itti daballee yoo hojjenne dhama qabeessa fakkaata.

Dhimma 17ffaa

Dhimmi kun M/M/W/O/Dhaddacha Dhaabbii Bahaatiin galmee lakk.281506 ta'e irratti gaafa 24/9/2010 murtii kan argateedha. Ka'umsi dhimmichaa M/M/Ol/Godina Shawaa Bahaa yoo ta'u, ol-iyyataan ammaa(M/A/Mirgaa jalaa) galmee haadhoo lakk.48093 ta'e irratti idaa qarshii 268,961.00 M/A/Idaa 1ffaa, dhaabbata leenjii konkolaachistoota Roboot fi 2ffaa obbo Balaay Shimallis irratti waliin murteessifatee ture akka raawwatamuuf galmee raawwii lakk.50402 ta'e bansiifatee adeemsi raawwii kan jalqabe yoo ta'u, M/A/Mirgaa jalaa(ol-iyyataan ammaa) qabeenya M/A/Idaa jalaa 2ffaa konkolaataa lakk.gabatee ET-3-09059 ta'ee tilmaama qarshii 1660.36 baasuuu fi lakk.gabatee ET-3-19894 ta'e tilmaama qarshii 92,110.4 baasu caalbaasiiin gurguramee akka kaffalamuuf dhiheeffateera. M/M/Ol/Go/Shawaa Bahaa's idaan murtiin abbootii idaa lamaan irratti murtaa'e qarshii 268,961.00 waan ta'eef kana immoo bakka lamatti yeroo qoodnu ga'een M/A/Idaa 2ffaa qarshii 131,480.50 waan ta'eef konkolaataa lamaan gurguruu irra konkolaataa gatiin isaa ol ka'aa ta'e gurguruu wayya jechuun konkolaataa lakk.gabatee ET-3-19894 ta'e akka gurguramu caalbaasii baaseera. Haa ta'u malee, beeksisa caalbaasii 1ffaa fi 2ffaa irratti dorgomaan waan hin argamneef dhaddacha gaafa 20/6/2010 ooleen bu'uura kwt.428(2) tiin ol-iyyataan(M/A/Mirgaa) konkolaataa M/A/Idaa 2ffaa qixa idaa isaatiin

[23]. M.P. Jain, the code of Civil Procedure, Wadhwa Nugpur 2007 edition p.161
[24]. Robert Allen Sedler, Ethiopian Civil Procedure,1968 Fuula 285.

haa fudhatu; qarshii hafeef immoo qabeenya murtiin abbaa idaa yeroo argatutti mirga galmee sochoofachuu eeguun galmee cufeera. Haa ta'u malee, guyyuma kana d/kennaan ammaa(obbo Kabbadee Warqee) kan jedhamu, iyyata bu'uura s/d/f/h/h/ kwt.403 tiin mana murtii kanatti dhiheesseen, M/M/Ol/Go/A/Adaamaa irratti M/A/Idaa 2^{ffaa} kana irratti qarshii 447,357.00 murteessifadhee galmee raawwii lakk.27728 ta'e irratti konkolaataan amma caalbaasiin gurgurame kun gaafa 1/7/2010 caalbaasiin gurguramee qarshiin naaf murtaa'e akka naaf kaffalamu M/M/Ol/G/A/Adaamaa ajajamee jira. Konkolaataan kun caalbaasiin kan gurgurame yoo ta'e, bu'uura s/d/f/h/h/ kwt.403 fi murtii Dh/Ij/Federaalaa jildii 16^{ffaa} galmee lakk.97206 tiin bu'uura idaa M/A/Idaa 2^{ffaa} kana irraa qabnuun herregamee nuuf haa qoodamu jedheera. Manni murtichaas d/kennaa falmitti makee erga falmisisee booda ajaja duraan kenne fooyyessuun bu'uura s/d/f/h/h kwt.403 tiin konkolaataa caalbaasiin gurguramuu didde ol-iyyataa fi d/kennaan qixa idaa isaaniitiin haa fudhatan jechuun haala raawwii isaa irratti, d/kennaan idaa M/A/Idaa 2^{ffaa} kana irraa qabu 447,357 keessaa qarshii 290,000.00 konkolaataa biraa gurgursiisuun M/M/Ol/A/Adaamaa irratti raawwatameefii jira. Idaan d/kennaan(giddu lixaan jalaa) murtiin abbaa idaa 2^{ffaa} irraa qabu baasii kan biroo waliin qarshii 165,454.00 dha. Ol-iyyataan ammaa(M/A/Mirgaa jalaa) immoo qarshii 268,961.00 kan murtiin abbaa idaa irraa kan qabuudha. Idaan waliigalaa murtiin abbaa idaa irraa barbaadamu qarshii 434,415.00 dha. Konkolaataan immoo qarshii 92,110 waan ta'eef akkaataa idaa murtiin abbaa mirgaa irraa qabaniin ol-iyyataan(M/A/Mirgaa jalaa) qarshii 57,026.65 fi d/kennaan ammaa(giddu lixaan jalaa) qarshii 35,081.74 waan ta'uuf kun immoo wal bira qabamee yeroo ilaalamu kan murtiin abbaa mirgaa(ol-iyyataa ammaa) guddaa waan ta'eef, ol-iyyataan qarshii giddu lixaa(d/kennaa ammaa) 35,081.74 kaffalee konkolaataa koodii ET-3-19894 haa fudhatu jechuun murteesseera.

Murtiin abbaan mirgaa(ol-iyyataan ammaa) manni murtii olaanaa qarshii 35,081.74 d/kennaaf(giddu lixaa jalaaf) kaffalii konkolaataa fudhu jechuun isaa sirrii miti jechuun komachuun ol-iyyannoo M/M/W/O/Dhaddacha Dhaabbii Bahaatti kan dhiheeffate yoo ta'u, manni murtii waliigalaas bu'uura s/d/f/h/h/ kwt.337 tiin ol-iyyannoon hin dhiheessisu jechuun murteesseera.

Gaaffiilee Marii

1. M/M/Ol/G/Shawaa Bahaa Murtiin A/Mirgaa(ol-iyyataan ammaa) konkolaataa qixa idaatiin haa fudhatu jechuun galmee erga cufee booda iyyata d/kennaa ammaa(giddu

lixaa jalaa) fuudhee galmee cufe sochoosuun ilaaluun isaa sirriidha jettanii yaadduu? Maaliif?

2. M/M/Ol/G/Shawaa Bahaa M/A/Mirgaa(ol-iyyataan ammaa) qarshii giddu seenaa(d/kennaa ammaa) 35081.74 kafalee konkolaataa haa fudhatu jechuun murteesse akkamitti ilaaltu? Ol-iyyataan(M/A/Mirgaa) fudhachuuf fedhii hin qabu yoo ta'e hoo akkam ta'a? Gama kanaan M/M/W/O/Dh/Dhaabbii Bahaa murtii jalaa cimsuu isaa akkamitti ilaaltu?
3. Dhimma dhihaate kana irraa akkuma hubatamu konkolaataa murtiin abbaa idaa caalbaasiin akka gurguramuuf M/M/Ol/G/Shawaa Bahaatti dhihaate irratti, murtiin abbaan idaa M/M/Ol/G/A/Adaamaa irrattis himatamee waan jiruuf mana murtii kanattis konkolaataan kun caalbaasiin akka gurguramu ajajamee jira. Haalonni kun yeroo mudatan manneen murtii raawwii akkamiin geggeessuu qabu jettu? Muuxannoo qabdan kaasuun irratti mari'adhaa.
4. Qabeenyi raawwiif qabame caalbaasiidhaan namni bitu yoo dhabame, s/d/f/h/h/ kwt.403 akkamitti hojii irra oolchuun danda'ama jettu?

Dhimma 18ffaa

Dhimma Dh/Ij/MMWF Jildii 15ffaa, galmee lakk.88867 ta'e irratti Ol-iyyataa Waldaa Aksiyoona Riyoos Injiineriingii fi D/kennaa Abbaa Qabeenyaa Konistraakshinii Aksum gidduutti geggeeffamaa turee murtii argate irraa fudhatame. Dhimmichi Mana murtii jalqabaa Federaalaatti kan jalqabe yoo ta'u, abbaan idaa qarshii1,172,503.06 abbaa mirgaatiif akka kaffaluuf lakk.galmee 185082 ta'e irratti kan murteesse irraa raawwiin kun jalqabee jira. Abbaan idaa idaa kana kaffaluu waan dideef, M/A/Mirgaa kun tarree qabeenyaa mana maqaa haadha warraa abbaa idaa kan taate A/de Itsegannat Taayyeetiin jiru lakk.isaa 2089 ta'e irratti akka raawwatamuuf yommuu dhiyeeffatu, manichi abbootii mirgaa kan birootiin galmee garaagaraa irratti mana murtichaatti kabachiifamee kan jiruudha. Haaluma kanaan, manni murtichaa iyyaticha ofitti fuudhee erga ilaaleen booda qabeenyaa kana irratti ajaji dhorkaa kan biraa kennamee jira, hanga dhorkaan sun ka'utti ykn hanga abbaan mirgaa qabeenyaa biraa dhiyeeffatutti raawwii kana itti fufuun qabeenyaan kun akka gurguramu gochuun hin danda'amu jedhee galmee raawwii sana cufee jira. Ol-iyyataan ajaja kana komatee MMO Federaalaatti yommuu ol-iyyatu, manni murtichaa hin dhiyeessisu jedhee bu'uura S/d/f/h/h/ kwt 337tiin komii

isaa kufaa godhee jira. Kanumaan dhaddacha Ijibaataa kanatti yommuu iyyatutti, manni murtichaas ijoo dubbii *"ajaji dhorkaa galmee biraa irratti kennamee jiru hanga ka'utti raawiin itti fufuun hin danda'amu jechuun galmee cufuun sirriidha moo miti?*"kan jedhu qabatee dhimmicha dhiyeessisee qoratee jira. Qoratee akka xiinxaletti:-*dhimmi raawwii S/d/f/h/h/ kwt 378 fi kanneen itti aananii jiraniin kan hoogganamuudha. Qabeenyaa abbaa idaa irratti abbootiin mirgaa yoo jiraatan bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.403tiin buluu akka qabu seerichi ni tuma. Dhimmi kunis kanumaan kan bulu ta'ee osoo jiruu hanga dhorki ka'utti jedhamee galmeen cufamuun isaa sirna seeraa kan hordofe miti. Darbees, namni mirga addaa ykn mirga dursaa nan qaba jedhu gaaffii yoo kaase akkuma haala isaatti ilaalamee deebiin barbaachisaan itti kennama malee akkasumatti galmee cufuun sirrii miti. Waan ta'eef, dhimmicha ofitti fuudhee bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.403t iin ilaaluun* ***abbootii mirgaatiif akka murtichaatti (በዉሳኔ መሠረት)*** *qooduufii qaba ture malee galmee cufuu hin qabu*. Manni murtii Ol'aanus kana ilaalee deebii itti kennuu osoo qabuu calliseedhuma cimsuun isaa sirrii miti jedhee murtii jalaa diigee, manni murtii Federaalaa jalqabaa bu'uura S/d/f/h/h/ kwt 403 fi dhimma raawwiif seera rogummaa qabaniin ilaalee murtii raawwii haa kennu jechuun gadi deebiseera.

Gaaffiilee Marii

1. Murtii kana akkamitti ilaaltu? Gaaleen**…***akka murtichaatti***…**"jedhu maali ibsa?
2. Abbootii mirgaa hedduun miindaa hojjetaa haala kamiin dhorkisiifatanii raawwachiifachuu danda'u jettanii yaaddu? S/d/f/h/h/ kwt 404(f) waliin ilaaluun irratti mari'adhaa.

2.7.2. Raawwii Murtii Abbootii mirgaa mirga dursaa qaban gidduutti geggeeffamu

Seerri biyya keenyaa kwt.403 maddi isaa seera biyya Hindii kutaa 73 yoo ta'e illee dabalataan garee mirga dursaa qaban ilaalchisee irra utaaluun isaa seerichi iftoomina akka dhabuuf madda ta'ee jira. Keewwatni kun waa'ee mirga dursaa kan dubbate waan hin jirreef, bu'uuraan kan ilaallatu … *akkaataa murtii isaaniitiin …..*"ykn "***.በዉሳኔ መሠረት...***" kan jedhu kun abbootii mirgaa sadarkaa tokko irra jiran (*creditors on the same status*) haala maallaqa abbaa idaa irraa argame itti qooddatan qofa ibsa. Maallaqni abbaa idaa irraa argame fedhii abbootii mirgaa kan hin guunne waan ta'eef, bu'uura murtii isaaniitiin (Rateably) kaffalamuufii akka qabu armaan dura ilaalleerra. Kana irraa kan hubannu, abbootii mirgaa lamaa fi isaa oli ta'an sadarkaa tokko

irratti argaman yeroo itti jiraatanii fi qabeenyi abbaa idaa idaa irraa barbaadamu uwwisuu yoo hin dandeenye haala madaalawaa ta'een akkaataadhuma fakkeenya armaan olitti ibsineen qooddatu jechuudha.

Haa ta'u malee, maallaqa gaafattoonni hundinuu yeroo hunda sadarkaa tokko irratti argamu jechuu miti. S/d/f/h/h/ kwt 418(1) waraabbii Afaan Amaaraa yeroo ilaallu, namni mirga dursaan qaba jedhu adeemsa raawwii irratti mormii dhiyeessuu akka danda'u lafa kaa'a. Adeemsi mormiin kun ittiin keessummeeffamus seericha jalatti kaa'amee jira. Haa ta'u malee, haala kamiin sadarkeessinee addaan baafna gaaffii jedhuuf seerri deemsaa falmii biyya keenyaa tumaa 418 jalattis ta'e tumaa 403 jalatti homaa hin dubbatu. Tumaan kun seera biyya Hindii keessaa kutee hambisee jira. Haa ta'u malee, keewwattoota kana jalatti namoota mirga dursaa qaban hin tarreessin iyyuu malee seerota adda addaa keessatti mirgi dursa kaffaltii argachuu tumamee jira. Fakkeenyaaf, miindaan hojjetaa, akkasumas namoota qabeenya wabiidhaan qabatanii fi kkf mirga dursaatiin walqabatee deddeebi'anii falmii yoo kaasan ni mul'ata. Kanaaf, abbootii mirgaa kana keessaa kamtu dursa qaba kan jedhuu ilaalchisee seerota biroo ilaaluun dirqama ta'a.

Fakeenyaaf:- Labsiin galii gibra Federaalaa.lak.286/94 kwt. 80(1) jalatti galii gibiraa mootummaa ilaalchisee kan tumame sababa liqaatiin wabiidhaan namoota qabatan irraa kan hafe galiin gibiraa idaa kam iyyuu dursee kaffalamuu akka qabu ifatti kaaheera. Labsiin Galii Gibiraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk.74/1995 illee kwt 89 jalatti kanuma galagalchee tumee jira. Haa ta'u malee, labsiin Federaalaa Labsii 979/2016 tiin diigamee bakka bu'amee jira. Labsiin Mootummaa Naannoo Oromiyaas akkaataadhuma kanaan diigamee Labsii Lakk.202/2009'n bakka buufamee jira. Labsiileen kun bifuma wal-fakkaatuun tumaa mirga dursaa dubbatu keessaa hambisanii jiru. Waan ta'eef, galiin gibiraa kan kanaan dura mirga dursaa qabu jedhamee manneen murtii Oromiyaa garaagaraa keessatti ittiin murtaa'aa ture hafee jira jechuudha. Sababni isaas, labsiileen haaraawwaan kun dhimma kana irratti waa'ee mirga dursaa keessaa hambisanii waan jiraniif, galiin gibira mootummaa akkuma idaa kamiitti kan ilaalamuudha malee mirga dursaa qaba jennee murteessuu kan hin dandeenye ta'uu nama hubachiisa.

Gara abbootii mirgaa mirga dursaa qaban/secured creditors)tti deebinee yoo ilaallu immoo bu'uura S/H/H/ kwt.3041 fi itti aananii jiraniin ykn kwt.2825 fi itti aananii jiran jalatti qabeenyaa

wabiin qabatan irratti maallaqa isaanii sasaabachuuf mirga dursaa akka qabanitti kaa'a. Gama kaaniin xiyyeeffannoon kan kennamuufii qabu labsii hojjetaa fi hojjechiisaa lak.377/96 kwt.167 (*any claim of a payment of a worker arising from employment relationship shall have priority over other payments or debts*) jalatti gaaffiin kaffaltii hojjetootaa waliigaltee hojiirra maddu kamuu idaa kamiyyuu dursa kaffalamuu akka qabu kaa'eera. Kunis kaffaltii miindaa ykn beenyaa ta'uu danda'a. Sababiin isaas, miindaan jireenyaa hojjetichaa fi maatii isaaf hedduu kan barbaachisu waan ta'eef, idaa kamuu dura akka kaffalamuu qabu barbaadameeti.

Kanaaf, galiin gibira mootummaa Labsii Lakk.979/2016 fi Labsii lakk.202/2009 tiin mirga dursaa dur qabu keessaa baheera waan ta'eef, gaaffiin mirga dursaa yommuu ka'utti kaffaltiin miindaa idaa kamirra iyyuu dursa akka qabu, itti aansee mirgi wabiin utubamee jiru/secured creditors/ kaffalamuu akka qabu namatti mul'isa.

Gaaffii Marii

- Dhorkaan kennamu osoo mana murtii garaagaraatiin ta'ee, falmiin mirga dursaa yoo ka'e akkamittiin keessummeessuu dandeenya jettu? Seerri waan jedhu qabaa?

Dhimma 19ffaa

Dhimma Raawwii Mana murtii Aanaa Adaamaa lakk.galmee 103366 ta'e irratti M/A/Mirgaa Obbo Birhaanuu Tashoomaa faa N-2 fi M/A/Idaa Waldaa ELSE Addis Industrial Development PLC, ta'e gidduutti geggeeffamaa ture irraa kan fudhatameedha. Dhimmichi dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa ta'ee manuma murtii kanatti murtii kan argate yommuu ta'u, M/A/Mirgaa 1ffaaf qarshii 18,976, M/A/Mirgaa 2ffaaf qarshii 19,292tu murtaa'ee raawwii kanaaf dhiyaate. Kanumaan, abbaan idaa raawwachuu hin danda'u waan jedheef, M/A/Mirgaa tarree qabeenyaa dhiyeeffatanii jiru. Kana keessaa qabeenyaa M/A/Idaa ta'e konkolaataa Lakk.gabatee isaa koodii 3-20258 OR ta'e irratti akka raawwatamuuf gaafatanii jiru. Manni murtichaas Waajjirri Poolisii konkolaaticha *to'atee* akka dhiyeessu ajajee jira. Kana mormuudhaan Baankiin Misooma Itoophiyaa iyyata gaafa 21/10/2009 dhiyeeffateen bu'uura S/d/f/h/h/ kwt 418tiin gidduu lixuuf gaafatee jira. Mormiin isaas:-M/A/Idaa kun konkolaataa kanaa fi kan biroo wabummaadhaan qabsiisee yeroo garaagaraatti qarshii liqeeffatee deebisuu waan dadhabeef, bu'uura Labsii 97/1990, 98/1990 fi 216/1992 tiin harka galfannee, warshaa fi konkolaata kana dabalatee

gurguruuf caalbasii baafnee namni bitu waan dhabameef, tilmaama gatii isaatiin idaa irra qabnu irraa hir'ifnee qabannee jirra waan ta'eef, raawwiin irratti geggeeffamuu hin danda'u jechuun konkolaataa kana irratti ajaji kenname akka ka'u gaafatee jira. M/A/Mirgaa immoo deebii gaafa 03/11/2009 dhiyeessaniin, nuti M/A/Idaa irratti mirga argannee waan jirruuf, bu'uura Labsii 377/1996 kwt.167 tiin mirga dursaa waan qabnuuf, iyyatni giddu seenaa kufaa ta'ee raawwiin keenya akka itti nuuf fufu jedhanii jiru. Manni murtichaas falmisiisee erga jedheen booda giddu lixaan qabeenyaa konkolaataa kana bu'uura labsii baankii aangessuuf baheen osoo murtiin abbootii idaa hin dhiyeessin of harka galfatee qabatee waan jiruuf, konkolaatichi kan abbaa idaa miti. Waan ta'eef, giddu lixaan mirga dursaa argatee jira jechuudhaan himannaa isaanii kufaa gochuun galmee cufee jira. M/A/Mirgaa murtii kana komachuudhaan MMO Godina Adda Adaamaatti komii isaanii Labsii 377/1996 bu'uura godhachuun dhiyeeffataniiru. MMO kunis dhimmicha ofitti fuudhee qoratee erga jedheen booda, giddu lixaan jalaa kun qabeenyaa konkolaataa kana wabummaan qabadheera haa jedhu malee bu'uura Murtii Dhaddacha Ijibbaataa MMWF Jildii 8^{ffaa} lakk.galmee 40921 tiin M/A/Mirgaa hojjetoota yoo ta'an kaffaltiin dursaa kaffalamuufii akka qabu murtii dirqisiisaa kennuun murteesseera waan ta'eef, manni murtii jalaa ajaja dhorkaa kaasuun isaa sirrii miti. Labsiin hojjetaa fi hojjechiisaa Lakk.377/1996 illee labsiiwwan giddu-lixaan jalaa aangoo ittiin argate labsii lakk.97/90, 98/90 fi 216/92 boodarra waan baheef, mirga dursaa kan qabu hojjetaadha jechuun murtii jalaa diigee manni murtii jalaa qabeenya kana dhorkisiisee gurguruun ol-iyyattootaaf mirga isaanii keessaa baasee kan hafu yoo jiraate giddu-lixaa jalaa kanaaf haa kennamu jechuun murteesseera. Murtii kana MMWO Dhaddachi Bahaas lakk.galmee 276967 ta'e irratti dhaddacha gaafa 09/06/2009 ooleen murtii kana cimsee jira.

Gaaffiilee Marii

1. Adeemsa Manneen murtii Aanaa fi Ol'aanaa keessaa kamtu sirriidha jettu? Maaliif? Dhimma kana keessatti falmiin mirga dursaa ka'uu danda'a jettuu? Maaliif? Muuxannoo keessan kaasuun irratti mari'adhaa.
2. Manni murtii aanaa galmee raawwii cufuun isaa sirriidha jettuu? Maal gochuu qaba ture?

Dhimma 20ffaa

Dhimma raawwii MMO Godina Arsii Lixaatti lakk.galmee 27224 ta'e irratti MA/Mirgaa Hulluuf G/Sillaasee fi M/A/Idaa Mulaat Tsaggaa gidduutti geggeeffamaa turee irraa fudhatame. Dhimmichi jalqaba galmee haadhoo lakkoofsi isaa 26814 ta'e irratti dhaddacha gaafa 22/10/2008 ooleen himatamaan himataaf qarshii 890,850 akka raawwatuuf murteessee kan jiru irraa raawwiin kun itti fufe. Tarree qabeenyaatiin mana Garaajii lakk.kaartaa 5976 ta'e kan lafa km^2 506 irra qubatee jiru irratti akka raawwatamuuf gaafatee jira. Utuu kanaan jiruu Abbaan Taayitaa Galiiwwanii Damee Godina Arsii Lixaa fi Abbaan Taayitaa Galiiwwanii Damee Magaalaa Shaashamannee wal-duraa duubaan iyyata gaafa 06/03/2009 fi gaafa 30/01/2009 dhiyeeffataniiru. Iyyataan duraa iyyata isaa keessatti: himatamaan galmaa'aa taaksii dabalata qabeenyaa/VAT/ ta'ee osoo jiruu gabaasa taaksii dabalata qabeenyaa kan ji'a Eebla bara 2005 hanga Onkoloolessa bara 2009 jiru beeksisuu dhabuu isaatiin adabbiin bu'uura labsii lakk.609/2001 kwt 2(17)tiin qarshii420,000 irratti bu'ee waan irraa qabnuuf, bu'uura S/d/f/h/h/ kwt 418(1)tiin mirgi dursaa nuuf haa eegamu yoo jedhu, iyyataan lammaffaa immoo M/A/Idaa kun gibira mootummaa bara 2004-2007 tti jiru qarshii 747,363.00 hin kaffalin waan jiruuf, bu'uura labsii galii gibiraa fi taaksii lakk.74/1995 kwt.80 tiin mirgi dursaa nuuf haa eegamu jechuun iyyateera. Manni murtichaas falmisiisee erga jedheen booda M/A/Idaa qabeenya biroos waan qabuuf, qabeenyaan kun immoo idaa giddu lixxoonni M/A/Idaa irraa qabna jedhan kaffaluuf gahaa waan ta'eef, jiddu lixoonni kun yoo barbaadan qabeenya biroo qabachuu danda'u jechuun iyyata isaanii kufaa godhee mana jedhame caalbaasiif dhiyeessee jira.

Gaaffiilee Marii

1. Ajaja mana murtii kana mirga dursaa Abbootiin mirgaa dhiyeeffatan wajjin akkamitti ilaaltu? Ejjennoo keessan sababaan deggeraa ibsaa!
2. Dhimmi kun osoo amma isinitti dhiyaatee akkamitti ilaaltu? Waa'een mirga dursaa irratti abbaan idaa qabeenyaa biraa qabaachuu fi dhiisuu isaa qulqulleessuu qabna moo seera ilaalla! Gama kanaan tarkaanfii MMO Godina Arsii Lixaa fudhate akkamitti ilaaltu?

Dhimma 21ffaa

Dhimmi kun Dh/Ij/M/M/W/Federaalaatiin Jildii 7ffaa galmee lakk.29269 ta'e irratti iyyataa Baankii Daldala Itoophiyaa fi obbo Waaleliny Ayyaalew fi A/de Lammachi Laaqew gidduutti dhaddacha gaafa 15/02/2000 ooleen murtii argate irraa fuudhame. Dhimmi kun Bulchiinsa Gojjam Lixaatti Mana Murtii Ol'aanaatti galmee lakk.8291 ta'e irratti kan eegaleedha. Dhimma kana keessatti Obbo Waalleliny abbaa mirgaa yoo ta'an, A/de Lammachi immoo haadha idaa turan. Utuu isaan raawwii irra jiranii Baankiin Daladala Itoophiyaa bu'uura S/d/f/h/h/ kwt 418 raawwii mormuuf iyyata dhiheeffateera. Ijoon iyyata isaas: qabeenyaa manaa abbaa mirgaatiif abbaan idaa akka deebisuu fi maqaa jijjiiruuf ajaji irratti kennamee jiru mirga koo miidha, ajaja kana dursee kabachiifadhee wantan jiruuf ajaji kun akka qabeenyaa kana irraa naaf ka'u kan jedhuudha. Waraqaa kabachiisaa gaafa 28/02/1995 barreeffames itti hidhee dhiyeeffateera. Sanada kana irratti A/de Lammachi sababa dirqama wabummaatiin himatamtee ajaji kabachiisaa kun kan itti kenname ta'uu ibsa. Sana booda manni murtichaa deebii itti kennisiisee falmisiisee erga jedheen booda iyyataan kun qabeenyaa raawwii irra jiru kana irratti ajaja kabachiisaa kennisiisee jiraachuu isaa yoo mirkaneesse iyyuu sababuma kabajameef qofa mirga dursaa kan isaaf kennisiisu miti waan ta'eef, iyyati raawwii addaan haa citu jechuun iyyati dhiyaate kun fudhatama hin qabu jedhee iyyata baankichaa kufaa taasiseera.

Ajaja kana Baankichi komatee MMW naannoo Amaaraatti ol-iyyata dhiyeeffateera. Manni murtichaas dhimmicha ofitti fuudhee ijoo dubbii "*dhimma kana keessatti mirga dursaa eenyutu qaba ture?"* kan jedhu qabatee bitaa fi mirga falmisiisee erga jedheen booda, ol-iyyataan kun dursee mana kana kabachiifachuu isaa yoo mirkaneeffate illee A/de Lammachi qarshii 80,000 yeroo obbo Ayyaalew irraa liqeeffattu, qarshii kana yeroo taa'e keessatti yoon deebisuu baadhe mana falmii kaase kana *bakka* idaa *dabarsuuf* waliigaltee dirqama wabummaa galtee jirti(as secured creditor). Haaluma kanaan, A/de Lammachi qarshii kana yeroo taa'e keessatti kaffaluufii waan dadhabdeef, mana murtii jalaatti himatamtee manicha akka dabarsituuf murtaa'eera. Baankichi immoo erga murtoon kun kennamee booda manichi naaf haa darbu kan jedhu irratti kan himate ta'uunii fi baankichi yeroo himannaa kana kallattiidhaan kabachiifachuun isaa mirga abbaan mirgaa/obbo Ayyaalew/ murtiidhaan argate kan hambisu ta'ee hin argamu waan ta'eef, iyyati ol-iyyataa kun fudhatama hin qabu. Inumaa iyyuu osoo qabeenyichi hin kabachiifamin fuula dura abbaa qabeenyicha irratti gareen biraan yoo murtii murteessifate, bu'uura S/d/f/h/h/

kwt.403 tiin kabachiifamuun isaa qabeenyicha abbaan mirgaa kun akka hin fudhanne hin dhorku jechuun xiinxalee murtii jalaa cimseera.

Ammas Baankichi murtii kana komachuun gara Dh/Ij/M/M/W/F tti ol-iyyata dhiyeeffachuun murtichi dogoggora seeraa isaa bu'uuraa qaba jedhee komateera. Komii isaas yeroo ibsu:-Manni murtii jalaa ol-iyyata dhagahe S/d/f/h/h/ kwt.403 bu'uura godhatee kan xiinxale hiikkoo isaa sirrii kan hordofe miti. Waamamaa 1^{ffaa} dursinee mirga keenya kabachiifannee jiraachuun mirkanaa'ee osoo jiruu, wabummaa seeraan nuuf kenname irra darbamee murtiin kenname dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba kan jedhuudha. Yoo kana ta'uu baate illee nutis abbaa mirgaa taanee osoo jirruu manni abbaa idaa kun gurguramee akka gahee keenyaatti nuuf qoodamuu qaba ture malee guutummaatti waamamaa 1^{ffaa}f kennuun deggersa seeraa hin qabu kan jedhuudha.

Dhaddachi kunis dhimmicha ofitti fuudhee falmisiisee yeroo xiinxalu, ol-iyyataan kun himannaa waamamtuu 2^{ffaa} irratti hundeesseen mana amma falmii kaase kana raawwii murtiif haala mijeeffachuuf kan kabachiifatee jiru ta'uu waan hubatamuuf, wabummaan bu'uura S/d/f/h/h/ kwt. 154 tiin karaa mana murtii kennamee jiru akkaataa S/H/H/ kwt 3044 tti wabummaa mana murtii/Judicial mortgage/ ta'a jedheera. Akkaataa xiinxala mana murtii ol-iyyata dhagaheetti wabummaan waliigaltee irraa qofa akka maddutti fudhachuun isaa sirrii miti. Bu'uura S/H/H/ kwt 3041 tiin waliigaltee qofaa osoo hin taane, wabummaan seera irrraa ykn ajaja mana murtii irraa argamuu danda'a. Dhimma kana keessatti immoo iyyataan wabummaa kana karaa mana murtii waan argateef, abbootii mirgaa kaan irratti mirga dursaan qaba jedhee iyyata dhiyeeffachuun isaa bu'uura S/H/H/ kwt.3059(1) tiin deggersa seeraa osoo qabuu manni murtii jalaa tumaa seeraa rogummaa hin qabne ibsuun murteessuun dogoggora. S/d/f/h/h/ kwt.403 akkuma mata dureen isaa ibsutti qabeenyaan abbaa idaa tokko fedhii mirga abbootii mirgaa kan guutu ta'ee yoo argame, qabeenyichi akkamitti abbootii mirgaa kana gidduutti akka qoodamu kan tumuudha malee akka manni murtii jalaa ol-iyyata dhagahe jedhetti abbaan mirgaa tokko qofti qabeenyichi guutummaatti duguugee akka fudhatu kan taasisu miti. Tumaan kun raawwatamummaan isaa abbootii idaa haala tokko irra jiran gidduutti akkamitti qabeenyaan abbaa idaa kun akka qoodamu kan ibsuudha malee mirga dursaa kan ilaallatus miti jechuun murtii jalaa diigee hoteelli maqaa A/de Lammachiin galmaa'ee jiru kun gurguramee jalqaba gatiin isaa hangi idaa barbaadamu iyyataa kanaaf kennamuu qaba jedhee murteesseera.

Gaaffiilee Marii

1. Murtiilee sadarkaa manneen murtii sadanitti kennaman akkamitti madaaltu? Murtii isa kamtu dhama qabeessa jettanii yaaddu? Maaliif?
2. Mirgi baankiin gaafataa ture kun mirga obbo Ayyaalew wajjin yommuu madaaltanii ilaaltan, bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.403 tiin moo bu'uura S/H/H/ kwt.3059(1) tiin ilaalama jettanii yaaddu? Yaada keessan sababaan deggeraa mari'adhaa!
3. Obbo Ayyaalew osoo Hoteelicha karaa mana murtii dhorkisiifateera ta'ee baankichi mirga dursaa ni qabaataa? Mana murtiin ta'uu isaatiin ykn waliigalteen ta'uu isaatiin garaagarummaan uumamu jiraa?
4. S/d/f/h/h/ kwt.403 jalatti qabeenyaan abbaa idaa yoo fedhii abbootii mirgaa guuteedha moo yoo hanqate fayyada jettu? Xiinxala dhaddacha Ijibbaataa kana akkamitti hubattan?

BOQONNAA SADII

3. QABEENYA RAAWWIIN ABBAA IDAA DHORKUU, GURGURUU FI MIRGA GAREE 3^{FFAA}

Seensa

Adeemsa raawwii keessatti qabeenya abbaa idaa dhorkuunii fi gurguruun murtii tokko raawwachuu keessatti lafee dugdaati. Sababni isaa, murtiin tokko murtaa'uu qofa osoo hin taane, raawwii isaatiin madaalama. Qabeenyaa dhorkuu fi gurguruu keessatti immoo mirga garee 3^{ffaa}tiif xiyyeeffannoo kennuudhaan tiksaa deemuunis barbaachisaadha. Sababni isaa qabeenyaan nuti dhorkinee gurguruuf deemnu tokko qulqulluutti kan abbaa idaa ta'uu qaba ykn qaamni 3^{ffaa}n wabii seenee jiraachuu qaba. Kanaa alatti idaa nama tokkoo itti gaafatamummaa nama biroo gochuu waan dandeenyuuf, mormii qaama 3^{ffaa} fudhachuun qulqulleessaa deemuun dhimma murteessaadha. Waan ta'eef, boqonnaa kana jalatti, qabeenyaan abbaa idaa akkamitti akka kabajamu, qabeenyaan kun akkamitti akka gurguramuu fi waa'ee mirga garee 3^{ffaa} tokko tokkoon kaafanee kan ilaallu ta'a.

Haaluma kanaan, xumura boqonnaa kanaatti, leenifamatoonni:-

- Waa'ee qabeenyaa abbaa idaa dhorkuu, akkaataa itti dhorkamuu fi gurguramu irratti hojimaataa fi seera giddu galeessa godhachuun hubannoo ni gabbifatu,
- Qabeenyawwan dhorkaa irraa bilisa ta'an, kanneen jireenya dhuunfaa abbaa idaa wajjin walitti hidhata qaban irratti hojimaata jiru seeraa wajjin adda baafachuun hubannoo ni dabalatu, ittis ni hojjetu,
- Qabeenya dhorkuu ykn kabachiisuu keessatti mormiin garee 3^{ffaa} akkamitti akka ka'u, waa'een mirga dursaa akkamitti akka ilaalamuu fi hojimaata jiru adda baafachuun hubannoo ni dabalatu.
- Walumaagalatti, qabeenya abbaa idaa dhorkuu, gurguruu fi mirga garee 3^{ffaa} kabachiisuun wal-qabatee rakkoo hojimaataa fi qaawwaa seeraa jiru adda baafachuun kallattii fuula duraa irratti hubannoo ni gabbifatu jedhamee eegama.

3.1. Qabeenya abbaa idaa dhorkuu

Akkuma boqonnaa darbe keessatti ibsame, haalota qabeenyaan abbaan idaa ittiin to'annaa mana murtii jala oolu keessaa dhorkaan/*kabachiifni*/ tokkoodha. Qabeenyaa abbaa idaa dhorkuun immoo sababa quubsaa mataa isaa danda'e qaba. Akka Heera Mootummaa Federaalaa fi Naannoo keenyaa kwt.40(1) jala taa'ee jirutti, namuu qabeenyaa horatee itti fayyadamuu, dabarsee qaama biraaf kennuu fi gurguruuf mirga qaba. Haa ta'u malee, itti fayyadamni mirga kanaa hanga mirga lammiilee biraa irratti dhiibbaa hin uumnetti ta'uu qaba. Dabalataan immoo faayidaa uummataaf/*public interest*/ jecha mirgi kun seeraan daanga'uu danda'a. Gara dhimma ammaa kanatti immoo deebinee yeroo ilaallus akkaataa hambifannaa/*exception*/ heerri kaa'e kanaan mirgi abbaa idaa kan daanga'uu danda'u ta'uu isaa namatti mul'isa.

Ta'us garuu mirgi kun haala irratti hundaa'ee kan daanga'u ta'uun isaa beekamuu qaba. Akka waliigalaatti, mana murtii keesssatti dhorkaan sadarkaa adeemsa falmii lamarratti kennamuu danda'a. Inni tokko osoo murtiin hin kennamin/before judgment/ yoo ta'u, inni biraan sadarkaa raawwiitti/after judgment/ akka ta'e ni hubatama(wal-duraa duubaan S/d/f/h/h/ kwt. 154-159 fi 404-421 ilaaluun ni danda'ama). Qabxiilee kana tokko tokkoon adda baasnee akka itti aanutti haa ilaallu.

3.1.1. Dhorka Murtiin boodaa fi Bu'aa isaa

Abbaan mirgaa yommuu iyyata raawwii dhiyeeffatu dursee maal irrattin raawwachiifadha kan jedhu yaadee akka filannootti tarree qabeenyaa duukaa dhiyeeffachuu qaba malee itti gaafatamummaa isaa manuma murtii qofaaf dhiisuu hin qabu. Kaayyoon raawwii murtiis abbaa idaa hidhuun dararuuf osoo hin taane, waanumti murtaa'e akka raawwatamu qofaadha. Kanaaf immoo karaan salphaan qabeenyaa murtiin irratti raawwatamuu danda'u dhiyeessuun akka dhorkamuu fi gurguramu gochuudha. Haa ta'u malee, akkuma boqonnaa 1^{ffaa} mata duree 1.6 jalatti ibsame, abbaan mirgaa yommuu iyyata raawwii dhiyeeffatu, qabeenyaa dhorkamuuf deemu sana ibsa gahaa fi tilmaama gatii wajjin itti hidhee dhiyeessuu qaba[S/d/f/h/h/ kwt 378(3)]. Qabatamaan garuu abbaan dhimmaa yeroo iyyata raawwii dhiyeeffatu, qabeenyaa irratti raawwachiifachuuf deemu tarreessee hin dhiyeessu. Yoo tarreessee dhiyeesse illee qabeenyaa sana ibsama gahaa fi tilmaama gatii isaatiin deggeree hin dhiyeeffatu, maqaa qofaa tarreessa. Ibsama gahaa yeroo jennu, qabeenyaa socho'aa yoo ta'e, mallattoo addaa ittiin qabeenyichi beekamu(fknf: lakkoofsa gabatee konkolaataa), bakka argama isaa, eenyu biratti akka argamu

ibsee dhiyeessuu qaba. Yoo qabeenyichi qabeenyaa dhaabbataa ta'e immoo daangaa isaa(kallattiin arfaniin), ragaa sanada isaa, to'annaa eenyu jala akka jiru, tilmaama qabeenyaa dhorkamuuf deemuu fi kkf ibsee akkaataa manni murtii itti to'annaa jala oolchuu danda'u gochuu qaba[S/d/f/h/h/ kwt.379]. Dabalataan tilmaama gatii ibsuun kan barbaachiseef, idaan barbaadamuu fi gatiin qabeenyaa dhorkamuuf deemuu walitti dhiyaachuu fi dhiisuu, ykn wal-caaluu fi dhiisuu, akkasumas abbaan idaa illee mormuu waan danda'uuf qulqulleessuuf ni gargaara. Idaa xiqqoodhaaf qabeenyaa gatii guddaa dhiyeessuun sirrii miti(fknf: idaa qarshii 500'f jettee mana qarshii miliyoona tokko baasu dhiyeessuun hiika hin qabu). Sababni isaas, idaan ittiin qabeenya dhorkuun akka gurguramu taasifamu iyyuu mirga murtaa'ee ol deemuu danda'a. Kanaaf, qabeenyaa tilmaamni isaa mirga murtaa'ee wajjin walitti kalaa'u ta'uu qaba. Kun garuu qabatamaan raawwatamaa hin jiru. Manni murtiis calliseedhuma iyyata kana fuudhee abbaa idaa waamee yoo raawwachuu baatte sin hidha jechuu irraa kan hafe qabeenyaa dhorkuun gurgurtaaf dhiyeessuun mala filatamaa akka ta'e hin hubatamu. Erga abbaan idaa hidhamee ijibbaatamee booda waa'ee qabeenyaa kabachiisuu/dhorkuutti/ ce'ama. Abbaa idaa to'atanii abbaa mirgaatiin immoo yoo inni qabeenyaa qabaate tarree qabeenyaa dhiyeeffadhu jedhanii ajajuun baratama ta'ee jira. Kun garuu jalqabuma irraa eegalee tarreen qabeenyaa iyyata raawwii wajjin dhiyaachuu qaba ture. Tarreen qabeenyaa jalbarratti iyyata raawwii wajjin dhiyaateera taanaan, abbaan idaa yoo beellama irratti dhiyaachuu hafe illee akkaataa S/d/f/h/h/ kwt 386(3)tti manni murtichaa abbaa idaa dhiyeessisuuf osoo hin dhama'in adeemsa raawwii itti fufuu danda'a. Abbaan idaa dhiyaachuun isaa kan dirqama ta'u garuu yoo raawwiin murtii qarshii[S/d/f/h/h/ kwt 386(4)] ta'ee fi haalotni S/d/f/h/h/ keewata 389 jala jiran guutamee argame qofaadha malee dhiyaachuun abbaa idaa dirqama miti.

Dhimma 22ffaa

Dhimma Raawwii Mana murtii Ol'aanaa Godina Harargee Lixaatti galmee Lakk. 45626 ta'e irratti M/A/Mirgaa-Abdoo Araddaa fi, M/A/Idaa Amaan Mahaammad gidduutti geggeeffamaa ture irraa fudhatame. Iyyatichi gabaabaatti: falmii beenyaatiin himadhee qarshii 162,200 itti naaf murtaa'ee waan jiruuf akka naaf raawwatu jechuun tarree qabeenyaa irratti raawwatamuuf: 1) harashii lama, 2) motoora bishaanii, 3) harree kan amma bitate tokko, 4) iddoo buna kataraa jaha araddaa Badhaasaa keessaa, 5) iddoo Jimaa kataraa torba Araddaa Baduu keessaa waan qabuuf akka irratti naaf raawwatamu jedhee iyyatee jira. Manni murtichaas dhaddacha gaafa 17/05/2010

ooleen qabeenyichi akka kabajamu Waajjira Araddaa Badhaasoo ajajeera. Darbees qabeenyawwan kun qarshii meeqa meeqa akka baasan akka tilmaamaniif Waajjiruma kana ajajee jira.

Gaaffiilee Marii

1. Kabachiisa qabeenyaaf akkaataa iyyatni raawwii kun itti dhiyaate akkamitti ilaaltu? Akkamitti dhiyaachuu qaba jettu?
2. Ajaja kabachiisaa fi tilmaama qabeenyaa manni murtii kun ajajee jiru bu'uura seeraan akkamitti ilaaltu? Waajjirri kun tilmaamuu danda'a jettuu?

Kabachiisa/dhorkaan/ qabeenyaa gosa qabeenyaa kabajamuun garaagarummaa waan qabuuf qabxiilee kana gosa qabeenyaatiin adda baafnee akka itti aanutti haa ilaallu.

3.1.1.1. Adeemsa qabeenyi socho'aan harka abbaa idaa jiru ittiin dhorkamu

Oomisha qonnaa irraa kan hafe, qabeenyaa socho'aa hundi dhorkameera kan jedhamu yoo to'annaa mana murtii jala ooleedha/*up on seizure*/.Yeroo kana manni murtii qabeenyaa to'ate sana iddoo eegumsa gaarii qabu teessisuu qaba jechuudha. Yoo kan manca'u/decay/ ta'e, ykn yoo gatiin eegumsa isaa gatii qabeenyichaa kan caalu ta'e illee gurguree qarshii isaa ol kaa'uu qaba[S/d/f/h/h/ kwt 406(2)]. Kan kabachiifamu/dhorkamu/ yoo oomisha qonnaa ta'e garuu ajaji kabachiisuu/dhorkuu kun bakka oomishichi itti argamutti maxxansuu, ykn yoo oomishameera ta'e bakka oobdii oomishaatti maxxansuun, ykn balbala mana jireenyaa abbaa idaa, ykn bakka hojii qacaramee hojjetuutti, ykn bakka daldala isaa bakka ifaatti ajaja kana maxxansuudhaan kabajama. Oomishi akkaataa kanaan dhorkame guyyaa sanaa eegalee akka to'annaa mana murtii jala jiruutti lakkaa'ama. Eegumsi qabeenyaa kanaa fi yeroo oomishi kun itti sassaabamuu qabus karaa mana murtii ajajama. Abbaan idaa akka sassaabee kaa'u, yoo inni dide hayyama mana murtiitiin abbaan mirgaa baasii abbaa idaatiin akka sassaabee eegu gochuun ni danda'ama. Ajaji kun maxxanfamuu kan qabu oomishichi funaanamuun fuula dura guyyaan 20 ol akka hafeen ta'uu akka qabu ni tuma[s/d/f/h/h/ kat 407, 408].

Inni biraan, miindaan abbaa idaa kan dhorkamuu hin dandeenye irraa kan hafe, hojjechiisaan akka dhorkee ji'aan ykn al-tokkoon miindaa isaa irra hanga 1/3^{ffaa} kutee akka dhiyeessu

taasifama.[25] Sanada daddabarsa maallaqaa/negotiable instruments/ ilaalchisee immoo kanaan dura mana murtiitiin ykn qaama mootummaa biraatiin sanadi abbaa idaatiif mallatteeffame/endorsed/ ta'ee yoo hin jiraanne, sanadichis qabamee akka itti fufamee ittiin walii hin galamneef, dhorkamee mana murtii kaa'amuu danda'a. Yeroo kana qaamni 3ffaanis abbaan idaas sanada kanaan kaffaltii argachuus ta'ee raawwachuus hin danda'u jechuudha[S/d/f/h/h/ kwt 412]. Qabeenyaan akka dhorkamu taasifamaa jiru to'annoo mana murtii biraa jala yoo jiraate immoo dhorkaan dabalataa jiraachuun ibsamee manni murtichaa akka tursuuf beeksifamuu qaba[S/d/f/h/h/ kwt 413]. Waa'een mirga dursaa yoo ka'e, qabeenyaa dhorkame sana irratti kan murtii kennu manuma murtii qabeenyichi to'annoo isaa jala jiruudha malee isa dhorkisiise miti. Yoo qaama mootummaa biraa ta'e immoo mana murtii raawwii geggeessaa jirutu mirga dursaa irratti murteessuu danda'a(S/d/f/h/h/ kwt 413).

Dhimma 23ffaa

Dhimma M/M/O/G/Shawaa Bahaa galmee raawwii lakk.39810 ta'e irratti ilaalamaa tureen M/A/Mirgaa galmee haadhoo lakk.38943 ta'e irratti murtiin dura maashinni bilooketii oomishu kan M/A/Idaa ta'e akka kabachiifamuuf gaafattee manni murtiis bulchiinsi gandaa akka kabachiisu taasisee, bulchiinsi gandaas bakkuma maashinni kun jirutti galmeessee waardiyyaatti himee dhiisee kan deeme yoo ta'u, murtiin erga kennamee booda ajajni dhorka kaasuu utuu hin barreeffamin, M/A/Idaa deemee fudhateera. Sababa kanaaf galmeen raawwii gaafa 23/3/2007-18/12/2007tti ji'a 9 f beellamaan akka turu taasiseera.

Gaaffii Marii

- Seerichi qabeenyota akkasii manni murtii to'annoo isaa jala akka tursu barbaada. Haa ta'u malee, qabatamaan qabeenyaa kana to'annoo mana murtii jala galchuun rakkisaadha. Kanaaf, qabeenyi kabachiifamu eessa turuu qaba jettu? Akka kabachiisa mana murtichaatti to'annoo mana murtii jala ooleera jettuu?

[25]. Robert Allen Sedler, Ethiopian Civil Procedure,1968 F 290

3.1.1.2. Adeemsa qabeenya socho'aan harka Abbaa Idaa hin jirre ittiin dhorkamu

Qabeenyaan kabajamu harka abbaa idaa kan hin jirre yoo ta'e, malootni ittiin dhorki kennamu haala qabeenyichaa irratti hundaa'eeti. Mirga sanada daddabarsa maallaqaan hin deggeramne abbaan idaa nama biraa irraa qabu ykn mirga abbaan idaa nama kan biroo irratti murteessifatee qabu kan hin raawwataniif jiru yoo ta'e, abbaan idaa inni irraa qabu sun akka abbaa idaatiif hin raawwanneef ykn hin kaffalleef barreeffamaan ni dhorkama; dhorkichis hanga ajajni biraa isa dhaqqabutti akka of harka tursu bifa jedhuun ta'a[s/d/f/h/h/ kwt.409]. Qabeenyaan bifa kanaan dhorkame, "garnished" jedhama, abbaan qabeenyaan sun harkatti dhorkame immoo "*garnishee*" jedhama.[26]/"*garnish means..to attach property held by a third party in order to satisfy a debt"/.* Qabeenyaa bifa kanaan dhorkame abbaan idaa akka beeku ajaji dhorkaa ni dhaqqaba jechuudha. Abbaan idaa 3^{ffaa}n(as keessatti M/A/Idaa abbaa mirgaa yoo ta'e) qarshii kana mana murtiitti yoo kaffale, akka idaa isaa ofirraa baaseetti lakkaa'amee galmaa'aaf[S/d/f/h/h/ kwt 409]. Qajeeltoo kanaan idaan sanada maallaqa daddabarsaan/*negotiable instrument*/ wabummaa argatee jiru hin dabalatu, garuu idaa wabummaa qabeenyaa dhaabbataa/*mortgage*/dhaan fudhatamee jiru ni dabalata.[27]Sababni isaa sanadi daddabarsa maallaqaa/negotiable instruments/ seera biraatiin bulu waan ta'eefiidha. Gama biraatiinis qarshii abbaan idaa raawwii waliigaltee kan biraatiif gara fuula duraatti qabsiisee jiru mirga nama 3^{ffaa} eeguuf jecha hin dhorkamu. Yoo abbaan idaa kun waliigalticha raawwachuu hafe gareen biraa sun qarshii sana qabata waan ta'eefiidha.[28] Abbaan idaa idaa isa irra jiru kaffaluun dhorkaa kana of irraa kaasuu danda'a. Darbees, ajaji dhorkaa kun qabeenyaa sana fudhachuu dhorka malee adeemsa himannaa irra jiru kan dhorku miti.[29]

Gama biraatiin immoo qabeenyaan abbaa idaa harkatti dhorkamu kun "*sheerii" kaappitaala abbaa idaa* yoo ta'e, ajaji dhorkaa maqaa abbaa *sheerii* sun ittiin jiru….abbaa idaa ta'uu danda'a ykn maqaa bakka bu'aa isaatiin yoo ta'e, dhaabbatichi sanadi *sheerii* sun akka nama biraatti hin darbine, akkasumas bu'aan hirmaataa/dividend/ akka hin fudhanne ni dhorkama jechuudha[Sdffhh kwt 409(2)]. Namni qabeenyaan harka jiru abbaa idaa osoo hin ta'inakkasumatti qabeenyaan abbaa idaa harka namaa biraa kan jiru yoo ta'e, namni 3^{ffaa}n sun qabeenyaa sana dabarsee abbaa idaa kanatti akka hin laatne ni dhorkama[S/d/f/h/h/ kwt 409(3)].

[26] .Robert Allen Sedler, Ethiopian Civil Procedure,1968 F288.
[27] . Akkuma miljaalee olii
[28]. Akkuma miiljalee olii
[29] .Akkuma Miiljalee olii

Walumaagalatti, qabeenyaa socho'aan kallattii afuriin kan dhorkamu yoo ta'u, inni jalqabaa harkuma abbaa idaatti, inni 2ffaan harka *garnishee* (abbaan idaa asitti abbaa mirgaati), inni 3ffaan harka dhaabbata *share kompanii* ykn oficcer/*officer*/ fi inni dhumaa harka nama 3ffaa qabeenyicha qabatee jirutti /*holder*/ tti kan dhorkamuu danda'uudha. Warreen sadan boodaa kun ajaji dhorkaa beeksisa/notice/ wajjin itti ergamuu qaba. Beeksisni kunis yeroo manni murtii isaan barbaadutti qaamaan dhiyaatanii qabeenyaa sana maaliif akka hin laatne ibsa kennuu danda'u[S/d/f/h/h/ kwt 409(6)]. Yeroo kana qabeenyaan akkaataa kanaan dhorkaman to'annaa mana murtii jala jiru jedhamee tilmaama jechuudha. Qabatamaan garuu abbootiin seeraa tokko tokko qabeenyaa socho'aan dirqamaan qaamaan mana murtiitti akka dhiyaachuu qabutti ilaaluun yeroo dhiyeessisan ni mul'ata.

Gama biraatiin immoo qabeenyaan akkaataa armaan olitti ibsameen dhorkame, kallattii sadiin gadi dhiifamuu danda'a. Inni jalqabaa, yoo idaan barbaadamu hundi abbaa idaatiin kaffalame, inni lammataan yoo murtiin raawwachiifamaa jiru diigame ykn jijjiirame, inni dhumaa yoo idaa sana manni murtii raawwachiise ykn mana murtii alatti raawwatamee raawwatamuun isaa abbaan mirgaa hubachiiseedha.[30]

Dhimma 24ffaa

Dhimma Raawwii Mana murtii Aanaa Adaamaa lakk.galmee 103366 ta'e irratti M/A/Mirgaa Obbo Birhaanuu Tashoomaa faa N-2 fi M/A/Idaa Waldaa ELSE Addis Inditurial Development PLC, ta'e gidduutti geggeeffamaa ture irraa kan fudhatameedha. Dhimmichi dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa ta'ee manuma murtii kanatti murtii kan argate yommuu ta'u, M/A/Mirgaa 1ffaaf qarshii 18,976.00 M/A/Mirgaa 2ffaaf qarshii 19,292.00 tu murtaa'ee raawwii kanaaf dhiyaate. Kanumaan, abbaan idaa raawwachuu hin danda'u waan jedheef, M/A/Mirgaa tarree qabeenyaa dhiyeeffatanii jiru. Kana keessaa qabeenyaa M/A/Idaa kan ta'e konkolaataa Lakk.gabatee isaa koodii 3-20258 OR ta'e irratti akka raawwatamuuf gaafatanii jiru. Manni murtichaas Waajjirri Poolisii konkolaaticha to'atee akka dhiyeessu ajajee jira.

[30]. Robert Allen Sedler, Ethiopian Civil Procedure,1968 Fuula 290

Gaaffiilee Marii

1. Qabeenyaa socho'aa akkamitti raawwiidhaaf dhorkamuu qaba jettu? Muuxannoon qabdan maal fakkaata? Dhimma armaan olii irratti ajaja mana murtichaa akkamitti ilaaltu? Konkolaataa kana poolisiin akkamitti mana murtiitti fida jettu? Eessa kaa'ama?
2. Qabeenyaa harka abbaa idaa hin jirre dhorkuu fi murtii irratti raawwachiisuu irratti rakkoon isin mudate jiraa? Muuxannoo qabdan kaasaatii mari'adhaa.

3.1.1.3. Adeemsa qabeenyi dhaabbataan ittiin dhorkamu

Akkuma olitti ibsame, iyyatni raawwii gosuma himataa waan ta'eef, akkuma himata idilee ulaagaa seerri barbaadu guutee dhiyaachuu qaba. Iyyati dhorkaa qabeenyaa dhaabbataan wal-qabatee dhiyaatus ulaagaalee S/d/f/h/h/ kwt. 225(2) jala jiran guutee dhiyaachuu qaba. Innis ibsa gahaa ittiin qabeenyaa dhaabbataa kana Manni murtii adda baafachuu danda'u, daangaadhaan ykn lakkoofsa ittiin beekamu yoo jiraate ibsamee dhiyaachuu qaba[S/d/f/h/h/ kwt 225]. Qabeenyaa dhaabbataan akka hin gurguramne ykn hin jijjiiramne mirgoota *right in rem(any right against the property it self, like mortgage)* dabalateeti[S/d/f/h/h/ kwt.414(1). Dhorkaan kun yeroo abbaan idaa qofaa isaatti abbaa qabeenyaa ta'u ykn qabeenya waliinii(*joint owner*) yoo ta'es raawwatiinsa ni qabaata.[31] Garuu haala addaatiin seerri yoo hayyame malee qabeenya waliinii keessatti mirgi garee 3^{ffaa} miidhamuu hin qabu. Sababni isaa qabeenyaan waliinii gurguramuufis, jijjiiramuufis ykn wabummaafis yoo kan qabamu ta'e fedhiin abbootii qabeenyaa waliinii(joint owners) jiraachuu qaba waan ta'efiidha.[32] Karaa biraa immoo ajaja mana murtiitiin qabeenyaan kun nama biraatti yoo darbe, tarii tilmaama seeraa S/H/H/ kwt.1195 tiin abbootiin qabeenyaa garee 3^{ffaa}n miidhamuu danda'u[33]. Waan ta'eef, yeroo qabeenyaa dhaabbataa dhorkinee gurgurtaaf dhiyeessinu xiyyeeffannoo gochuun barbaachisaadha.

Haa ta'u malee, qabeenyaa dhaabbataan yeroo dhorkamu to'annaa mana murtii jala galeera kan jedhamu yoomi kan jedhu ilaalamuu qaba. Akka S/H/H/ kwt.1195 irraa hubatamutti, namni tokko sanada abbaa qabeenyummaa/*title deeds*/ of harkaa qaba taanaan, abbaa qabeenyaati jedhamee akka qajeeltootti tilmaamni seeraa fudhatama. Kana jechuun sanada himatamaan ittiin abbaa qabeenyaa ta'e kana qaama sanada kana jijjiirruu fi kennuuf aangoo qabu biratti akka hin

[31]. Robert Allen Sedler, Ethiopian Civil Procedure,1968 F291
[32] . The Civil Code of Ethiopia, Pro.No, 165/1960, kwt 1266
[33] . The Civil Code of Ethiopia, Pro.No, 165/1960, kwt 1195, 1196

gurguramne, ykn hin jijjiiramneef yoo dhorkame, akka to'annaa mana murtii jala jiruutti ilaalama jechuudha. Ajajni dhorkaa kunis yeroo bahu naannoo qabeenya dhaabbataan kun jirutti labsamee qabeenyicha irratti akkasumas dallaa mana murtii keessatti maxxanfamuu akka qabu seerichi ni dirqisiisa[s/d/f/h/h/ kwt.414(2)]. Kunis mirgi garee 3ffaa akka hin tuqamneef eegumsa taasisuuf yaadameeti.

Gaaffii Marii

- Akkaataa S/H/H/ kwt.1241 fi S/d/f/h/h/ kwt.25 irraa hubatamutti, falmiin qabeenyaa dhaabbataan wal-qabatu kamiyyuu yoo ka'e, manni murtii bakka qabeenya dhaabbataa kanatti argamu aangoo tooraa akka qabu ni ibsa. Dhorkaan wal-qabatee hoo manni murtii akkamitti dhorkaa kenna? Falmiin yoo ka'e hoo mana murtii kamtu falmicha ilaaluu danda'a jettu?

Dhimma 25ffaa

Dhimma raawwii MMO Godina Baalee lakk.galmee 26071 ta'e irratti M/A/Mirgaa Abdulkaariim Mahaammad fi MA/Idaa A/de Faatraa Qamar gidduutti geggeeffamaa ture irraa fudhatame. Dhimmichi galmee haadhoo 25502 ta'e irratti dhaddacha gaafa 18/07/2010 ooleen manuma murtii kanatti himatamtuun himataaf qarshii 589,350.00 akka kaffaltuuf kan murtaa'e irraa raawwiin kun eegalee jira. M/A/Mirgaa tarree qabeenyaa raawwiif mijatu mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa ganda 01 naannoo Sillaasee jedhamutti ijaaramaa jiru daangaan isaa bahaan Maskarama, kaabaan lafa mootummaa, kibbaan Anteeneh Dajanee, ta'e akka dhorkamee caalbaasiin gurguramee irratti raawwatamuuf dhiyeeffateera. Manni murtichaas Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatti ajaja barreesseen akka hin gurguramne, ykn hin jijjiiramne ykn haala kamiinuu nama 3ffaatti akka hin darbine jechuun bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.154 tiin dhorkee erga jedheen booda ogeessi akka tilmaamus duukaa ajajeera. Kun utuu kanaan jiruu namni Samonugus Gosaa jedhamu manichi kan kooti, anatu M/A/Idaa irraa waliigalteedhaan bitatee ijaarrachaa jira waan ta'eef, dhorkaan akka irraa naaf ka'u jedhee bu'uura S/d/f/h/h/ kwt. 418 tiin raawwii mormee jira. Haaluma kanaan, M/A/Mirgaa qofti deebii akka itti kennu taasiee erga jedheen booda Ejensiin Bulchiinsa Magaalichaa manichi maqaa eenyuun akka jiru gaafatee jira. Kanumaan, dhaddacha gaafa 14/03/2011 ooleen giddu lixaan kun nan bite jedhee waliigaltee bittaa fi gurgurtaa yoo dhiyeeffate iyyuu waliigalteen kun qaama aangoo qabu biratti hin

galmoofne waan ta'eef, manni kun kan giddu lixaa hin taane jechuun iyyata isaa bu'uura S/d/f/h/h/ kwt 419(2) tiin kufaa godhee jira.

Gaaffiilee Marii

1. Dhimma kana irratti ajaja dhorkaa bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.154 tiin kennamee jiru akkamitti ilaaltu?
2. Haala manni murtii qabeenya/mana/ raawwiif dhihaate itti dhorke sirriidha jettanii yaadduu? Maaliif?
3. Mirga garee 3ffaa irratti ajaja manni murtichaa kenne akkamitti madaaltu?

3.1.1.4. Qabeenya raawwiif qabamuu hin dandeenye(dhorka irraa bilisa ta'an)

Akkuma olitti ibsame, qabeenyaa abbaa idaa dhorkuun mirga hambifannaa/exception/ namni dhuunfaa tokko qabeenya isaatti akka barbaadetti fayyadamuuf qabu seeraan yommuu daanga'uudha. Kunis mirgi nama biroo yeroo miidhamu, seerri deebisee kabachiisuuf yaadameeti. Hambifannaan seeraa kunis mataan isaa hambifannaa/exception to exception/ qaba. Hambifannaa kanaaf tumaan S/d/f/h/h/ kwt.404 bifa tarreeffamaatiin qabeenyota dhorkamuu hin dandeenye kaa'ee jira. Haa ta'u malee, seerichi hanga barbaadame ifaa ta'uu dhabuu isaatiin hojiirra oolmaa irratti garaagarummaa guddaatu mul'ata.

Tumaa S/d/f/h/h/ kwt. 404(a) jala kan jiran jireenya dhuunfaa abbaa idaatiin waan wal-qabatuuf hojiirratti rakkina kan uumus miti, mudannoon akkasiis baay'inaan hin jiru. Haa ta'u malee, jireenya nama tokkoof wantoonni barbaachisoon mana, uffataa fi nyaata akka ta'e beekamaadha. Tumaa seeraa kana jalatti immoo manni jireenyaa tumamee hin jiru. Maatii tokkoof waan nyaatu, siree ciisichaa fi waan uffatu hambisneefii, mana keessa jiraatan tokko qofatu jira yoo ta'e, mana sana dhorkinee gurgurtaaf dhiyeessuun seera kanaa wajjin hangam dhama qabeessa ta'a kan jedhu gaaffii kaasuun isaa hin oolu.

Gaaffii Marii

Manni jireenyaa qote bulaa jireenya isaatiif murteessaa ta'uun isaa beekamaadha. Darbees, mana jireenyaa qote bulaa gurguruu jechuun lafa inni irra dhaabbataa jiru wajjin gurguruu ta'a. Labsiin Bulchiinsaa fi Itti fayyadama Lafa Baadiyaa Oromiyaa lakk.130/1999 kwt.6(5)…"*idaa dhuunfaa sababeeffachuudhaan, raawwatiinsa murtee qabeenyaarratti raawwatamuun qotee bulaan,*

horsiisee bulaan, ykn gamisa horsiisee bulaan kamiyyuu qabiyyee lafasaarraa buqqaa'ee qabiyyeen lafasaa nama ykn dhaabbata kamiittuu hin darbus, hin qabamus"jedha.

a. Tumaa seeraa kana S/d/f/h/h/ kwt 404(a) wajjin akkamitti walitti araarsitu? Mana jireenyaa idaan dhorkuun akkamitti raawwatama jettanii yaaddu? Muuxannoo keessan kaasaatii irratti mari'adhaa!
b. Qabeenyaa dhorkaa irra bilisa ta'an kana abbaan mirgaa yoo dhiyeeffate, abbaan idaa immoo yoo mormii kaasuu baate, manni murtii ofiin kaasuu danda'aa?
c. Waajjirri Mootummaa abbaa idaa yoo ta'e, nama dhuunfaaf baajeti mootummaa dhorkamee irratti raawwatamuu danda'aa? Waajjirri Mootummaa hoo idaaf qabamee gurguramuu danda'aa?

S/d/f/h/h/ kwt.404(c) amma illee qaawwaa bal'aa qaba. Wantoonni waraabbii Afaan Amaaraan barreeffamanii jiran Afaan Ingiliffaan hin tumamne. Fknf:- "ለሰኞ ፍጻሜሰፊለጊ የሆኑ ነገሮች...kan jedhu itti dabalee jira. Wantootni baayyee barbaachisoo ta'an kun maal fa'i kan jedhu? Darbees immoo ...."የቀንድ ከብቶች"...waan jedhuuf horii kotte duudaa waan dabalatu hin fakkaatu. Garuu qote bulaan horii kotte duudaan qotu akka jirus beekamuu qaba.Tumaan seeraa kun calliseedhuma tarreessuu malee qabeenyaan kun hangam isaatu dhorkamuu qaba kan jedhus deebii hin kennu.

Gama biraatiin immoo S/d/f/h/h/ kwt. 404(e) jalatti "*kaffaltiin sooramaa*" dhorkamuu akka hin dandeenye, akkasumas 2/3^{ffaa}n miindaa dhorkamuu akka hin dandeenye(S/d/f/h/h/ kwt 404(f) ibsee jira. Haa ta'u malee, Labsiin Soorama Hojjetoota Mootummaa lakk.714/2003 kwt. 51 jalatti ajaja mana murtiitiin waantota sadii irratti sooramni daanga'uu akka danda'u tumee jira. Innis:-1) adabbii galii ta'u, 2) idaa gibiraa ykn qaraxa kaffaluuf, fi 3) akkaataa seerri hayyamuun dirqama qallaba kaffaluu kan qabu irratti manni murtii ajaja yoo kenneedha. Tumaaleen seeraa kun kan walitti bu'an ta'uun ni mul'ata. Haa ta'u malee, labsiin sooramaa kun seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa booda kan bahe waan ta'eef qajeeltoo hiikaa seeraa seerri boodarra bahe isa dura bahe caalaa fudhatama qaba jedhuun, raawwatamummaa seera deemsaa kwt.404(e) hafaa taasiseera jechuudha. Kanaaf, kaffaltiin sooramaa kun wantoota sadeen olitti ibsamanii daangeffamuu akka danda'u beekamuu qaba.

Dhimma 26ffaa

Dhimma Raawwii MMO G/SH/Bahaa lakk.galmee 150401 ta'e irratti M/A/Mirgaa Roobaa Margaa faa N-2 fi M/A/Idaa Badhaadhaa Dagaagaa gidduutti geggeeffamaa ture irraa kan fudhatameedha. Ka'umsa dhimmichaa yoo ilaalle, manumti murtii kun lakk.galmee haadhoo 46507 ta'e irratti dhaddacha gaafa 15/09/2009 ooleen himatamaan himattootaaf qarshii 134,000.00 akka kaffalu kan murteesse irraa kan ka'eedha. Ijoon dubbii mjurtii kanaa M/A/Idaa ilma murtiin abbootii mirgaa kan ta'e Tufaa Roobaa kan jedhamu waan ajjeeseef beenyaa murtaa'eedha. Yeroo raawwiin kun banamee jirutti M/A/Idaa hidhaa wagga 8 itti murtaa'ee to'annaa jala jira. Raawwii kanaaf M/A/Mirgaa tarree *qabeenyaa midhaan xaafii* ganda Jarmee Booraa keessatti argamu haamsisee tuullachaa waan jiruuf, qabeenyi xaafii kun karaa ganda dhorkamee sassaabamee murtiin akka irratti raawwatamuuf gaafatanii jiru. Giddu lixxuun A/de Caalii Koloo kan jedhamtu immoo murtiin abbaa idaa kun abbaa warraa kooti. Ijoollee umuriin isaanii hin geenye baay'inaan 12 wal-irraa horree qabna. Kanaaf, ijoollee kana guddisuuf narraa hidhamee waan jiruuf, midhaan haamamee tuulame kun immoo qallaba ijoollee kootiif kan ooluudha waan ta'eef, qabeenya qallabaati. Qabeenyaa qallabaa immoo kan dhorkamu miti jettee bu'uura S/d/f/h/h/ kwt 404tiin akka dhorkaan irraa ka'u gaafattee jirti. Murtiin abbootiin mirgaa immoo karaa abukaatoo isaanii yommuu falman:- iyyattuun iyyata kana dhiyeessuuf mirga bu'uuraa hin qabdu, abbaa idaatu waa'ee qallabaa kaasuu qaba malee iyyattuu kana wanti galchu hin jiru. Iyyattuun mirgan qaba yoo jette immoo bu'uura S/d/f/h/h/ kwt. 418 tiin iyyachuu qabdi malee bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.404 tiin iyyachuu hin dandeessu jechuun falmaniiru. Manni murtichaa immoo dhaddacha gaafa 26/04/2010 ooleen, kan gaafatamaa jiru waa'ee qallabaati, M/A/Idaa immoo mana hidhaa jira. Waan ta'eef, waa'ee midhaan qabamee caalmaatti kan beeku iyyattuu kana waan ta'eef, mormiin M/A/Mirgaa fudhatama hin qabu jedhee mormii isaanii kuffisee erga jedheen booda midhaan xaafiii kuntaala 17 ta'uu gandi nuuf ibsee waan jiruuf, akkaataa S/d/f/h/h/ kwt 404(d) tti maatii iyyattuu ji'a sadiif jiraachisu kan danda'u kuntaalli 5 tilmaamee keessaa bahee kan hafe, xaafiin kuntaalli 12 immoo caalbaasiidhaan gandichi gurguree akka dhiyeessu ajajee jira. Giddu lixxuun ajaja kana komattee MMWO Dhaddacha Bahaa yoo dhuftu, manni murtichaa lakk.galmee 276491 ta'e irratti cimsee jira.

Gaaffiilee Marii

1. Murtiilee manneen murtii sadarkaan jiranii s/d/f/h/h/ kwt.404 waliin akkamitti ilaaltu?

2. Bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.404 tiin eenyutu iyyata dhiheessuu danda'a jettanii yaaddu? Fakkeenyaaf, namni 3ffaan falmii keessa hin jirre dhiheessuu danda'a jettuu?

Dhimma 27ffaa

Dhimma MMO Godina Arsii Lixaatti lakk.galmee 38421 ta'e irratti M/A/Mirgaa WALQO Damee Shaashamannee fi M/A/Idaa Waldaa Tusaa Birkaa faa fi Bulchiinsa Magaalaa Shaashamannee gidduutti geggeeffamaa ture irraa fudhatame. Dhimmichi manuma murtii kanatti lakk.galmee haadhoo 37557 ta'e irratti dhaddacha gaafa 18/10/2010 ooleen himataa fi Wabiin(Bulchiinsi Magaalaa Shaashamannee) tokkummaa fi baaqqeedhaan qarshii 353,538.78 akka himataaf kaffalan jechuun kan murtaa'e irraa raawwiin itti fufee jira. M/A/Mirgaa raawwiif jecha lakkoofsa herrega baankii wabii(Bulchiinsa Magaalaa Shaashamannee) 1000001100657 ta'e dhorkamee akka irratti raawwatamuuf gaafateera. Manni murtichaas kanumaan ajaja dhorkaa baasee akka kaffalamuuf yeroo ajajutti, Bulchiinsi Magaalaa Shaashamannee immoo baajati kun hojii adeemsiftuu hojii Bulchiinsa Magaalichaa misoomaalee bu'uuraa kan ittiin hojjennu, akkasumas miindaa hojjetootaatiin waluma keessa waan jiruuf, idaa kanaaf dhorkamuu hin qabu jechuun bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.404 tiin iyyata dhiyeeffatee jira. Manni murtichaa immoo iyyata kana ofitti fuudhee iyyaticha irratti ajaja tokkollee osoo hin kennin, WMMD magaalichaa baajata kana keessaa kan idaan qabamuu danda'uu fi kan idaa barbaadamuun wal-gitu qofaa raawwachiisee akka dhiyeessu ajajee jira.

Gaaffiilee Marii

1. Ajaja manni murtii kun kenne akkamitti ilaaltu? Ati abbaa seeraa galmicha qabate osoo taatee iyyata bulchiinsi magaalaa dhiheeffate irratti ajaja akkamii kennita?
2. Baajetni mootummaa raawwiidhaaf hin qabamu jettanii yaadduu? Maaliif?

Dhimma 28ffaa

Dhimmi kun murtii Dh/Ij/M/M/W/Federaalaa Jildii 7ffaa lakk.galmee 10489 ta'e irratti iyyataa Ministeera Bu'uura Misoomaa Bakka Ministeera Hojii fi Misooma Magaalaa fi Dhaabbata Mahaadiisotaa bu'ee fi Dhaabbata Hojii Uumaa Duraanii kan Itti Gaafatamummaan isaa Murtaa'e gidduutti geggeeffamaa ture irraa fudhatame. Dhimmichi dhimma raawwii ta'ee mana murtii jalqabaa federaalaatti lakk.galmee 5520 ta'e irratti raawwiin kan eegale yommuu ta'u,

galmee haadhoo irratti kan murtaa'e, ol-iyyataan d/kennaaf qarshii 11,908,734.00 akka kaffalu irraa jalqabe. Manni murtii jalqabaa adeemsa baay'ee booda ol-iyyataan ammaa baajata isaaf qabame irraa akka idaa kaffalu jechuun dabtara herregaa baankiin biyyoolessaa irraa qabu irraa ajajee jira. MMOF komii ajaja kana irratti dhihaate cimseera.

Iyyataan ammaa baajetni mootummaa idaaf qabamuu hin qabu, dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jechuun dhaddacha ijibaataatti iyyatee jira. Dhaddachi Ijibbaataa kunis ijoo dubbii *"Waajjirri Mootummaa M/A/Idaa yommuu ta'u, baajata dhimma tajaajila biraa fi miindaa hojjetootaaf qabamee jiru baankii irraa baasuun akka raawiif oolu gochuun ni dandda'ama moo miti?"*kan jedhu qabatee xiinxaleera. Xiinxala isaatiinis *baajeti idilee Waajjiraaf ramadamu miindaa fi hojii tajaajila uummataa akka ittiin geggeessuuf waan ta'eef, idaa dhuunfaatiif akka qabamu taasisuun jireenya Waajjirichaa gaaffii keessa galcha waan ta'eef, bu'uura S/d/f/h/h/ kwt 404 tiin hiikkaa wal-fakkeessaa/analogy/tiin hojiirra oolchuu wanti dhorku hin jiru. Kanaaf, manneen murtii jalaa akka baajeti dhorkamu gochuun isaanii sirrii miti* jechuun ajaja manneen murtii jalaa diiguudhaa, manni murtii jalqabaa karaa isatti fakkaate kan biraatiin murtii kana haa raawwachiisu jedhee jira**.**

Gaaffiilee Marii

1. Murtii kamtu sirriidha jettu? Murtii dhaddacha ijibbaataa s/d/f/h/h kwt.404 waliin akkamitti ilaaltu?
2. Waajjiraaleen mootummaa hedduun isaanii baajeta mootummaan ramadamuun ala galii kan biroo hin qaban. Waajjiraaleen kun qaama biroo irraan miidhaa kan qaqqabsiisan yoo ta'ee fi sababuma kanaan kan itti murtaa'u yoo ta'e, manni murtii maal irratti raawwachiisa jettu? Ejjennoo dhaddachi ijibbaataa qabate akkamitti ilaaltu?

3.1.2. Dhorki murtiin dura kenname raawwii irratti bu'aa hordofsiisu

Tumaalee s/d/f/h/h/ kwt.151-155 tti jiran yeroo ilaallu, dhorka murtiin dura kennamu bakka gurguddaa lamatti qoodanii ilaaluun ni danda'ama. Inni jalqaba, dhorka yeroo(temporary injuction) kan jedhu yoo ta'u, inni lammaffaa immoo kabachiisa murtiin duraa(attachment before judgment) kan jedhuudha. Isa jalqabaa fudhannee yeroo ilaallu, bu'uura s/d/f/h/h/ kwt.154 tiin iyyata himataan dhiheeffatu bu'uura godhachuun himatamaan qabeenya falmiif sababa ta'een walqabatee waan tokko akka raawwatu, ykn akka hin raawwanne ajaja mana murtiin kennamuudha. Kaayyoon isaas, qabeenyi falmiin irra qubate utuu falmiin geggeeffamaa jiruu akka hin mancaane ykn nama biraatti akka hin darbine gochuun raawwii murtichaaf eegumsa gochuu akka ta'e ni hubatama.

Inni lammaffaa, kabachiisa murtiin duraa yoo ta'u, kunis kan kennamu, himatamaan akka itti murtaa'u shakkee qabeenya isaa kan falmiin irra hin qubatin raawwiidhaaf akka hin qabamnetti gurguree ykn nama kan birootti dabarsuun ykn aangoo tooraa mana murtii jalaa baasuun raawwii murtii irratti gufuu ta'uu kan deemu ta'uun isaa yoo mirkanaa'e kan kennamu akka ta'e kwt.151(1) irraa ni hubatama. Haala qabeenyi itti dhorkamus, haala addaatiin kan tumame yoo ta'e malee adeemsa qabeenyi raawwii murtiif ittiin dhorkamuun akka ta'e kwt.153(1) jalatti ibsamee jira. Dhorki murtiin duraa kun bu'aa maalii hordofsiisa kan jedhu qabxii itti aanee ilaalamuu qabuudha. S/d/f/h/h/ kwt.153(2) irraa akka hubatamutti, qabeenyichi akka hin gurguramne, ykn hin jijjiiramne dhorkisiisuu isaatiin abbootii mirgaa kaan irratti mirga dursaa qabaachuu hin mul'isu. Inumaa iyyuu tumaan kun kaayyoo dhorkaa irratti hambifannaa/***exception***/ ta'ee mul'ata. Sababni isaa kaayyoon dhorkaadhaa akka qabeenyichi hin gurguramne, ykn hin jijjiiramneef yoo ta'u, keewwatni xiqqaan tumaa kanaa garuu kan ibsu; manni murtii qabeenyichi akka hin gurguramne, ykn hin jijjiiramne yoo dhorke iyyuu mirga namootni falmii keessa hin jirre dhorkaa sanaan fuula dura qabeenyicha irraa qaban akka hin daangessine, akkasumas mirga abbaan mirgaa biraa himatamaa irratti murteessifatee qabu akka inni qabeeenyicha hin gurguranne hin dhorku jedhee tumee jira. Kanaaf, tumaa kana irraa kan hubatamu, dhorkaa kana fuula dura namoota mirga qabeenyaa dhorkame irratti hundeeffatan akka hin ilaallanne beekamuu qaba. Kana jechuun dhorkamuu qabeenyichaan wal-qabatee

qaamni 3ffaan falmii keessa hin jirre qabeenyaan kun kan kooti jedhee mormii kaasuu danda'a. Yeroo kana manni murtii akkaataadhuma mormii ka'een qulqulleessuu qaba.[34]

Gama biraatiin himannaa dhorki murtiin duraa irratti kenname himataa murtiin abbaa mirgaa taasiseera yoo ta'e, qabeenya murtiin dura dhorkisiisee jiru irratti raawwiin akka geggeeffamuuf irra deebi'ee qabeenyichi akka dhorkamuuf gaafachuu akka hin qabnee fi dhorkaadhumti duraa gahaa ta'uu isaa kwt. 153(5) ni ibsa. Haa ta'u malee, abbootiin seeraa tokko tokko qabeenyaa murtiin dura dhorkame akkuma murtiin kennameen ajaja dhorkaas duukaa kaasuun ni mul'ata. Ajaji dhorkaa ka'eera taanaan, ammas sadarkaa raawwiitti ajaja dhorkaa kan biraa baasuu nu gaafata jechaadha. Garuu, ajaji dhorkaa kan ka'uu qabu, namichi qabeenyaa kana dhorkisiisee ture murtiidhaan abbaa mirgaa osoo hin ta'in hafeera taanaan, ajaji dhorkaa ka'ee galmeen cufamuu qaba. Gama biraatiin immoo yeroo himataan abbaa mirgaa ta'u akkuma murtiin kennameen dhorkaa sana yoo kaafne, abbaan idaa qabeenyicha balleessuu waan danda'uuf kaayyoo seerichaa maseensuu ta'a.

Gaaffii Marii

- Bu'uura kwt.153(5) tiin manni murtii dhorkaa murtiin dura kan kenne yoo ta'e, yeroo murtii kennu ajaja dhorkaa kaasuu akka hin qabne tumee jira. Haa ta'u malee, M/A/Mirgaa galmee raawwii banachuu yoo dhiisee, namni qabeenyi isaa dhorkame fala maalii qaba jettu? Qabeenyaan abbaa idaa kun hanga yoomiitti dhorkamee tura jettanii yaaddu?

Qabxii biraan asitti ilaalamuu qabu, tumaa S/d/f/h/h/ kwt.154 ilaalchisee abbootii seeraa gidduutti garaagarummaa ejjennootu jira.[35] Tumaan kun dhorkaa yeroo murtaa'aan kan wal-qabatu yoo ta'u, raawwatamummaa murtiif haala mijeessuuf kan yaadameedha. Abbootiin seeraa tokko tokko bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.154 tiin ajaji dhorkaa kennamu kun hanga murtiin kennamu qofaatti tajaajila waan ta'eef, akkuma murtiin kennameen ajaji dhorkaa kun kaafamee galmeen cufamuu qaba jedhu. Sababa isaanii yeroo kaasan, mata dureedhumti tumaa kanaa dhorkaa yerooti malee kan hanga raawwiitti dheeratu miti jedhu. Gariin abbootii seeraa immoo ajaji dhorkaa kun murtiin akkuma murtaa'een ka'uu hin qabu jedhu. Sababa isaanii immoo yommuu

[34]. Robert Allen Sedler, Ethiopian Civil Procedure,1968 Fuula 364, and Civil Procedure Code Art.153(3)
[35]. Moojulii Raawwii Murtii Hariiroo Hawaasaa , leenjii Hojii irraa Yeroo Gabaabaatiif bara 2004 ILQSOtti obbo Misgaanuu Mul'ataan kan barreeffame, fuula -38

ibsan, kaayyoon tumaa seeraa kun ilaalamuu qaba jedhu. Kaayyoon tumaa kanaa murtiin raawwatamuu danda'u tokko yommuu kennamu akka raawwii malee hin hafneef ykn akkaataa salphaatti dhamaatii tokko malee akkuma murtaa'een raawwatamuu akka danda'uuf haala mijeessuu waan ta'eef, akkuma murtiin kennameen osoo gara adeemsa raawwiitti hin ce'in ajaja dhorkaa kaasuun kaayyoo seerichaa maseensuu ta'a jedhu.

Gaaffiilee Marii

1. Ejjennoo olitti ibsame keessaa isa kamtu kaayyoo seera deemsa falmii waliin deema jettu? Maaliif?
2. Dhorkaa murtiin duraa yommuu laatnu, akka qabeenyaan sun hojii dhaabu gochuu dandeenyaa? Seerri maal jedha? Hojimaanni jiru maal fakkaata?

Dhimma 29ffaa

Dhimma Dh/Ij/M/M/W/F tiin jildii 6ffaa lakk.G. 21270 ta'erratti murtii argateedha. Himataan M/M/S/D/F tti himata dhiheeffachuun mana himatamtuu bu'uura kwt.154 tiin kabachiiseera. Baankiin Misooma Itoophiyaa manicha M/A/Idaatiif liqii kennee wabummaan waanan qabadheef ajajni bu'uura kwt.154 tiin kenname akka ka'u iyyateera. M/M/S/d/F *"qabeenyi tokko ajaja mana murtiitiin kabajamuu jechuun kan kabachiifateef qabeenyicha irratti mirga ni kennaaf jechuu miti. Iyyanni ammaa kun mirga dursaatiin walqabatee yeroo raawwii bu'uura kwt.418 tiin dhihaatee kan ilaalamu malee galmee kanarrattii miti"* jechuun murteesseera M/M/O/Federaalaa murtii kana cimseera.

Dh/Ij/M/M/W/F *"Himataan qabeenya falmiif bu'uura ta'e ykn kan biraa garee sadaffaatti akka hin darbine dhorkamee akka turu taasisuuf mirga akka qabu kwt. 154 (a) fi (b) jalatti tumameera. Kaayyoon seera kanaas himataaf yoo murtaa'e raawwiif qabeenyicha akka gurguramuuf ykn harkaan akka ga'amu fi akka murtichaatti akka raawwatuuf eegumsa kennuudha. Kunis kan milkaa'u qabeenyichi iddaa biraatiif nama biraatiin dursee akka hin qabamin yoo mirkanaa'e ykn immoo qabeenya kana irratti namoonni mirga argatan yoo hin jiraatin qofaadha. Kanaaf baankichi sababa idaatiif wabummaan qabachuun isaa bu'uura kwt. 158 tiin dhorka ofirraa kaasuuf sababa gahaa waan ta'eef S/d/f/h/h/ kwt. 418 ibsuun murtiin mana murtii jalaa kenne bu'uura seeraa hin qabu"* jechuun ajaja kenname akka ka'u ajajeera.

Gaaffiilee Marii

1. Murtii mana murtii kamtu sirriidha? Maaliif? Bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.154 tiin dhorka kennamu, bu'uura seeruma kana kwt.158 tiin of irraa kaasuun ni danda'ama jettuu?
2. Galmeen xumura utuu hin argatin ajaja kana qofa irraa ol-iyyachuun ni danda'ama jettuu? S/d/f/h/h/ kwt.320(3,4) waliin akkamitti ilaaltu?

Gama biraatiin immoo dhorki murtiin duraa mirga dursaa irratti illee falmii yeroo kaasu ni mul'ata. Ejjennoon abbootii seeraa garaagara ta'uu hubanneerra. Abbootiin seeraa tokko tokko gareen qabeenya himatamaa dursee akka kabajamu godhe mirga dursaa qaba jedhu. Abbootiin seeraa kaan immoo qabeenyi tokko akka hin gurguramne, hin jijjiiramne jedhamee mana murtii kamiinuu sababa dhorkameef qofa gareen qabeenyicha kabachiise raawwii murtii irratti mirga dursaa argachuu qaba seerri jedhu waan hin jirreef, qabeenyichi gurguramee abbootiin mirgaa qooddachuu qabu jechuun murtii laatu. Ejjennoo isaanii yommuu sababaan cimsan kaayoon qabeenyoota kana bu'uura s.d.f.s kwt.154 tiin yeroof dhorkuun qabeenyichi falmiin irratti ka'e dursee kan balaan irra gahamu ykn harka nama biraatti kan darbu yoo ta'e, milkoomina himannichaaf gufuu ta'a yaadama jedhu irraa ka'eeti malee raawwiif jecha kan kabajame miti jedhu.

Gaaffii Marii

- Seerota mirga dursaa ibsan kaasaatii muuxannoo qabdan wajjin ejjennoo isa kamtu bu'uura seeraa qaba jettu? Irratti Mari'adhaa!

3.2. Raawwii murtii mormuu fi mirga garee 3^{ffaa}

Adeemsa qabeenya dhorkuu keessatti dhimma murteessaa kan biraan, mormii qaama 3^{ffaa} fi qulqulleessa abbaa mirgummaa irratti taasifamuudha. Mormiin dhorkaa irratti kallattii lamaan ta'uu danda'a. Inni jalqabaa abbuma idaatiin yoo ta'u, qabeenyawwan dhorkaa irraa bilisa ta'an yoo akka tasaa dhorkamanii jiraatan mormuu danda'a.[36] Inni biraan immoo qaamni 3^{ffaa}n dantaan irraa qaba jedhu ykn *garnishee'n* qabeenyaan dhorkame kun kan abbaa idaa miti kan kooti jedhee yeroo mormii dhiyeessu ykn mirga dursaan qaba jedhee yoo mormii kaasuudha[S/d/f/h/h/ kwt 418(1)] dha. Qabeenyaa dhorkaa irraa bilisa ta'an ilaalchisee kan mormii dhiyeessuu qabu

[36]. Robert Allen Sedler, Ethiopian Civil Procedure,1968 Fuula 292, Art.404 ff),

abbaa idaa yoo ta'u, qabeenyaa nama 3ffaa ilaalchisee garuu kan mormii dhiyeessuu qabu qaamuma 3ffaa mirgan irraa qaba jedhuudha malee abbaa idaa ta'uu hin qabu.[37] Qabatamaan garuu abbaa idaa qabeenyaan raawwiif dhihaate kun kan koo miti; kan nama birooti jechuun bu'uura kanaan iyyata yeroo dhiheessuu fi manni murtiis dhimmicha qulqulleessuuf yeroo dhama'utu mul'ata. Namni bu'uura keewwta kanaatiin iyyata raawwii mormii dhiheessuu danda'u, haala kamiiniyyuu haa ta'u qabeenya raawwiif qabame sana irraa mirga qabaachuu isaa kan agarsiisu ta'uu qaba.

Gama biraatiin tumaa s/d/f/h/h/ kwt.418(3) qaawwaa bal'aa hojii irratti rakkina uumuu qaba. Waraabbiin Afaan Amaaraa waan hunda irratti raawwii namni mormu kamiyyuu ragaa barreeffamaa akka dhiyeessuu qabu ibsa. Waraabbiin Afaan Ingilizii garuu ragaa kamiiniyyuu akka ta'e namatti mul'isa. Kwt.418(3)….Ingilizii...***the claimant or,objector shall adduce evidence to show…*** *jedha,* kan Afaan Amaaraa immoo … ***ባሕሉም ማስረ አቭብዘ ማቅረብ አለበጊ...*** jedha. Haaluma kanaan, manneen murtii tokko tokko hiikoon Afaan Amaaraa biyyattii keessatti ol'aantummaa waan qabuuf, iyyatni bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.418 tiin dhiyaatu ragaa barruu malee yoo dhiyaate fudhatama hin qabu jedhanii ragaa namaa wajjin iyyata dhiyaatu kuffisaa oolu. Abbootiin seeraa tokko tokko immoo ragaadhuma dhiyaateen mormii dhiyaate qulqulleessuun murtii kennu. Ejjennoon abbootii seeraa kun haala qabatama biyyattiin keessa jirtuun wal-qabatee waan hunda irratti ragaa sanadaa qulqulluu ta'e argachuun waan hin danda'amneef, akkaataa tumaa jecha Afaan Amaaraatti kan deemamu yoo ta'e mirga haqa argachuu lammiilee daangessa jechuun ejjennoo isaanii jabeessu.

Itti dabalees, iyyata mormii raawwii bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.418 tiin dhiyaatu ofitti fuudhanii keessummeessuu irratti ejjennoo garaagaraatu callaqisa. Abbootiin seeraa tokko tokko akkuma himata idileetti fuudhanii bitaa fi mirga falmisiisuun erga qulqulleessanii booda murtii kennu. Ejjennoon kun harka caalmaan Manneen murtii Oromiyaa keessatti kan calaqqisuudha jechuun ni danda'ama. Gariin Abbootii seeraa immoo iyyati mormii raawwii bu'uura tumaa kanaan dhiyaatu akka sirna idileetti osoo hin taane, sirna saffisaan ilaalamuu qaba jechuun falmu. Yeroo kana abbaan seeraa ragaa bitaa fi mirgaa dhiyeessee dhagahee erga jedheen booda murtii kenna

[37] . Robert Allen Sedler, Ethiopian Civil Procedure,1968 Fuula 292,

osoo hin taane, iyyata kana fuudhee mormiin kun fudhatama qaba moo hin qabu kan jedhu qofa ilaalee kan ajaja laatu ta'a jedhu.[38]

Dhimma 30ffaa

Dhimmi kun Dh/Ij/M/M/W/Federaalaatiin jildii 17ffaa lakk.galmee 97094 ta'e irratti dhaddacha gaafa 08/03/2007 ooleen ol-iyyattuu A/de Asteer Ambawuu fi waamatoota Obbo Abbabaawu Kifilee N-2 lama gidduutti geggeeffamaa turee murtii laate irraa fudhatame.

Dhimmi kun Mana murtii Godina Kafaatti Mana murtii jalqabaatti kan jalqabe yoo ta'u, ol-iyyattuun bu'uurra S/d/f/h/h/ kwt.418 tiin himata raawwii waamatoota gidduutti geggeeffamaa jiru irratti mormii kan kaafteedha. Waamamaa 1ffaan raawwiin himataa yoo ta'u, waamamaa 2ffaan immoo raawwiin himatamaa/abbaa idaati/. Abbaan mirgaa kun qabeenyawwan abbaa idaa kanneen akka maashina uffata hodhu, *biiffee wal-baataa, maashina mana miidhagina rifeensa dubartootaa/kaaski/, maashina rifeensaa sadii, daawwitii mana rifeensaa, teessuma, TV abbaa Inchii 21, fi teessuma abbaa soofaa afur gurguramee idaa koo akka naaf kaffalu jedhee iyyatee jira.* Haaluma kanaan, ol-iyyattuun ammaa qabeenyawwan kun kan kooti, kan abbaa idaa miti jettee adeemsa raawwii kana bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.418(1) tiin mormuudhaan ragaa namaa mirkaneessuufii danda'u wajjin tarreeffattee dhiyeeffattee jirti..

Bu'uuruma kanaan, manni murtii jalqabaa iyyaticha ofitti fuudhee erga ilaaleen booda, dhimma kana keessatti abbaa qabeenyummaa ragaa namaan mirkanaa'a osoo hin taane, bu'uura S/d/f/h/h/ kwt. 418(3)tiin ragaa sanadaan ta'uu qaba. Iyyattuun immoo ragaa sanadaa dhiyeeffatte waan hin qabneef, fudhatama hin qabu jechuun iyyata ishee kufaa godheera. Iyyattuun ajaja kana komattee manneen murtii sadarkaan jiranitti yoo iyyattes, murtii mana murtii jalqabaa kana cimsaniiru.

Dhaddachi ijibbaataa kunis *"dhimma kana ragaa namaan mirkaneessuun hin danda'amuu?"*kan jedhu irratti ijoo qabatee falmisiiseera. Iyyattuun falmii ishee keessatti, waamamaa 2ffaan abbaa warraa koo miti, manichatti qacaramee hojjeta jettee jirti. Manni murtii kunis yommuu *xiinxalu, waraabbiin Afaan Amaaraa ragaa sanadaa dhiyeessuu akka qabdu yoo dirqisiisee jiraates, waraabbiin Afaan Ingilizii:-"…the Claimant or objector Shall adduce evidence to Show that and the date of the attachment he had Some interest in or was possessed of the*

[38] . Moojulii Raawwii Murtii Leejii Hojii irraa Yeroo Gabaabaatiif obbo Misgaanuu Mul'ataan ILQSO tti bara 2004 qophaa'e, fuula 56

property attached…" jedha. Waan ta'eef, akka warabbii Afaan Ingiliiziitti ragaa namaatiin mirkaneessuun akka danda'amu ifaadha. Waraabbiidhumti afaan Amaaraa iyyuu S/H/H/ kwt. 1193 wajjin osoo ilaalamee ragaa biraatiin qulqulleessuun akka hin danda'amne waan dhorke hin fakkaatu. Kanaaf, manneen murtii jalaa ragaa sanadaa malee hin ta'u jechuun goolabuun isaanii kaayyoo bu'uuraa S/d/f/h/h/ kwt. 418 miti jechuun murtiilee jalaa diigeera.

Gaaffiilee Marii

1. Murtii manneen murtii sadarkaa gadiitiin kennaman akkamitti madaaltu? Murtii Dhaddacha Ijibbaataan kenname hoo akkamitti madaaltu? Ejjennoo keessanii fi muuxannoo qabdan kaasuun irratti mari'adhaa!
2. Bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.418(1) tiin abbaan idaa iyyata dhiyeeffachuu danda'aa? Maaliif?
3. Iyyatni mormii raawwii irratti dhiyaatu ulaagaa akkamiin dhiyaachuu qaba? Iyyata kanatti eenyutu deebii itti kenna? Abbaa mirgaa moo abbaa idaati?

Dhimma 31ffaa

Dhimma MMWO Dhaddacha Dhaabbii Kibbaatti lakk.galmee 260726 ta'e irratti M/A/Mirgaa Baankii Internaashinaalii Oromiyaa fi M/A/Idaa Kadir Haaruun gidduutti geggeeffamaa ture irraa fudhatame. Dhimmichi kan jalqabe manuma murtii kanatti lakk.galmee haadhoo 238967 ta'e irratti dhaddacha gaafa 10/05/2010 ooleen himatamaan mallattoo maamilaa fakkeessuun qarshii baankichaa faayidaa dhuunfaaf oolfateera kan jedhu qulqulleessee qarshii 1,459,750.00 dhuunfaan, qarshii 100,000.00 himatamaa 5ffaa wajjin himataaf haa kaffalu jedhee kan murteesse irraa kan jalqabeedha. Qabeenyaa raawwiif tolu:- mana jireenyaa Magaalaa Shaashamannee keessatti argamu raawwiif kabajamee akka gurguramu gaafatee jira. Kanumaan manichi tilmaamamee caalbaasiif dhiyaatee bu'aan isaa eegamaa osoo jiruu haati warraa M/A/Idaa A/de Raahimaa Qumbii iyyata dhiyeeffatteen:- ani haadha warraa M/A/Idaati. Qabeenyaan kun qabeenyaa waliinii keenyaadha. Himatamaan immoo yakka raawwate jedhamee bu'aa yakkaatiin himatamee qabeenyi waliinii keenya kun akka gurguramuuf ajajni bahe kun mirga kiyya waan miidhuuf, manichi caalbaasiin kan gurguramu yoo ta'e maallaqni gurgurtaan argamu walakkaan akka naaf eegamu jechuun bu'uura Sdhh kwt.418 tiin mormitee dhiyaattee jirti. Manni murtichaa immoo dhaddacha gaafa 13/02/2011 ooleen iyyattuun kun garmalee turtee waan dhiyaatteef, iyyata kanas raawwii dheeressuuf waan ta'eef, bu'uura SMO Labsii lakk.69/95 fi 83/96 kwt 86

tiin idaan qabeenyaa waliinii irraa waan kaffalamuuf, sababi isheen dhiyeessite fudhatama hin qabu jechuun iyyata ishee bu'uura S/d/f/h/h/ kwt 419(2)tiin kufaa godheera.

Gaaffiilee Marii

1. Ajaja Mana murtii kanaa akkamitti ilaaltu? Mormiin bu'uura S/d/f/h/h/ kwt. 418tiin dhiyaatu yoom dhiyaata?
2. Akkaataa Manni murtichaa SMO kwt.86 itti fudhatee ajaja kenne sirriidha jettuu? Seera Mirga garee 3ffaa qabeenya waliinii bulchu wajjin wal-bira qabaa irratti mari'adhaa!

Dhimma 32ffaa

Dhimma Raawwii MMO G/SH/Bahaa lakk.galmee 50178 ta'e irratti M/A/Mirgaa Lijaalem Damisee fi M/A/Idaa Ejensii Misoomaa fi Manaajimentii Lafa Magaalaa Bishooftuu gidduutti geggeeffamaa ture irraa kan fudhatameedha. Ka'umsi dhimmichaa murtii qarshii 368,969 raawwachiisuu yoo ta'u, kanumaan M/A/Mirgaa iyyata raawwii dhiyeeffachuun murtichi akka raawwatamuuf yommuu gaafatu, tarree qabeenyaa herrega Baankii Hojii Gamataa Oromiyaa Lakk.071 ta'e kan maqaa Mana Qopheessaa Magaalaa Bishooftuutiin galmaa'ee jiru, akkasumas baajeta manichaa dhiheeffateera. Manni murtichaas baajeta Waajjira M/A/Idaa gulantaadhaan tarreessee erga dhiyeessiseen booda kanaan dura Lakk.herregaa 071 ta'e irratti dhimmooti biroon iyyuu raawwatamaa ture waan ta'eef, baankiitti ajaji akka barraa'uuf abukaatoon M/A/Mirgaa gaafatee jira. Kanumaan, manni murtichaa yaada isaa gara lakkoofsa herrega Baankiitti luuccessuudhaan kanaan dura illee M/A/Idaa kun lakk.galmee 48440 ta'e irratti himatamee Baankii Hojii Gamtaa Damee Hora Sadii irraa lakk.herregaa 071 ta'e irraa raawwachiifnee beekna jechuudhaan muuxannoo isaa kaasee ibsuun baankichi miindaa hojjetootaatti osoo hin bu'in akka dhorku ajajee jira. Kanumaan Manni Qopheessaa Magaalaa Bishooftuu immoo bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.418(1) tiin lakkoofsi herrega Baankii kun kan kooti, maqaa kootiin jira dhorkamuu hin qabu jedhee mormee gidduu seeneera. Baankiin Hojii Gamataas dhorkuu hin danda'u, lakkoofsi kun maqaa M/A/Itiin hin jiru, maqaa Mana Qopheessaa Magaalaa Bishooftuun jira jedhee jira. Manaajerri baankichaa akka dhiyaatu ajajamee yeroo gaafatamu, galiin himatamaa lakkoofsa herregaa kanatti dhuguma galaa ture, garuu maqaa isaatiin hin jiru jechuun ibsa kenneera. Kanumaan falmisiisee erga jedheen booda giddu lixaa irratti osoo hin murtaa'in lakkoofsa baankii isaa irratti raawwachiisuun sirrii miti jedhee ajaja dhorkaa kennee ture dhaddacha gaafa 29/05/2010 ooleen bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.419(1)tiin kaasee M/A/Mirgaa

qabeenyaa biraa akka dhiyeeffatu ajajee jira. Kana booda, M/A/Mirgaa qabeenyaa tarreessee yommuu dhiyeessu, manni murtichaa Waajjirri Poolisii dhorkee akka gabaasa dhiyeessu ajajeera. Itti gaafatamaan Waajjira M/A/Idaa ajaja kana raawwachiisu dide jedhanii waan gabaasaniif dhiyaatee ibsa akka godhu yommuu taasifamu, Itti gaafatamichi dhiyaatee akka hin dhorkine ibsuudhaan galiin keenya lakkoofsa herregaa 071 irratti gala waan ta'eef, manni qopheessaa baasee akka kaffaluuf xalayaa barreessinaan nu didan waan ta'eef, mana qopheessichaatti ajaji deebi'ee nuuf haa bahu jedheera. Kanumaan manni murtichaa itti gaafatamaa waajjira mana qopheessaa waamee yaada irraa fuudhee erga jedheen booda lakkoofsuma herrega baankii kana irraa murtiin qarshii kun akka raawwatamu ajajee jira. Kanumaan, ajaja kana irratti Giddu lixaan duraa kun ol-iyyannoo gaafatee manumti murtichaa guyyaa 15'f dhorkaa akka kennuuf taasisee dhorkee jira. MMWO Dhaddachi dhaabbii Bahaa immoo lakk.galmee 280625 ta'e irratti komiin giddu lixaa kun ni dhiyeessisa erga jedheen booda dhaddacha gaafa 11/08/2010 ooleen mana qopheessaas ta'ee D/kennaa 2ffaan waajjiraalee mootummaa waan ta'aniif, lakkoofsa herrega baankii tokkotti fayyadamuun isaanii waanuma jiruudha. Manni Murtii Ol'aanaa sun kanaan dura illee akkuma kanatti raawwachiisaa turuu akka muuxannootti kaasee ajaja jalaa cimsee jira.

Gaaffiilee Marii

1. Adeemsa raawwii MMO Godina Shawaa Bahaa akkamitti ilaaltan? Murtii MMWO Dhaddacha Bahaa hoo?
2. Murtiin erga bu'uura S/d/f/h/h/kwt.419(1) tiin kennamee, manni murtichaa ofuma isaatii irra deebi'ee ajajicha kaasuu danda'a jettuu?

Dhimma 33ffaa

Dhimma Raawwii MMO G/Arsii Lixaa lakk.galmee 20171 ta'e irratti M/A/Mirgaa Gaaritee Hammeessoo fi M/A/Idaa Dastaa Bushuraa gidduutti geggeeffamaa ture irraa fudhatame. Ka'umsa dhimma kanaa irratti himatamaan himattuuf qarshii 90,000.00 akka kaffaluuf manumti murtii kun lakk.galmee haadhoo 17395 ta'e irratti kan murteesse irraa raawwiin kun eegale. Raawwiin himattuun galmee saaqqattee tarree qabeenyaa raawwiif tolu mana dabalatee dhiyeeffattee jirti. Giddu lixaan Bulloo Gammachuu jedhamu immoo qabeenyaan raawwiif qabame kun kan kooti waan ta'eef raawwiif qabamuu hin qabu jedhee bu'uura S/d/f/h/h/ kwt 418 tiin mormii dhiyeeffateera. Kanumaan, manni murtichaa bitaa fi mirgi iyyata giddu seentummaa

kanatti deebii barreeffamaan akka dhiyeeffatan taasisee falmisiisuun ragaa giddu-seenaa fi M/A/Mirgaa qofa dhagahee qulqulleessee erga jedheen booda qabeenyaan kun kan giddu-seenaati jedhee murteessuun dhorkaa irraa kaasee jira.

Dhimma 34ffaa

Dhimmi kun Dh/Ij/M/M/W/Federaalaatiin Jildii 15ffaa lakk.galmee 86133 ta'e irratti dhaddacha gaafa 26/05/2006 ooleen iyyattoota Obbo Fiqiruu Kabbadee faa N-11 fi A/de Asteer Ar'ayyaa faa N-2 gidduutti murtii argateedha. Dhaddachi kun iyyati bu'uura S/d/f/h/h/ kwt. 418'n dhiyaatu akkaataadhuma sirna idileetti ilaalamee qulqullaa'ee murtaa'uu qaba jedhee mirga dhagahamuu heera mootummaa keessa jiru wajjin xiinxalee murteesseera.

Gaaffiilee Marii

1. Adeemsa mana murtii kana akkamitti ilaaltu? Ejjennoo moojulii kana fuula 89 keeyyata dhumaa jalatti ibsaman keessaa manni murtichaa isa kam hordofe jettu?
2. Isin hoo ejjennoo isa kam deggertu? Muuxannoo keessan kaasuun irratti mari'adhaa!

3.3. Adeemsa gurgurtaan qabeenya raawwiin irra qubate ittiin raawwatamu

Mata durewwan olitti dhihaatan jalatti akkuma ibsame raawwii murtii qarshii ilaalchisee, raawwiin abbaan idaa idaa itti murtaa'e fedhii isaatiin kan hin raawwanne yoo ta'e, qabeenyi isaa idaa irra jiru waliin wal gitu(kwt.394(2) ugguramee ykn osoo hin ugguramin caalbaasiin gurguramee murtiin abbaa mirgaatiif raawwatamuu akka qabu ilaalleerra. Mata duree kana jalattis adeemsaa fi haala caalbaasiin qabeenya raawwiin irra qubate ittiin geggeeffamu kan ilaalluu ta'a. Seeraa deemsa falmii keenya yeroo ilaallu, tumaalee waliigalaa gurgurtaa caalbaasii qabeenya dhaabbataa fi socho'aa bakka tokkootti qajeelchan kwt.422-431 jalatti tumee jira. Haala addaatiin immoo caalbaasiin qabeenya socho'aa fi qabeenya dhaabbataa akkamittiin geggeeffamuu akka qabu ilaalchisee qofa qofaatti, qabeenya socho'aaf(kwt.432-438) fi qabeenya dhaabbataaf(kwt.439-449) jalatti tumee jira. Dhimmoota kana akka armaan gadiitti ilaaluuf yaalla.

3.3.1. Tumaalee waliigalaa gurgurtaa qabeenya raawwiin irra qubatee ilaallatan

Bu'uura s/d/f/h/h kwt.422(1) fi 424(1) tiin manni murtii ajaja qabeenyi murtiin abbaa idaa gurguramee abbaa mirgaatiif haa raawwatamu jedhu kennuu kan danda'u iyyata murtiin abbaa mirgaa bu'uura godhatee akka ta'e tumamee jira. Kunis manni murtii seerummaa hin gaafatamne kennuu hin danda'u qajeeltoo jedhu waliin kan walqabatuudha. Murtiin abbaan idaa idaa itti murtaa'e raawwachuu didee manni murtii qabeenya isaa gurgurtaaf kan dhiheessu yoo ta'e, akka qajeeltootti gurgurtaan geggeeffamu ulaagaalee lamaan itti aanan guutuu akka qabu kwt.422(2) jalatti ibsameera. Isaanis:-

- Bakka bu'aa(hojjetaa) mana murtii hojii gurgurtaa kana akka raawwatuuf aangeffame (auctioneer) tiin kan geggeeffamuu qabu ta'uu fi
- Gurgurtaan raawwatamus caalbaasii ifaatiin ta'uu qaba kanneen jedhaniidha.

Tumaan kun akka qajeeltootti gurgurtaan qabeenyaa ulaagaalee lamaan ibsaman kana guutee hin raawwatamne yoo ta'e seera qabeesa ta'uu akka hin dandeenye kan agarsiisuudha. Haa ta'u malee, haala addaatiin manni murtii ulaagaalee kana lamaaniin alatti gurgurtaan qabeenyaa raawwiin irra qubatee akka raawwatamu ajajuu akka danda'u kwt.422(2)(3) jalatti tumameera. Kunis fedhii murtiin abbaa idaa giddu galeessa godhachuun gurgurtaan qabeenyaa nama dhuunfaan ykn waliigalteen akka raawwatamu ajajuu akka danda'u tumaan kun ni agarsiisa. Akkasumas yaadni murtiin abbaa mirgaa illee dhagahamuu akka qabu tumaan kun ni ibsa. Tumaa kana irraas manni murtii gurgrurtaan qabeenyaa nama dhuunfaan ykn waliigalteedhaan akka raawwatamu ajajuu kan danda'u, murtiin abbaan idaa haala kanaan akka gurguramu kan gaafate ykn fedhii kan agarsiise yoo ta'e qofaadha. Sababni isaas, murtiin abbaan idaa qabeenya isaa irratti mirga guutuu kan qabu waan ta'eef gatii olaanaa caalbaasiin gurguramutti fayyadamuuf mirgi isaa eegamaadha.

Gaaffii Marii

1. Bu'uura S/d/f/h/h/ kwt.422(3) tiin gurgurtaan qabeenya raawwiin irra qubatee nama dhuunfaan ykn waliigalteen akka raawwatamu manni murtii ajajuuf, fedhiin abbaa idaa akkuma jirutti ta'ee, murtiin abbaan mirgaas dhagahamuu akka qabu tumeera. Murtiin abbaan idaa fedhii isaa ergaa kennee, murtiin abbaa mirgaa dhagahuun maaliif

barbaachise jettanii yaaddu? Murtiin abbaan mirgaa yoo morme gurgurtaan gara caalbaasii ifaatti deebi'a jechuudhaa? Maaliif?

Manni murtii raawwii murtiif qabeenyi murtiin abbaa idaa caalbaasiin akka gurguramu kan murteesse yoo ta'e, kanuma walfalmitoota erga hubachiisee booda beeksisni caalbaasii ifatti bahuu akka qabu kwt.423(1) jalatti tumameera. Qabiyyeen beeksisa caalbaasii kunis maal ta'uu akka qabu kwt.423(2) jalatti ibsameera. Isaanis:-

- ✓ Qabeenya gurguramuu fi tilmaama gatii isaa,
- ✓ Qabeenyichi itti gaafatamummaa biraaf qabamuu fi dhiisuu isaa,
- ✓ Hanga idaa qabeenyichi gurguramuufii,
- ✓ Haala gurgurtaa, haalaa fi yeroo kaffaltiin keessatti raawwatamuu qabu, fi
- ✓ Qabeenyichaan walqabatee waan namni caalbaasiin bitu beekuu qaba jedhee manni murtii itti amanu hunda kan hammate ta'uu qaba.

Manni murtii dhugummaa dhimmoota beeksisa caalbaasii kana irratti ibsamanii mirkaneeffachuuf qaama kamiinillee waamee dubbisuu, akkasumas ragaan sanadaa yoo jiraate akka dhiheessu taasisuu fi tilmaama qabeenyichaa addaan baasuuf ogeessa ramaduu akka danda'u kwt.424(2) jalatti aangoon kennameeraaf. Kunis manni murtii qabeenya caalbaasiif dhihaatuun walqabatee dhimmoota qulqullaa'uu qaban utuu hin qulqulleeffatin caalbaasii baasuu akka hin qabne kan dirqisiisuudha. Dirqamni mana murtii irra ka'ame kunis adeemsa caalbaasiin keessa darbee raawwatameef eegumsa seeraa cimaa ta'e gochuuf yaadamee akka ta'e ifaadha.

Haala beeksisni caalbaasii itti bahuu qabu ilaalchisee seerichi kallatti agarsiisee jira. Bu'uura s/d/f/h/h/ kwt.425 tiin beeksisni caalbaasii haala kwt.414(2) jalatti tumameen bahuu akka qabu kan ibsuudha. Kunis beeksisni caalbaasii bahu haala namni hunduu argee dorgomaa hedduun irratti hirmaachuu danda'uun qabeenya caalbaasiif dhihaate irratti ykn bakka qabeenyi kun jirutti akkasumas iddoo ifaa muldhachuu danda'u, mooraa mana murtii keessattillee maxxanfamuu akka qabu kan agarsiisuudha. Gama biraan manni murtii beeksisni kun gaazexaa naannoo qabeenyi kun itti argamuutti baayyinaan gurguramuu fi dubbifamuu irraatti akka maxxanfamu gochuu danda'a. Baasiin maxxansa beeksisa kanaaf bahus akka baasii gurgurtaa qabeenyaatti kan fudhatamu ta'uu isaa kwt.425(2) jalatti tumamee jira.

Gaaffiilee Marii

1. Beeksisa caalbaasii haala ifa ta'ee fi waan hundumaa hammachuu danda'uun akka ba'u seerichi maaliif barbaade jettanii yaaddu?
2. Bu'uura kwt.425(2) tiin manni murtii beeksisni caalbaasii gaazexaa irratti akka bahu ajajuu akka danda'u tumeera. Manni murtii ajaja kana kan kennu ajaja caalbaasii kwt.425(1) jalatti kenname waliin yerooma tokkotti kennamoo? kwt.425(1) jalatti beeksisni maxxanfame yoo milkaa'uu baate, gaazexaa irratti akka ba'u ajaja? Gama baasii murtiin abbaa idaa dabaluutiin akkamitti ilaalama?

Gama biraan yeroo gurgurtaan qabeenyaa keessatti raawwatu ilaalchisee seerichi kwt.426 jalatti deebii kennee jira. Bu'uuruma kanaan akka qajeeltootti, manni murtii qabeenyi raawwiin irra qubate caalbaasiin gurguruu kan danda'u, guyyaa beeksisni caalbaasii maxxanfame irraa kaasee qabeenya dhaabbataa guyyaa soddoma(ji'a tokko) boodaa, qabeenya socho'aa guyyaa kudha shan booda akka ta'e tumaa dirqiidhaan kaa'ee jira. Kunis beeksisni gurgurtaa caalbaasii manni murtii qabeenya dhaabbataa ilaalchisee baasu guyyaa soddoma, kan qabeenya socho'aa immoo guyyaa kudha shan qilleensa irra turuu akka qabuu fi guyyaa kana dura manni murtii gurgurtaa kan raawwate yoo ta'e seeraan alaa fi fudhatamummaa kan hin qabne ta'uu isaa agarsiisa.

Haa ta'u malee, seerichi tumaa addaa haala manni murtii tumaa oliin hin dirqamnes haalota lama kwt.426 jalatti kaa'ee jira. Inni jalqabaa qabeenya dhaabbataas ta'e socho'aa beeksisni caalbaasii ba'ee kan jiru yoo ta'ellee, murtiin abbaan idaa guyyaan caalbaasii irratti ibsame kun utuu hin xumuramin fedhii isaatiin barreeffamaan qabeenyi kun akka gurguramu kan hayyame yoo ta'e manni murtii guyyaan beeksisa caalbaasii irratti ibsame utuu hin gahin gurgurtaa raawwachuu danda'a. Inni lammaffaa, gurgurtaa caalbaasii qabeenya socho'aan walqabatee, qabeenyi raawwiin irra qubate dafee baduu ykn manca'uu kan danda'u yoo ta'e ykn gatiin ittiin eegamu gatii qabeenyichaa kan caalu yoo ta'e, manni murtii seera caalbaasii olitti ibsame kana utuu hin eegin gurguruu akka danda'u kwt.406(2) jalatti tumamee jira. Haalota kana lamaaniin ala manni murtii beeksisni caalbaasii ba'ee guyyaan kwt.426 jalatti ibsame osoo hin xumuramin gurgurtaa raawwachuu hin danda'u jechuudha.

Gaaffii Marii

1. Qabeenyaa akka salphaatti manca'uu yn baduu danda'an kanneen kwt.406(2) jalatti ibsaman manni murtii haala kamiin gurguruu qaba jettu? Caalbaasii baasuu qabamoo? gabaatti baaseedhuma gurgura? Muuxannoo jiru kaasuun irratti mari'adhaa! Gabaatti baasee gurgura kan jennu yoo ta'e, mirgi abbaan idaa hin miidhamu jettanii yaadduu? Falli jiru maaliidha?

Qabxii kan biraan gurgurtaa caalbaasiin walqabatee ka'u eenyutu gurgurtaa caalbaasii geggeeffamu irratti morkataa ta'ee dhihaachuu danda'a kan jedhuudha. S/d/f/h/h/ kwt.430 fi 431 yeroo ilaallu, tumaaleen kun eenyutu caalbaasii irratti morkataa ta'ee dhihaachuu danda'a gaaffii jedhu kan deebisan osoo hin taane, namoota morkataa ta'anii caalbaasii irratti dhihaachuu hin dandeenye kan tumaniidha. Bu'uuruma kanaan kwt.430(1) jalatti murtiin abbaan mirgaa hayyama barreeffamaan manni murtii kan kennuuf yoo ta'e malee morkataa ta'ee caalbaasii irratti dhihaachuu akka hin dandeenye ka'ameera. Kunis murtiin abbaan mirgaa morkataa ta'ee caalbaasii irratti hirmaachuuf hayyama mana murtii kan isa barbaachisu ta'uu isaati. Hayyamni barreeffamaan hin kennamneef yoo ta'e morkataa ta'ee dhihaachuu hin danda'u jechuudha. Murtiin abbaan mirgaa hayyama mana murtii malee kallattiin ofuma isaatiin ykn karaa nama biraa qabeenya raawwiin irra qubate caalbaasiin kan bite yoo ta'e, iyyata murtiin abbaan idaa ykn nama gurgurtaa sana keessatti mirgi koo tuqame jedhuun yoo dhihaate manni murtii gurgurtaa caalbaasii geggeeffame kaasuun caalbaasiin irra deebi'ee akka geggeeffamu gochuuf aangoo akka qabu kwt.430(3) jalatti tumameera. Kunis hangam hayyamni mana murtii kennamu barbaachisaa akka ta'e kan agarsiisuudha. Qaamni lammaffaan caalbaasii irratti akka hin hirmaanne dhorkame namoota mana murtiin aangeffamanii gurgurtaa caalbaasii geggeessan(auctioneer) kanneen jedhamaniidha. Bu'uura kwt.431(1) tiin namoonni kunneen kallattiinis ta'e al–kallattiidhaan caalbaasii keessatti morkataa ta'uu, qabeenya gurguramuun walqabatee faayidaa argchuu ykn argachuuf yaaluun seeraan ala akka ta'e tumeera. Haalli kun kan uumame yoo ta'e, manni murtii bu'uura kwt.431(2) fi 430(3) tiin iyyata dhihaatu giddu galeessa godhachuun gurgurtaa caalbaasii raawwatame haquun caalbaasiin irra deebi'ee akka geggeeffamu gochuu danda'a. Kunis namoonni kun hojii itti kenname alloogummaadhaan akka raawwataniif yaadamee, akkasumas gochoota alnaamusummaa ogeessota hojii kanaaf mana murtiin aangeffaman biratti mul'achuu danda'u hanga tokko kan furuudha jedhamee yaadama.

Walumaagalatti tumaalee olitti ibsaman kanneen yeroo ilaallu, murtiin abbaa idaa hayyama mana murtii malee fi namoota caalbaasii adeemsisuuf mana murtiin aangeffaman irraan kan hafe, namni kamiyyuu gurgurtaa caalbaasii irratti morkataa ta'ee hirmaachuu akka danda'u hubachuun ni danda'ama.

Gaaffiilee Marii

Dhimma 35ffaa

Dhimmi kun M/M/W/O/Dhaddacha Dhaabbii Bahaatiin galmee lakk.280780 ta'e irratti gaafa 9/9/2010 murtii kan argateedha. Ka'umsi murtii kanaa mana murtii M/M/Ol/G/A/Adaamaa yoo ta'u, ol-iyyattuu fi d/kennaan ammaa gaa'ilaan erga addaan bahanii booda qooddii qabeenyaa mana magaalaa Adaamaa ganda 11 keessatti argamu akka addaan qooddatan murtaa'eera.Mana kana gosaan addaan qooddachuu waan hin dandeenyeef, caalbaasiin gatii ka'umsaa 314,392.00 tiin gurguramee akka qooddatan manni murtii ajaja kenneera. Guyyaan caalbaasii osoo hin ga'in ol-iyyattuun ammaa(M/A/Idaa jalaa) caalbaasii irratti morkataa taatee hirmaachuu akka dandeessuuf mana murtichaa hayyama gaafattee jirti. Manni murtichaas iyyata dhihaate xiinxaluun bu'uura s/d/f/h/h/ kwt.430 tiin hayyama mana murtiin morkataa caalbaasii ta'ee dhihaachuu kan danda'u murtiin abbaa mirgaati malee, murtiin abbaa idaa miti jechuun iyyata dhihaate kufaa godheera. Ol-iyyattuun ajaja kana komachuun M/M/W/O/Dhaddacha dhaabbii Bahaatti ol-iyyannoo kan dhiheeffatte yoo ta'u, manni murtichaas,…. *caalbaasii geggeeffameen miidhaan ishee irra qaqqabuu ol-iyyattuun waan hin mirkaneessineef murtiin jalaa dogoggora hin qabu……* jechuun cimseera.

1. Ajaja M/M/Ol/G/A/Adaamaa iyyata dhihaate irratti kenne akkamitti madaaltu? Kan M/M/W/O/Dh/Dhaabbii Bahaa tiin kenname hoo? Haala manni murtichaa xiinxala itti geggeesse Seera Maatii Oromiyaa kwt.117-119 waliin yeroo ilaalamu sirriidha jettuu? M/A/Idaa kun dhuguma murtiidhaan abbaa idaati jechuun ni danda'amaa?
2. Dhimmi kun falmii diigaa gaa'ilaatiin ala osoo ta'ee s/d/f/h/h kwt.430 Murtiin abbaa idaatiif raawwatamummaa qaba jettuu? Maaliif?
3. Murtiin abbaan mirgaa hayyama mana murtii malee morkataa ta'ee caalbaasii irratti dhihaachuu akka hin dandeenye seerichi maaliif dhorke jettanii yaaddu?

4. Murtiin abbaan mirgaa hayyama mana murtii malee morkataa ta'ee caalbaasii injifachuun qabeenya raawwiin irra qubate kan bite yoo ta'ee fi gurgurtaan caalbaasii akka haqamu iyyatni hin dhihaanne yoo ta'e, manni murtii kaka'umsa mataa isaatiin caalbaasii haquu danda'a jettanii yaadduu? Maaliif? Kwt.430(3) irraa maaltu hubatama?
5. "Namni kan biroo mirgi isaa gurgurtaa caalbaasiin tuqame(---any other person whose interests are affected by sale….)" kwt.430(3) jalatti ibsame eenyu faa hammata jettanii yaaddu?

Qabxii biraan asitti ilaalamuu qabu, gatii gurgurtaa qabeenya raawwiin irra qubateeti. Qabeenyi raawwiin irra qubate caalbaasiin yeroo geggeeffamutti gatii hangamiitti gurguramuu qaba kan jedhu ilaalchisee s/d/f/h/h/ kwt.428 jalatti gatii olaanaa dorgomaan dhiheesse kan tilmaama qabeenyichi beeksisa irratti ittiin labsamee gadi hin taane jechuun kaa'eera. Kunis dorgomaan tokko dorgomtoota kanneen biroo waliin yeroo madaalamu gatii olaanaa kan dhiheesse yoo ta'ellee, gatiin inni dhiheesse kun gatii qabeenyichaa beeksisa caalbaasii irratti ibsameen gadi yoo ta'e gurgurtaa raawwachuun akka hin danda'amne kan agarsiisuudha. Gurgurtaa raawwachuuf dorgomaan yoo xiqqaate gatii olaanaa gatii qabeenyichi beeksisa irratti ittiin labsame dhiheessuu qaba. Kun hin taane yoo ta'e gurgurtaan hin raawwatamu jechuudha.

Caalbaasii tokkoffaa irratti dorgomaan gatii olaanaa dhiheesse kan dhabame yoo ta'e hafaa ta'ee caalbaasii 2^{ffaa}n geggeeffamuu akka qabu kwt.428(1) jalatti tumameera. Kunis beeksisni haaraan adeemsa caalbaasii tokkoffaa keessatti ibsame hordofee erga bahee booda akka ta'e tumaan kun ni agarsiisa. Caalbaasii 2^{ffaa} kana irrattis dorgomtoota dhihaatan keessaa dorgomaa gatii olaanaa dhiheessetti gurgurtaan raawwatamuu akka ibsameera. Kana jechuunis gatiin olaanaan dhihaate gatii qabeenyichi beeksisa caalbaasii irratti ittiin labsamee gadi yoo ta'ellee dorgomtoota dhihaatan keessaa gatii olaanaadha taanaan gurgurtaan kan raawwatamu ta'uu isaa agarsiisa.

Caalbaasii 2^{ffaa} irratti dorgomaan kan hin dhihaanne yoo ta'e, waa'een caalbaasii asumatti kan xumuramu ta'a. Caalbaasii kana irratti dorgomaan kan hin dhihaanne yoo ta'e, manni murtii maal gochuu qaba kan jedhu ilaalchisee s/d/f/h/h/ kwt.428(2) waraabbii afaan Ingilizii fi Amaaraa gidduu garaagarummaatu jira. Waraabbiin afaan Ingilizii, *...the court may,notwithstanding any provision to the contrary, authorize the decree-holder to take the possession of the property ordered to be sold at its estimated value in full or partial satisfaction of the decree…..* jechuun kan tumeedha. Kana jechuun immoo murtiin abbaan mirgaa qabeenyaa

sana tilmaama ogeessi dhiheesse kan beeksisa caalbaasii irratti ibsameen akka fudhatu kan mul'isuudha. Waraabbiin afaan Amaaraa immoo,... *ቫህት ትብረፔ ባምርታ ባለ ትዘቡም ተረክቦ ኦትታቫዝ ፔዛዝ ሊሰጎ ቭናሌ...*jedha. Tumaalee kana lamaan wal bira qabnee yeroo ilaallu, kan afaan Ingilizii, murtiin abbaan mirgaa qabeenya kana gatii tilmaama ogeessi dhiheesseen fudhachuu akka qabu kan agarsiisu yoo ta'u, kan afaan Amaaraa garuu tilmaama ogeessi dhiheeseen osoo hin taane, qabeenyaa kana qixa idaa irraa qabuun fudhachuu akka qabu kan agarsiisuudha. Bu'uura s/d/f/h/h kwt.394(2) tiin qabeenyi raawwiif qabamuu qabu, qabeenya idaa murtiin abbaa idaa irra jiru waliin wal madaalu ta'uu akka qabu mata dureewwan darban keessatti ilaallee jira. Qabeenyi caalbaasiif qabame idaa murtiin abbaa idaa waliin kan wal gitu ykn sanaa gadi yoo ta'e kwt.428(2) waraabbii afaan lameenii wal faana hojiirra oolchuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, yeroo tokko tokko qabeenyi idaa waliin wal madaalu dhibee, qabeenyi tilmaamni isaa idaan ol ta'e haalli itti caalbaasiif qabamu jiraachuu mala. Haalli akkasii yeroo mudatuu fi qabeenya kana caalbaasii 2^{ffaa}n bahee dorgomaan kan hin dhihaanne yoo ta'e, akka afaan Amaaraa jedhu qabeenyaa kana qixa idaatiin fudhatamoo, akka kan afaan Ingilizii, tilmaama ogeessi dhiheesseen fudhata kan jedhu irratti manneen murtii keenya keessa hojimaata adda addaatu jira. Abbootiin seeraa tokko tokko tumaa afaan Amaaraa hordofuun M/A/Mirgaa qabeenya raawwiif qabame qixa idaatiin akka fudhatu ajaju. Kanneen biroon immoo tumaa afaaan Ingilizii hordofuun tilmaama ogeessi dhiheesseen M/A/Mirgaa akka fudhatu yeroo ajajan mul'ata. Tuma isa kamtu kaayyoo seera deemsa falmii siivilii waliin deema kan jedhu ilaalchisee leenjifamtootni mariin kan gabbisan ta'a.

Gama biraatiin yeroo caalbaasiin geggeeffamaa jirutti, murtiin abbaan idaa idaa irra jiru baasii barbaachisu waliin murtiin abbaa mirgaaf kan kaffale ykn mana murtiitti kan qabsiise yoo ta'e, caalbaasiin geggeeffamaa jiru dhaabbachuu akka qabu kwt.427 jalatti tumameera. Sababni isaas, kaayyoon qabeenya caalbaasiin gurguruu idaa murtiin abbaa idaa akka kaffalamu taasisuudha. Abbaan idaa idaa irra jiru argatee kan kaffale yoo ta'e qabeenya isaa caalbaasiin gurguruun miidhaa yoo ta'e malee faayidaa hin qabu. Namni caalbaasii mo'atee qabeenya raawwiin irra qubate bite yeroo seeraan taa'e keessatti kaffaltii kan hin raawwatne yoo ta'e, manni murtii gurgurtaa raawwatame haqee qabeenyicha irratti caalbaasii haaraa baasuun gurgursiisuu akka qabu, walfalmitootni baasii caalbaasii jalqabaan walqabatee baasan dorgomaa caalbaasii mo'atee kaffaltii raawwachuu dide irraa gaafachuu akka danda'an kwt.429 jalatti tumamee jira. Kunis

mo'ataan caalbaasii yeroo seerichaan taa'e keessatti dafee kaffaltii raawwachuu akka qabuuf akeekkachisaa kennuu akka ta'e ni hubatama.

Dhimma 36ffaa

Dhimmi kun Mana Murtii Aanaa Kuyyuutiin galmee raawwii lakk.25963 ta'e irratti ilaalamee murtii kan argateedha. M/A/Mirgaa M/A/Idaa irraa qarshii 8000.00 kan qabu yoo ta'u, kaffaluu waan dadhabeef manni jireenyaa M/A/Idaa tilmaamaan qarshii 12500.00 baasu caalbaasiif dhihaateera. Caalbaasii 1ffaa fi 2ffaa irratti namni bitu waan dhibeef, manni murtichaa M/A/Mirgaa qixa idaatiin mana kana akka fudhatu ajajeera.

Dhimma 37ffaa

Dhimmi kun Dh/Ij/M/M/W/Federaalaatiin jildii 6ffaa galmee lakk.G.26670 irratti ilaalamee murtii kan argateedha. Ka'umsi dhimmichaa mana murtii olaanaa Walloo kibbaa yoo ta'u, waamamaan(Baankiin misooma Itoophiyaa) iyyattuu irraa idaa waliigalaa qarshii 63,184.74 kan qabu yoo ta'u, kaffaluu waan dadhabdeef qabeenyaan ishee tilmaama qarshii 121,829.67 baasu caalbaasiif dhihaatee gurguramuu waan dideef, waamamaan qabeenyaa kana fudhateera. Qabeenya kanas yeroo fudhatu garaagarumma idaa murtiin abbaa idaa irra jiruu fi tilmaama qabeenyaa iyyattuuf kaffaluu dideera. *Dhaddachi ijibbaataa dhimma kana irratti xiinxala taasiseen qabeenya biraa abbaan idaa yoo hin qabaanne, bu'uura kwt. 394(1) tiin furmaata kennuun hin danda'amu. Tilmaamni qabeenyichaa idaa ol yoo ta'e maal ta'uu akka qabu kwt. 428(2) fi lab. 97/90 fi 216/92 jalatti wanti ibsame hin jiru. Murtiin abbaan mirgaa kan argachuu qabu idaa ofii qofaadha. Idaa abbaa idaa irraa qabuu ol fudhachuun garmalee badhaadhuu ta'a; idaa irra jiruun ol murtiin abbaa idaa kaffalchiisuunis miidhuu ta'a. Kaayyoon seerichaas kana miti. Kanaaf garaagarummaa jiru murtiin abbaan mirgaa deebisuu qaba* jechuun murteesseera.

Dhimma 38ffaa

Dhimmi kun M/M/Ol/Godina Shawaa Kaabaatiin galmee lakk.34772 ta'e irratti ilaalamee gaafa 17/3/2011 ajajni kan itti kennameedha. M/A/Mirgaa galmee haadhoo lakk.50595 ta'e irratti qarshiin 87,630.00 M/A/Idaa irratti murteessifatee kan ture yoo ta'u, murtiin kun akka raawwatamuufiif iyyata raawwii dhiheesseera. M/A/Idaa beellama irraa waan hafeef manni isaa

akka dhorkamu ajaja kenneera. Bu'uuruma kanaan manni murtichaa dhaddacha gaafa 29/10/2010 ooleen manni kun ogeessaan tilmaamee akka dhihaatu kan ajaje yoo ta'u, ogeessis manichi qarshii 455,000.00 kan baasu ta'uu ibseera. Manni murtichaas tilmaama kana fudhatee caalbaasii yeroo lama kan baase yoo ta'u, namni dhihaatee bitu hin argamne. Beellama guyyaa bu'aan caalbaasii 2ffaa dhihaate irratti M/A/Mirgaa manni kun tilmaamni isaa ol ka'ee dhihaate waan ta'eef baasii kootiin irra deebi'ee naaf haa tilmaamu jedheera. Manni murtichaas, M/A/Mirgaa tilmaama dhihaate irratti mormii waan kaaseef jechuun irra deebi'amee akka tilmaamu ajajeera. Ogeessis manni kun qarshii 315,000.00 kan baasu ta'uu isaa ibseera. Manni murtichaas gatii ka'umsaa kanaan manichi caalbaasiin akka gurguramu ajajeera.

Dhimma 39ffaa

Dhimmi kun Dh/Ij/M/M/W/Federaalaatiin jildii 21ffaa galmee lakk.128776 irratti ilaalamee murtii kan argateedha. Ka'umsi dhimmichaa Naannoo Tigray Mana Murtii Olaanaa Shiree Indaasillaasee yoo ta'u, iyyataan ammaa raawwii qarshii waamamaa irratti murtaa'e ilaalchisee galmee raawwii kan banate yoo ta'u, konkolaataan qabeenya murtiin abbaa idaa ta'e koodii 03-46545 ta'e caalbaasiin gurguramee akka raawwatamuuf dhiheesseera. Manni murtiis tilmaama qarshii 731,426.05 ta'een caalbaasii 1ffaa irrattis ta'e 2ffaa baasee namni bitu hin argamne. Iyyataanis iyyata dhiheeffateen, tilmaamni konkolaataa ogeessaan dhihaate baayyee kan ol ka'e waan ta'eef namni caalbaasiin dorgomee bitu dhabame. Waamamaanis konkolaataa kana dhuunfaan gurguree idaa irra jiru kaffaluu hin dandeenye. Kanaaf, konkolaataa kana tilmaama idaa irra jiruutiin(qarshii 430,000.00) gara maqaa isaatti akka naanna'uuf, manni murtii caalbaasii 3ffaa kan baasu yoo ta'emmoo dorgomaa ta'ee keessatti hirmaachuu akka danda'u akka hayyamamuuf gaafateera. Waamamaanis deebii kenneen, konkolaataa kana tilmaama ogeessi dhiheesseen M/A/Mirgaa fudhatee qarshii idaa irraa hafu naaf haa kaffalu jedheera. Manni murtii olaanaas falmii dhihaate irratti xiinxala taasiseen *...konkolaataan kun yeroo lama caalbaasiif dhihaatee gurguruun hin danda'amne. Bu'uura kwt.428(2) tiin caalbaasii 2ffaa irratti morkataan kan hin argamne yoo ta'e murtiin abbaan mirgaa qabeenya sana fudhachuu akka qabu tumameera. Idaan waliigalaa murtiin abbaa idaa irra jiru 446,098.57 yoo ta'u tilmaamni konkolaataa qarshii 731,426.05 dha. Kanaaf iyyataan(M/A/Mirgaa) garaagarummaa isaa qarshii 285,327.48 waamamaaf(M/A/Idaaf) erga kaffalee booda konkolaataa haa fudhatu…* jechuun ajajeera.

Iyyataan ajaja kana komachuun Mana Murtii Waliigala Naannoo Tigraayitti ol-iyyannoo kan dhiheeffate yoo ta'ellee, manni murtichaa ol-iyyannoon hin dhiheessisu jechuun kufaa godheera.

Dh/Ij/M/M/W/ federaalaa komiin dhihaateef immoo dhimmicha qoratee ijoo dubbii *1ffaa, erga beeksisni caalbaasii bahee tilmaama qabeenyaa irratti mormii dhiheessuun ni danda'amaa?, 2ffaa, manni murtii jalaa garaagarummaa tilmaama konkolaataa fi idaa murtiin abbaa idaa irra jiru murtiin abbaan mirgaa kaffalee konkolaataa akka fudhatu ajajuun sirriidha?* Kanneen jedhan erga qabatee booda xiinxala geggeesseen ... *qabxii 1ffaa ilaalchisee, iyyataan tilmaama qabeenyaa raawwiin irra qubatee ilaalchisee mormii yoo qabaate beeksisni caalbaasii osoo hin bahin dura mormii dhiheessuu ni danda'a ture. Haa ta'u malee, mormii dhiheesse waan hin qabneef, erga beeksisni caalbaasii bahee qilleensa irra oolee mormii dhiheessuu hin danda'u. Qabxii 2ffaa ilaalchisee immoo, iyyataan konkolaataa kana qixa idaatiin fudhachuun qaba jechuun kan inni falmu kaayyoo kwt.428(2) waliin kan deemu miti. Manni murtii jalaas iyyataan gaaragarummaa tilmaama konkolaataa fi idaa iyyataan M/A/Idaatiif kaffaluu qaba jechuun isaa dogoggora kan jechisiisu miti. Haa ta'u malee, M/A/Mirgaa qabeenya kana tilmaama isaatiin kan fudhatu dirqamee osoo hin taane, fudhachuuf fedhii yoo qabaate qofaadha. Manni murtiis ajaja kana osoo hin kennin fedhii iyyataa(M/A/Mirgaa) gaafachuu qaba ture*... jechuun ajaja manneen murtii jalaa diigeera.

Gaaffiilee Marii

1. Dhimma 36ffaa jalatti ajaja M/M/Ol/Shawaa Kaabaa M/A/Mirgaa qabeenya raawwiif dhihaate qixa idaatiin haa fudhatu jechuun kenne akkamitti madaaltu? Dhimmaa 37ffaa waliin hoo akkamitti ilaaltu? Isa kamtu bu'uura seeraa qaba jettu? Maaliif? labsii lakk.97/90 kwt.4 irraa maaltu hubatama?
2. Dhimma 38ffaa irratti ajaja M/M/Ol/Shawaa Kaabaa mormii tilmaama irratti dhihaate irratti kenne akkamitti ilaaltu? Beeksisni caalbaasii erga bahee qilleensa irra oolee morkataan dhabamee booda tilmaamni qabeenyaa sirrii miti jechuun mormuun ni danda'amaa? Murtii Dh/Ij/M/M/M/W/Federaalaa dhimma 39ffaa irratti kenne waliin akkamitti ilaaltu? Isa kamtu bu'uura seeraa qaba jettu? Maaliif?
3. M/A/Mirgaa M/A/Idaatiin waraqaa waamichaa osoo hin qaqqabsiisin, mana murtii doggorsuun waraqaan waamichaa akka qaqqabetti ibsee bu'uura s/d/f/h/h/ kwt.386(3) tiin manni murtichaa bakkaM/A/Idaa hin jirretti raawwiin kan itti fufe yoo ta'ee fi erga

beeksisni caalbaasii bahee booda dhihaatee tilmaama qabeenya caalbaasiin irra qubatee yoo morme ajaja akkamii kennitu? Murtii Dh/Ij/M/M/W/F dhimma 39ffaa irratti kenne dhimma kanaaf furmaata kan kennuudha jettanii yaadduu? Maaliif?

5. Murtiin abbaan idaa qabeenya caalbaasiif dhihaatee gurguramuu dide fudhachuuf fedhii yoo dhabe hoo manni murtii maal gochuu qaba? Fakkeenyaaf, tumaan afaan Ingilizii sirriidha jennee yoo fudhanne, abbaan idaa bu'uura kwt.394(2) tiin qabeenya idaan wal gitu kan hin qabne yoo ta'ee fi tilmaamni qabeenya caalbaasiif dhihaatee idaa murtiin abbaa idaa irra jiruun ol yoo ta'e, murtiin abbaan mirgaa qabeenyicha yeroo fudhatu tilmaama darbaa abbaa idaaf deebisuuf dirqama qaba. Tilmaama kana kaffaluuf qarshii hin qabu yoo ta'e hoo akkam ta'a? Murtii Dh/Ij/M/M/W/F dhimma 39ffaa olitti ibsame waliin irratti mari'adhaa.

Dhimma 40ffaa

Dhimmi kun Dh/I/M/M/W/Federaalaatiin jildii 14ffaa galmee lakk.72017 ta'e irratti ilaalamee murtii kan argateedha. Ka'umsi dhimmichaas iyyataan ammaa galmee raawwii kan biroo irratti manni kuusaa qorichaa isaa caalbaasiin gurguramee raawwiin akka raawwatamu kan ajajame yoo ta'u, caalbaasii 1ffaa irratti waamamaan ammaa morkataa ta'ee qarshii 1,000,000.00 tiin kan bite yoo ta'u, kaffaltii raawwachuu waan dadhabeef, caalbaasii 2ffaan bahee ammas namni kan biroon qarshii 1,000,000.00 tiin kan bitate yoo ta'u, innis kaffaltii raawwachuu waan dadhabeef, yeroo 3ffaaf caalbaasiin bahee namni biroon qarshii 265,000.00 tiin bitateera. Iyyataan ammaa bu'uura kwt.429 tiin namoonni caalbaasii yeroo 1ffaa fi 2ffaa irratti mo'atanii kaffaltii raawwachuu didan, garaagarummaa qarhii caalbaasii duraa fi ammaa gidduu jiru qarshii 735,000.00 qeentee fi waliin akka naaf kaffalan jechuun himateera. Manneen murtii sadarkaa adda addaa irra jiran, bu'uura kwt.429 tiin garaagarummaa qarshii uumameef itti gaafatamummaa kan qabu, mo'ataa caalbaasii 1ffaa osoo hin taane, mo'ataa caalbaasii 2ffaati jechuun, qarshii kana namni caalbaasii 2ffaa mo'atee kaffaltii raawwachuu dide akka kaffalu murteessuun mo'ataa caalbaasii 1ffaa bilisa geggeesseera.

Iyyataan ammaas namoonni caalbaasii 1ffaa fi 2ffaa irratti mo'atanii kaffalatii raawwachuu didan waliin itti gaafatamummaa qabu jechuun murtii jalaa komatee dhaddacha kanatti komii isaa kan dhiheeffate yoo ta'u, dhaddachi ijibbaataas *... dhimma kana keessatti waamamaan ammaa caalbaasii yeroo jalqabaaf bahe irratti morkataa ta'ee qarshii 1,000,000.00 tiin erga mo'atee*

booda kaffaltii raawwachuu dadhabuun caalbaasii yeroo 2ffaa baheef ka'umsa ta'uun isaa kan mirkanaa'e yoo ta'ellee, gatii morkataan caalbaasii yeroo 2ffaaf bahe irratti dhiheesse qarshii 1,000,000.00 waan ta'eef, gatii caalbaasii 1ffaa irratti dhihaateen gadi osoo hin taane walqixxeedha. Kana irraa ka'uun waamamaan kun mo'ataa caalbaasii 1ffaa ta'ee kaffaltii raawwachuu dhabuun isaa iyyataa ammaa kana irratti miidhaa qaqqabsiise hin qabu jechuun murtii jalaa cimseera.

Gaaffii Marii

a) Murtii Dh/Ij/M/M/W/F tiin kenname akkamitti madaaltu? Caalbaasii yeroo 2ffaaf dhihaate irratti gatiin ittiin mo'atame gatii caalbaasii yeroo 1ffaaf ittiin mo'atame waliin wal qixa ta'uun isaa nama caalbaasii yeroo 1ffaaf mo'atee kaffaltii raawwachuu dhabe itti gaafatamummaa jalaa baasuu ni danda'a jettanii yaadduu? S/f/h/h/kwt.429(2) dhimma kanaaf fala ni kenna jettanii yaadduu?

Dhimma 41ffaa

Dhimmi kun M/M/W/O/Dhaddacha Dhaabbii Bahaatiin galmee lakk.280521 ta'e irratti dhaddacha gaafa 2/9/2010 ooleen murtii kan argateedha. Ka'uimsi dhimmichaa M/M/Ol/Godina Shawaa Bahaa yoo ta'u, d/kennitootni ammaa(M/A/Mirgaa jalaa) qarshii 80,420.00 DH/Ij/M/M/W/O/ galmee lakk.274209 ta'e irratti dhaddacha gaafa 21/5/2010 murtii mana murtii olaanaa godina shawaa bahaa fooyyessuun ol-iyyataa ammaa(M/A/Idaa jalaa) irratti murteesseef bu'uura godhachuun galmee raawwii M/M/Ol/Godina Shawaa Bahaa lakk.50597 irratti akka raawwatamuuf falmii irra turaniiru. Ol-iyyataan ammaa(M/A/Idaa jalaa) akka raawwatuuf gaafatamee, raawwachuuf fedhii kan qabu ta'uu isaa ibsee garuu qarshii waan hin qabneef d/kennitoota kana waliin mana daldalaa waliin waan qabnuuf caalbaasiin gurguramee gahee koo keessaan raawwadha jedheera. D/kennitootni ammaa falmii dhiheessaniin mana daldalaa kana keessaa 75% kan keenya; M/A/Idaa 25% qofa keessaa qaba. Kanaaf, caalbaasiidhaan gurguramuu hin qabu, gaheen isaa ogeessaan tilmaamamee achi keessaa haa raawwatu jedhaniiru. M/M/Ol/G/Shawaa Bahaas dhaddacha gaafa 6/7/2010 ooleen*,...manni murtii kunillee galmee qoratee murtiin abbaan idaa yoo barbaade gahee manicha irraa qabu gaafatee qooddachuu kan danda'uun alatti mana harka 25% irraa qabuu fi harka murtiin abbaa mirgaawwanii jiru caalbaasiidhaan gurguramee idaan haa kaffalamu jechuu hin danda'u...*

jechuun falmii M/A/Idaa kaase kufaa gochuun mannichi ogeessaan tilmaamamee tilmaama ogeessi dhiheessuun idaan akka kaffalamu ajajeera. Ol-iyyataan ammaas ajaja kana komachuun ol-iyyannoo M/M/W/O/Dhaddacha Dhaabbii Bahaatti ol-iyyannoo kan dhiheesse yoo ta'u, manni murtichaas xiinxala taasiseen,*...qabeenyi hin sochoone kun qabeenya waliinii kan addaan hin qoodamin ta'uun isaa fi ol-iyyataan kun haa xiqqaatu haa guddatu gahee achi keessaa qabaachuun isaa hanga hin waakkatamnetti gaheen ol-iyyataa kanaa kan ilaalamuu qabu bu'uura s.h.h.kwt.1272(2) tiin ta'uu qaba. Keewwata kana jalatti akkuma tumame namoonni qabeenya waliinii kan hin sochoone qaban yoo haalli qabeenyicha miidhu hin jiru ta'e bifumaan addaan qooddachuu akka qaban ykn haalli addaan fudhachuu mija'aawaa hin taane yoo ta'e immoo caalbaasiin gurguramee addaan fudhachuu akka qabu seeraan taa'eera. Waliigaltee bitaa fi mirgaatiin yoo ta'e malee adeemsi tilmaama ogeessaatiin ol-iyyataan idaa isaa akka kaffalu taasisuun ol-iyyataa miidhuu waan danda'uuf filannoo filatamaadha jedhee manni murtii kun hin amanne. D/kennitootnis akka hin miidhamne carraa manicha hambifachuu akka argatan caalbaasii keessatti hirmaachisuutu fala ta'a. Kanaafuu, bitaa fi mirgi waliigalteen dhimma isaanii fixachuun akkuma jirutti kan eegame ta'ee, tilmaamni ogeessaa kan mana murtii jalaatiin ajajame erga dhihaateen booda caalbaasiin gurguramee gahee ol-iyyataa keessaa idaan kaffalamee kan irraa hafe ol-iyyataaf haa kennamu...* jechuun ajaja mana murtii jalaa diigeera.

Gaaffiilee Marii

1. Ajaja M/M/Ol/Godina Shawaa Bahaa kenne akkamitti ilaaltu?
2. Murtii M/M/W/O/Dhaddachi Dhaabbii Bahaa dhimma kana irratti kenne hoo akkamitti madaaltu?

Gaaffiilee Marii Waliigalaa

1. Caalbaasii 1^{ffaa} irratti dorgomaan dhihaachuun dirqama jettanii yaadduu? Dorgomaan tokkollee hin dhihaanne yoo ta'e caalbaasiin geggeeffameera jechuun ni danda'amaa? Maaliif?
2. Tumaa s/d/f/h/h/ kwt.428(1) kan afaan Ingilizii fi afaan Amaaraa gidduu garaagarummaan jira jettanii yaadduu? Bu'uura tumaa afaan Amaaraatiin dorgomaan ni barbaachisa jettuu? Tumaalee lamaan keessaa isa kamtu sirriidha jettuu? Maaliif?

3. Beeksisa caalbaasii 2^{ffaa} irratti tilmaamni qabeenyaa ibsamuu hin qabu jettanii yaadduu? Kwt.428(1) irraa maaltu hubatama?, ibsamuu qaba kan jennu yoo ta'e, ka'umsa caalbaasii akka hin taane ibsamuu qaba jettuu? Barbaachisummaan ibsamuu isaati maaliidha?

3.3.2. Adeemsa gurgurtaan qabeenya socho'aa ittiin raawwatamu

Akkuma mata duree olii jalatti ibsame seerri deemsa falmii siivilii biyya keenyaa, tumaalee waliigalaa gurgurtaa qabeenyaa ilaallatan akkuma tumee jiru, haala addaatiin tumaalee gurgurtaa qabeenya socho'aa qofa irratti raawwatamummaa qabanis tumee jira. Bu'uuruma kanaan, gurgurtaan qabeenya socho'aa haalaa fi yeroo akkamii raawwatamuu akka qabu, haala kamiin gara nama biteetti akka darbu, ulaagaa barbaadamu hordofuu dhabuun bu'aa maalii akka hordofsiisu, fi kkf kwt.432-438 jalatti bal'inaan tarreeffamaniiru.

Bu'uura kwt.432(1,2) tiin qabeenyi gurgurtaaf dhihaate omisha qonnaa yoo ta'e, gurgurtaan isaa bakka omishni sun itti argamuttii fi hanga danda'ametti guyyaa gabaa irra ta'uu akka qabu tumamee jira. Akkasumas omisha fulduratti guddachaa jiru ilaalchisees haala kamiin gurguramuu akka qabu kwt.433 jalatti ibsameera. Gama biraatiin kan gurgurtaaf dhihaate sanadoota maallaqaa daddarboo(negotiable instruments) ykn aksiyoona(share) yoo ta'e, qabeenyaa kana caalbaasii ifaatiin gurguramuu irra karaa dallaalaa(broker) tiin akka gurguramu manni murtii ajajuu akka danda'u kwt.434 jalatti tumamee jira. Haa ta'u malee, manni murtii qabeenyi kun karaa dallaalaa akka gurguramu kan ajaju sababoonni akkamii yoo jiraataniidha kan jedhuuf seerichi deebii hin kennine.

Qabxiin biraan baayyee murteessaa ta'e, gurgurtaan qabeenya socho'aa adeemsa gurgurtaa caalbaasii seerri tumee jiru hin hordofin yoo raawwatame bu'aan isaa maal ta'a kan jedhuudha. Qabxii kanaan walqabatee kwt.435 jalatti, adeemsa seerri tume eegee raawwachuu dhabuun gurgurtaa qabeenya socho'aa irratti dhiibbaa qabaachuu akka hin dandeenyee fi gurgurtichi mana murtiin mirkanaa'uu akka qabu ibsameera. Fakkeenyaaf, beeksisa caalbaasii guutuu ta'e baasuu dhabuu ykn adeemsa gurgurtaa keessatti rakkoon jiraachuu fi kkf gurgurtaa raawwatame hafaa taasisuu hin danda'an. Gurgurtaa qabeenyaa raawwatame keessatti dogoggorri adeemsaa raawwatame gurgurtaa irratti dhiibbaa kan hin qabne erga ta'ee, namni mirgi isaa adeemsa kana keessatti miidhame fala maalii qaba kan jedhu ilaalchisee tumaan kun deebii kennee jira. Bu'uura kanaan, namni dogoggora adeemsaa raawwatameen mirgi koo tuqameera jedhu nama

dogoggorri kun akka raawwatamu taasise irratti himannaa dhiheessee beenyaa argachuuf mirga akka qabu tumamee jira. Namni dogoggora kana raawwate mo'ataa qabeenyicha bitate yoo ta'ellee, qabeenya sana akka deebisu gochuun ni danda'ama. Gaaffiin asitti ka'u garuu namni mirgi isaa miidhame kun galmee haaraa irratti himannaa dhiheeffatamoo, galmeema raawwii kana irratti iyyatee beenyaan akka kaffalamuuf taasisa kan jedhuudha.

Haala qabeenyi caalbaasiin gurgurame harka nama bitatee ittiin gahu ilaalchisee qabeenyicha irratti hundaa'uun garaagarummaa kan qabu akka ta'e seericha irraa ni hubatama. Fakkeenyaaf, qabeenyichi jalqabummayyuu bu'uura s/d/f/h/h/ kwt.406 tiin manni murtii qabee kan jiru yoo ta'e, kallattiin nama bitateef dabarsanii kennuudha. Qabeenyi caalbaasiin gurgurame murtiin abbaa idaatiin ala nama kan biraa harka kan jiru yoo ta'e immoo namicha qabeenya qabatee jiru sanaan qabeenyicha harka nama bitatee irraan kan hafe nama biraatti akka hin kennine manni murtii beeksisuu akka qabu kwt.436(2) jalatti ibsamee jira. Gama biraan, qabeenyi gurgurame aksiyoona yoo ta'e immoo murtiin abbaan idaa nama aksiyoonicha bite irraan kan hafe nama biraatti akka hin dabarsine, bu'aa akka hin qooddanne fi aksiyoonnis ta'e bu'aan isaa nama bitateef akka kaffalamu ajaja kennuun kan raawwatamuudha(kwt.436(3). Sanadoota maallaqaa daddarboon walqabatees haalli itti darbuu qabu kwt.437 jalatti ibsameera.

Dhimma 42^{ffaa}

Dhimmi kun Dh/Ij/M/M/W/Federaalaatiin ilaalamee jildii 13^{ffaa} galmee lakk.70378 ta'e irratti murtii kan argateedha. Ka'umsi dhimmichaa Mana Murtii Olaanaa Godina Harargee Lixaa yoo ta'u, iyyattootni ammaa mana murtii jalaatti qabeenya waamamaa 1^{ffaa} konkolaattota idaadhaaf caalbaasiin akka gurguraman manni murtichaa ajaje kan bitataniidha. Gurgurtaan caalbaasii erga raawwatamee iyyattootni konkolaataa kana of harka erga galfatanii booda, waamaamaa 1^{ffaa}n konkolaataa fi maashinoonni kun kan gurguraman beeksisni caalbaasii gaazexaa irratti osoo hin bahin, beeksisa keessaatiin kan raawwatame ta'uu, adeemsa gurgurtaa keessatti gochi waliin dhahuu raawwatamuu fi qabeenyaan kun gatii baasuu qabanii gaditti kan tilmaamaman ta'uu ibsuun gurgurtaan akka diigamuuf bu'uura kwt.445 tiin iyyata dhiheeffateera. Manni murtii olaanaas dhimmicha qoratee adeemsa gurgurtaan caalbaasii ittiin raawwatame dogoggora qaba jechuun bu'uura s/d/f/h/h/ kwt.445 tiin gurgurtaa diigee qabeenyi caalbaasiin gurgurame waamamaaf akka deebi'u murteesseera.

Iyyattootnis manni murtii jalaa bu'uura s/d/f/h/h/ kwt.435 tiin dogoggorri adeemsaa gurgurtaa diigsisuu hin danda'u jedhee tumee osoo jiruu seera rogummaa hin qabne kwt.445 tiin gurgurtaa diiguun isaa sirrii miti jechuun komii isaanii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa fi Dhaddacha Ijibbaata Mana Murtii Waliigala Oromiyaatti kan dhiheeffatan yoo ta'ellee, manni murtii waliigalaas ta'e dhaddachi ijibbaata oromiyaa murtii jalaa cimsaniiru.

Iyyattootni murtii kana komachuun Dh/Ij/M/M/W/Federaalaatti komii kan dhiheeffatan yoo ta'u, manni murtichaas xiinxala taasiseen *....manneen murtii jalaatti gurgurtaan caalbaasii kan diigame bu'uura kwt.445 tiin dha. Haa ta'u malee, gurgurtaan raawwatame qabeenya socho'aa ilaalchiseeti waan ta'eef tumaaleen raawwatamummaa qaban kwt.432-438 tti jiran yoo ta'u, dhimma kana waliin kallattiin kan raawwatamummaa qabu kwt.435 waan ta'eef dogoggora raawwatame jedhame tumaa kana waliin ilaaluun barbaachisaadha. Tumaan kun mata dureen isaa adeemsi gurgurtaa dogoggora qabaachuun haala itti gurgurtaa diigsisu jechuun tumee jira. Qabiyyee tumaa kanaa yeroo ilaallus, beeksisni caalbaasii hanqina qabaachuu ykn adeemsi gurgurtaa hanqina qabaachuu qofti gurgurtaa diigsisuu akka hin dandeenye kan tumu yoo ta'es adeemsicha irratti miidhaa qaqqabsiiseera yoo ta'e nama miidhaa geessise irratti beenyaa murteessuun akka danda'amu waan tumeef, tumaan kun haala hayyamaa ta'een tumuu isaa irra darbee akkuma haala isaatti ilaalamee gurgurtaan raawwatame diigamee qabeenyi gurgurame abbaa idaaf akka deebi'u gochuun akka danda'amu boocamaa fi afuura seerichaa irraa kan hubatamuudha...* jechuun murtii manneen murtii jalaa cimseera.

Gaaffiilee Marii

1. Dhimma olitti dhihaate kana irratti xiinxala Dh/Ij/M/M/W/F kenne akkamitti madaaltu? Adeemsa gurgurtaa caalbaasii qabeenya socho'aa keessatti dogoggorri raawwatamuun haalli gurgurtaa itti diigsisuu danda'u jira jettanii yaadduu? Maaliif? Tumaa 435 irraa maaltu hubatama? Hin jiru kan jettan yoo ta'e namni adeemsa gurgurtaa keessatti dogoggora adeemsaa raawwatameen mirgi isaa jalaa tuqame, galmee haaraa irratti himannaa dhiheeffatamoo? galmee raawwii irratti iyyata dhiheeffatee beenyaa argata jettanii yaaddu? Maaliif? Kwt.435 *(...may institute a suit against him for compensation...)* jedhu irraa maaltu hubatama?
2. Kaffaltiin gurgurtaa qabeenya dhaabbataa haala kamiin raawwatamuu qaba kan jedhu ilaalchisee seerri deemsaa keenya waan jedhu hin qabu. Haala kamiin raawwatamuu qaba

jettanii yaaddu? Mo'ataan kaffaltii hin raawwatin kan hafe yoo ta'e bu'aan isaa maal ta'uu qaba jettu?

3. Sanadoota maallaqaa daddarboo fi aksiyoona manni murtii dallaalaadhaan akka gurguraman ajajuu akka danda'u seerichi maaliif aangoo kenneef jettanii yaaddu? (Robbert Allen Seddler kitaaba isaanii Ethiopian civil procedure jedhu keessatti ***… a broker may be more familiar with the value of the property and may be able to obtain a better price than would result from a sale by auction…***)[39] jedheera. Yaada kanatti waliigaltuu? Murtiin abbaa idaa ajaja kana irratti yoo waliigaluu baate bu'aan ajaja kanaa maal ta'a jettanii yaaddu?
4. S/d/f/h/h/ kwt.435 fi 430 fi 431 gidduu walitti bu'insi jira jettanii yaadduu? Dogoggorri adeemsaa kwt.435 jalatti ibsame kanneen kwt.430 fi 431 jalatti ibsaman ni dabalatu jettanii yaadduu? Maaliif? Ni dabalatu kan jettan yoo ta'e bu'aa isaan hordofsiisan irratti garaagarummaa hin uuman jettanii yaadduu? Tumaalee kana lamaan haala kamiin wal cina hojii irra oolchuu dandeenya jettu?

3.3.3. Adeemsa gurgurtaan qabeenya dhaabbataa ittiin raawwatamu

Tumaaleen addaa gurgurtaa qabeenya dhaabbataan walqabtee raawwatamummaa qaban s/d/f/h/h/ kwt.439-449 jalatti ibsamaniiru. Sababni isaas, qabeenyi dhaabbataan jireenya ilma namaa keessatti iddoo guddaa kan qabuu fi qabeenya biroo caalaa qabeenya murteessaa waan ta'eef haalli gurgurtaa isaas ta'e, haalli nama irraa namatti ittiin darbu xiyyeeffannoo addaa waan barbaaduufiidha. Seera baastuun raawwii murtii keessatti dhimmootni qabeenya dhaabbataan walqabatee qabeenya socho'aa irraa addatti hogganamuu qabu jedhan tumaalee adda addaa jalatti hammachiisanii jiru. Isaanis: yeroo gurgurtaa dheeressuu, haalaa fi yeroo kaffaltiin gurgurtaa itti raawwatamu, kaffaltiin kan hin raawwatamne yoo ta'e adeemsa hordofamuu qabu, gurgurtaa haquu, gurgurtaa mirkaneessuu fi qabeenya gurgurtaan isaa raawwatame harka nama biteen gahuu kanneen jedhaniidha. Qabxiilee kana gabaabinaan akka itti aanutti ilaaluuf yaalla.

a) Gurgurtaa caalbaasii dheeressuu(postponement of sale)

Manni murtii ajaja gurgurtaa qabeenya dhaabbataa erga kennee booda, murtiin abbaan idaa iyyata qabeenyaa sana guutumaan ykn gamisaan wabiidhaan qabsiisuun, kireessuun ykn

[39] . Robbert Allen Seddler: Ethiopian Civil Procedure(1968), page 300

dhuunfaadhaan gurguruun idaa itti murtaa'e akka kaffalu ibsee gurgurtaan qabeenyaa dhaabbataa akka dheeratuuf kan gaafate yoo ta'e, manni murtii murtiin abbaan idaa qabeenya kana kireessuun, wabiidhaan qabsiisuun ykn dhuunfaan gurguruun idaa itti murtaa'e kaffaluu kan isa dandeessisu sababni gahaan yoo jiraate, gurgurtaan qabeenya raawwiin irra qubatee akka dheeratuuf ajaja kennuu ni danda'a(kwt.439(1)). Asitti qabxii manni murtii qulqulleeffachuu qabu, murtiin abbaan idaa daangaa yeroo gurgurtaan dheeratuu keessatti idaa irra jiru qabeenya sana dhuunfaan gurguruun, kireessuun ykn wabiidhaan qabsiisuun kaffaluu ni danda'amoo miti kan jedhu qofaadha. Gama biraatiin manni murtii iyyata kana yeroo hayyamu, murtiin abbaa mirgaa dhagahuuf dirqama qabamoo iyyata dhihaate irratti ofuma isaatiif murteessa kan jedhu ilaalchisee tumaan kun waan jedhu hin qabu. Haa ta'u malee, iyyata murtiin abbaan idaa dhiheeffate, abbaan idaa yeroon gurgurtaa kan dheeratu yoo ta'ellee, bu'aa qabeenyaa sana irraa argamuun idaa isa irra jiru kaffaluu kan hin dandeenye yoo ta'e, gurgurtaa lafa irra harkisuun mirga murtiin abbaa mirgaa miidhuu irraan kan hafe faayidaa hin qabu. Kun immoo manni murtii dhimma kana qulqulleeffachuuf dirqamu kan qabu ta'uu isaa agarsiisa. Qaama inni irraa qulqulleeffatu keessaa inni tokko murtiin abbaa mirgaati. Itti dabalees murtiin abbaan mirgaa abbaa mirgaa galmee raawwiiti waan ta'eef, iyyata murtiin abbaan idaa dhiheeffatu kamiyyuu irratti yaada kennuuf mirga guutuu qaba. Kunis seerichi qabxii kana irratti callisaan kan darbe yoo ta'ellee, manni murtii murtiin abbaa mirgaa yaada itti kennisiisuuf dirqama kan qabu ta'uu isaa agarsiisa.

Bu'uura kwt.439(2 fi 3) tiin manni murtii gurgurtaan akka dheeratu kan hayyame yoo ta'e, murtiin abbaan idaa qabeenya raawwiin irra qubate kana wabiin akka qabsiisu, kireessu yn dhuunfaan akka gurguratuuf ragaa aangessu kennuufii qaba. Kana malees, waliigalteen wabiidhaan qabsiisuu, kireessuu ykn gurgurtaa murtiin abbaa idaa fi nama biroo gidduutti raawwatamu manni murtii hin mirkaneessine yoo ta'e bu'aa akka hin qabne, akkasumas qarshiin waliigaltee kana irraa argamus kaffalamuu kan qabu harka murtiin abbaa idaatti osoo hin taane mana murtii biratti qabsiifamuu akka qabu tumameera.

Gaaffii Marii

1. Seerri deemsa falmii hariiroo hawaasaa keenya gurgurtaan qabeenya dhaabbataa iyyata murtiin abbaa idaatiin yeroof dheerachuu akka danda'u maaliif taasise jettanii yaaddu? Kaayyoo maalii galmaan ga'uuf yaadame?

b) Haalaa fi yeroo kaffaltiin gurgurtaa caalbaasii itti raawwatamuu qabu

Haalaa fi yeroon kaffaltii gatii gurgurtaa caalbaasii qabeenya dhaabbataa raawwii murtii keessatti iddoo guddaa kan qabuudha. Sababni isaas, idaa murtiin abbaa idaa kaffaluuf kan barbaachisu qarshiidha. Kaffaltiin qarshii qabeenyi itti gurgurame yeroo fi haala barbaadamuun hin raawwatamne yoo ta'e, murtii yeroodhaan raawwachiisuun waan hin danda'amneef raawwiin abbaan mirgaa rakkoof saaxilama. Kanaaf, dhimma kana sirnaan bulchuun baayyee murteessaadha. Seerichis dhimma kanatti xiyyeeffannoo addaa itti kenneera jechuun ni danda'ama. Bu'uura kanaan dorgomaan qabeenya dhaabbataa raawwiin irra qubate caalbaasii mo'ate, battala caalbaasii mo'ate sanatti kaffaltii waliigalaa keessaa dhibbentaa didgamii shan(25%) harka nama caalbaasii geggeessuuf aangeffameetti qabsiisuu akka qabu, akkasumas kaffaltii waliigalaa guyyaa gurgurtaan raawwatame irraa kaasee guyyaa kudha shan(15) keessatti raawwachuu akka qabu kwt.440(1) fi 441 jalatti tumamee jira. Kaffaltiin daangaa yeroo olitti ibsame kana keessatti hin raawwatamne yoo ta'e, manni murtii gurgurtaa geggeeffame kaasuun qarshii qabsiifame keessaa baasii caalbaasii adeemsisuuf ba'e hir'isuun, qarshiin hafe mootummaaf galii akka ta'u erga taasisee booda qabeenyichi irra deebi'amee caalbaasiin akka gurguramu gochuu akka qabu kwt.442 jalatt ibsameera. Qabeenyichi irra deebiin kan gurguramu yoo ta'e, namni kaffaltii raawwachuu didee gurgurtaan jalaa haqame qabeenya sana irratti mirga kan biroo yoo qabaatellee, gaafachuu akka hin dandeenye tumaan kun daangessee jira.

Dhimma kanaan walqabatee qabxiin ilaalamuu qabu, mo'ataan caalbaasii daangaa yeroo taa'e keessatti kaffaltii hin raawwanne jechuun manni murtii yeroo meeqaaf qabeenyi irra deebi'amee akka gurguramu ajajuu danda'a kan jedhuudha. Fakkeenyaaf, manni murtii caalbaasii 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} geggeessee, mo'attootni guyyaa kudha shan keessatti kaffaltii hin raawwanne yoo ta'e caalbaasii 3^{ffaa} baasamoo? tilmaama qabeenyichaatiin murtiin abbaan mirgaa akka fudhatu ajaja kan jedhuudha. S/d/f/h/h/ kwt.442 dhimma kanaaf deebii kenne hin qabu. Qabxii kana leenjifamtootni mariin kan gabbisan ta'a.

Gaaffiilee Marii

1. Bu'uura s/d/f/h/h/ kwt.442 tiin manni murtii mo'ataan caalbaasii kaffaltii daangaa yeroo taa'e keessatti hin raawwatamne jedhee gurgurtaa haqee caalbaasii haaraa baasuu kan

danda'u yeroo meeqaaf jettanii yaaddu? Fakkeenyaaf, caalbaasii 1ffaa fi 2ffaa baasee mo'attootni kaffaltii guyyaa kudha shan keessatti hin raawwatne yoo ta'e, caalbaasii 3ffaa baasamoo? Murtiin abbaan mirgaa timaama qabeenyichaan akka fudhatu taasisa? Mo'ataan kaffaltii yeroodhaan raawwachuu dide jechuun dorgomaan caalbaasii hin dhihaanne nama jechisiisuu danda'aa? Maaliif? s/d/f/h/h/ Kwt.429(4) waliin akkamitti ilaaltu? Dhimma itti aanu kana waliin irratti mari'adhaa.

Dhimma 43ffaa

Dhimmi kun Dh/Ij/M/M/W/Federaalaatiin ilaalamee jildii 3ffaa galmee lakk.15672 ta'e irratti murtii kan argateedha. Ka'umsi dhimmichaa M/M/Ol/Federaalaa yoo ta'u, iyyattuun ammaa murtiin abbaa idaa yoo taatu, waamamtuun immoo murtiin abbaa mirgaa ta'uun galmee raawwii irratti falmii geggeessaa turaniiru. Iyyattuun ammaa idaa ishee irra jiru, "kuusaa uffata daa'immanii salaam' bittee maqaa isheetti hin naanna'in jiru gurguramee akka kaffalu mana murtiitti kan iyyatte yoo ta'u, manni murtii olaanaas qabeenyicha ogeessaan erga tilmaamsisee booda beeksisa caalbaasii yeroo lamaa baasuun namoonni caalbaasii 1ffaa fi 2ffaa irratti mo'atanii bitan guyyaa 15 keessatti kaffaltii raawwachuu waan didaniif, *..seerichi qabeenyi yeroo hangamiif caalbaasiin gurguramuu danda'a kan jedhu ibsee hin jiru. Haa ta'u malee, murtiin raawwatamuu waan qabuuf yeroo hin daangofneef ajaja kennaa turuun barbaachisaa miti. Caalbaasii 2ffaa irratti morkataan yoo hin dhihaanne, qabeenyicha murtiin abbaa mirgaatiif akkuma kennamu, abbaan mirgaa(waamamtuun) tilmaama ogeessi dhiheesseen qabeenyaa kana haa fudhattu*...jechuun sababeessee ajajeera.

Iyyattuun ajaja kana komachuun M/M/W/Federaatti ol-iyyannoo kan dhiheeffatte yoo ta'ellee, mana murtii waliigala federaalaa ajaja mana murtii olaanaa cimseera.

Iyyattuun murtii kana komachuun dhaddacha ijibbaata mana murtii waliigala federaalaatti kan dhiheessite yoo ta'u, manni murtichaas xiinxala taasiseen *...bu'uura s/d/f/h/h/ kwt.442 tiin mo'ataan caalbaasii guyyaa 15 keessatti gatii qabeenyaa hin kaffalle yoo ta'e, manni murtii irra deebiin qabeenyaa kana caalbaasiin gurguruu qaba jedha malee yeroo hangamiif irra deebi'ee akka gurguru hin ibsine. Kana jechuun garuu qabeenyaa kana namni bitu dhibeera gudunfaa jedhutti kan nama geessu miti. Dhimma harkaa qabnu kanas yeroo ilaallu, morkataan caalbaasii mo'ate gatii ittiin mo'ate kaffaluu dhabuun namni biraan qabeenyaa kana bitu hin jiru kan nama*

jechisiisu miti. Qabeenyaan kun caalbaasiin irra deebi'amee haa gurguramu…. jechuun murtii jalaa diigeera.

2. Gatiin qabeenyi irra deebi'amee ittiin gurgurame gatii mo'ataa kaffaltii raawwachuu dideetiin gadi yoo ta'e garaagarummaa gatii uumameef eenyutu itti gaafatamummaa fudhata? Kwt.429(2) dhimma kanaaf raawwatamummaa qaba jettuu?
3. Bu'uura kwt.440(1) tiin mo'ataan caalbaasii kaffaltii duraa dhibbentaa digdamii shan(25%) hin raawwatin yoo hafe bu'aan isaa maal ta'a jettu? Kwt.442 waan jedhu qabaa?

c) Haala gurgurtaan caalbaasii itti haqamuu ykn diigamuu danda'u

Gurgurtaan caalbaasii qabeenya raawwiin irra qubatee haala kamiin haqamuu ykn diigamuu danda'a kan jedhu ilaalchisee s/d/f/h/h/ kwt.444-446 jalatti tumamee jira. Dhimma kanaan walqabatee qabxiin jalqabaa ilaalamuu qabu eenyutu gurgurtaan akka haqamu ykn diigamuuf gaafachuu danda'a kan jedhuudha. Akkuma boqonnaa 1^{ffaa} keessatti ilaalle, namni tokko mirgi koo tuqameera jechuun iyyata ykn himannaa mana murtiitti dhiheeffachuu kan danda'u dhimma iyyata irratti dheeffatu sana irraa daantaa qabaachuu isaa agarsiisuu akka qabu s/d/f/h/h/ kwt.33(2) jalatti tumameera. Dhimma harkaa qabnu kanas yeroo ilaallu, namni gurgurtaa raawwatameen mirgi koo tuqameera jechuun iyyata dhiheessee gurgurtaan akka haqamu ykn diigamu gochuu danda'u qabeenya gurgurtaan irratti raawwatame sana irraa dantaa qabaachuu isaa agarsiisuuf dirqama qaba jechuudha. Bu'uura kanaan eenyutu gurgurtaan akka haqamu ykn diigamu iyyata dhiheessuu danda'a kan jedhu ilaalchisee namni kamiyyuu qabeenya sana irraa dantaa qabachuu isaa agarsiisuu danda'u akka ta'e hubachuun nama hin dhibu. Haalonni gurgurtaan akka haqamu ykn diigamu taasisan maal fa'i kan jedhu ilaalchisee kwt.444-446 jalatti tarreeffamanii jiru. Isaanis:-

i) Qabeenyichi osoo hin gurguramin dura namni biraan dantaa irraa qabaachuu (…either owning such property or holding an interest there in… kwt.444(1):

Bu'uura keewwata kanaatiin namni kamiyyuu qabeenyi raawwiin irra qubate gurgurtaaf osoo hin dhihaatin dura mirga irraa qabu gurgurtaan qabeenyicha irratti raawwatame akka diigamuuf gaafachuu danda'a. Namoonni kun eenyufaa ta'uu danda'u kan jedhuuf akkuma haala isaatti qabeenyicha wabummaadhaan kan qabatan, mirga firii isaatti fayyadamuu(usufruct right) kan

qaban, abbaa qabeenyaa waliinii kan ta'anii fi kanneen biroo ta'uu akka danda'an afuura tumaa kanaa irraa kan hubatamuudha.

ii) **Adeemsa gurgurtaa qabeenyaa keessatti dogoggorri bu'uuraa ykn gochi gowwomsuu kan raawwatame yoo ta'e (… material irregularity or fraud in the conduct of the sale… kwt.445)**:

Bu'uura tumaa kanaatiin murtiin abbaan idaa ykn namni biroon kamiyyuu gurgurtaa qabeenya raawwiin irra qubateen dantaan koo tuqameera jedhu adeemsi gurgurtaan caalbaasii keessa darbee raawwatame dogoggora bu'uuraa qabaachuu ykn gochi gowwomsuu raawwatamuu isaa kan agarsiisu yoo ta'e gurgurtaan akka diigamuuf gaafachuu danda'a. Asitti qabxiin ilaalamuu qabu, manni murtii gurgurtaan akka diigamu ajajuu kan danda'u adeemsa caalbaasii keessatti dogoggorri adeemsaa ykn gochi gowwomsuu raawwatamuu isaa qofaan osoo hin taane, dogoggorri adeemsaa ykn gochi gowwomsuu raawwatame kan bu'uuraa ta'uu, akkasumas sababa kanaan miidhaa ciminaan(substantial injury) iyyataa irra gahuu isaa yoo mirkaneeffate qofaadha. Qaamni iyyata dhiheessus qabxiilee kana mirkaneessuuf dirqama kan qabuudha. Qabxii falmisiisaan garuu dogoggora bu'uuraa jechuun kan akkamiiti? akkasumas miidhaa cimaa jechuun kan akkamiiti kan jedhu ilaalchisee tumaan kun waan jedhu hin qabu. Kanaaf, akkuma haala isaatti manni murtii gosa dhimmaan ilaalee kan murteessu ta'a jechuudha.

Dhimma 44^{ffaa}

Dhimmi kun Dh/Ij/M/M/W/F tiin jildii 19^{ffaa} galmee lakk. 110681 irratti ilaalamee murtii kan argateedha. Ka'umsi dhimmichaa mana murtii Aanaa Moyaalee yoo ta'u, waamamaan ammaa murtii qooddii qabeenya dhaabbataa diiggaa gaa'ilaa bu'uura godhachuun kenname akka raawwatamuuf galmee raawwii mana murtiitti kan saaqqatee yoo ta'u, manni murtiis bitaa fi mirgi waliigalteen akka qooddatan yaalii yoo taasises milkaa'uu hin dandeenye. Bu'uruma kanaan qabeenyi caalbaasii ifaadhaan bahee gurguramee qarshii isaa akka qooddatan ajajeera. Ajaja kanaanis caalbaasiin guyyaa 15 f qilleensa irra akka turu kan taasise yoo ta'u, guyyaa bu'aan caalbaasii akka dhihaatu ajajame gaafa 21/1/2007 tti bulchiinsi magaalaa caalbaasii akka geggeessuuf ajajame maandisa erguun guyyaa caalbaasiif kenname keessatti dorgomtootni gahaan waan hin argamneef akkasumas dogoggoraan gatiin caalbaasii ka'umsaa beeksisa irratti waan hin ibsamneef guyyaan dabalataa nuuf haa kennamu jechuun gaafateera. Manni murtii

Aanaa Moyaalees guyyaa dabalataa kudhan(10) kennuufiidhaan beellama itti aanutti caalbaasiin akka geggeeffamu ajajeera. Caalbaasiinis geggeeffamee mana raawwiin irra qubate qarshii 210,000.00 tiin gurgurameera. Iyyattuun ammaa manni murtii aanaa bu'uura kwt.426 tiin guyyaa soddomaaf beeksisa caalbaasii qilleensa irra tursuu osoo qabuu, guyyaa sanaa gaditti caalbaasiin akka raawwatamu gochuun mana murtii sirrii miti waan ta'eef bu'uura kwt.445 tiin gurgurtaan diigamuu qaba jechuun akkasumas ijoo kan biroo irratti ol-iyyannoo dhiheessitus manneen murtii sadarkaa adda addaa irra jiran kufaa godhaniiru.

Dhaddachi ijibbaataa dhimma kana irratti xiinxala taasiseen *...bu'uura kwt.445 tiin gurgurtaan diigamuu kan danda'u beeksisni caalbaasii guyyaa 30f qilleensa irra turuu dhabuu qofaan osoo hin taane, guyyaa kanaaf qilleensa irra turuu dhabuu isaatiin miidhaan akkamii akka irra qaqqabe agarsiisuuf dirqama qabdi. Miidhaa irra qaqqabe waan hin agarsiifneef komiin dhihaate fudhatama hin qabu* ... jechuun murtii jalaa cimseera.

Gaaffiilee Marii

1. Murtii kana akkamitti madaaltu?, kwt.426 fi 445 waliin irratti mari'adhaa.
2. Bu'uura kwt.445 tiin gurgurtaan diigamuu kan danda'u dogoggorri adeemsaa bu'uuraa ykn gochi gowwomsuu kan raawwatame yoo ta'ee fi sababuma kanaan miidhaa cimaan iyyataa irra kan qaqqabe yoo ta'eedha. Dogoggorri adeemsaa kanneen *bu'uuraa* jedhamuu danda'an kanneen akkamiiti? Fakkeenyaaf, beeksisa caalbaasii irratti qarshii murtiin abbaa idaa irraa barbaadamu ibsuu dhabuun dogoggora bu'uuraa ta'uu danda'a jettuu? Maaliif? Miidhaa cimaan maaliin madaalama?

iii) Abbaan idaa qabeenya raawwiif gurgurame irraa mirga kan hin qabne yoo ta'e (has no saleable interest kwt.446):

Bu'uura tumaa kanaatiin namni qabeenya raawwiin irra qubate bite, murtiin abbaan idaa qabeenyicha irraa mirga kan hin qabne ta'uu isaa kan mirkaneeffate yoo ta'e, iyyata dhiheessuun gurgurtaan akka diigamuuf gaafachuu danda'a. Manni murtiis murtiin abbaan idaa qabeenya raawwiif gurgurame irraa mirga kan hin qabne ta'uu isaa yoo mirkaneeffate gurgurtaa raawwatame diiguuf dirqama kan qabuudha.

Sababoota olitti ibsaman kana keessaa tokko kan argame yoo ta'e, manni murtii iyyata dhihaatu giddu galeessa godhachuun gurgurtaa raawwatame diiguu akka qabu kwt.447(4) jalatti tumamee jira. Tarkaanfii kana yeroo fudhatus manni murtii dursee qaama iyyatichaan miidhamuu danda'an hundumaa iyyata dhihaate qaqqabsiisuun yaada isaanii dhaga'uun ta'uu qaba.

d) Haala gurgurtaan caalbaasii itti mirkanaa'u

Manni murtii haala kamiin gurgurtaa caalbaasii mirkaneessa kan jedhu ilaalchisee s/d/f/h/h kwt.447 jalatti ibsamee jira. Haaluma kanaan, bu'uura kwt.44-446 tiin sababoonni gurgurtaa diigsisuu danda'an guyyaa gurgurtaan raawwatame irraa kaasee daangaa ji'a lamaa keessatti hin dhihaatne yoo ta'e ykn dhihaatanii fudhatama kan dhaban yoo ta'e, manni murtii gurgurtaa mirkaneessuu akka qabu, gurgurtaan mirkanaa'es isa dhumaa akka ta'e tumamee jira. Kunis namni tokko gurgurtaan raawwatame mirga koo miidheera jechuun iyyata dhiheessuu kan danda'u daangaa yeroo ji'a lamaa keessatti qofa akka ta'ee fi ji'a lama booda iyyata dhiheeffachuu kan hin dandeenye ta'uu isaati.

Gaaffiilee Marii

1. Bu'uura kwt.444(1) tiin namoonni gurgurtaan akka diigamuuf gaafachuu danda'an eenyu fa'i? Tarreessuun irratti mari'adhaa.
2. Murtiin abbaan mirgaa M/A/Idaa qabeenya caalbaasiin gurgurame irraa mirga hin qabu jechuun gurgurtaan akka diigamuuf iyyata dhiheessuu danda'a jettuu? Maaliif?
3. Garaagarummaan iyyata bu'uura kwt.418 tiin dhihaatuu fi kwt.444-446 tiin dhihaatu maaliidha? Namni iyyata bu'uura kwt.418 tiin dhiheeffatee jalaa kufaa ta'e bu'uura kwt.444 - 446 tiin dhiheessuu danda'a jettuu?
4. Bu'uura kwt.447(1) tiin namni gurgurtaa qabeenya raawwiin irra qubateen mirgi koo miidhame jedhu ji'a lama booda iyyata dhiheessuu akka hin dandeenye tumameera. Seera deemsaa keessatti daangaa yeroo haala kanaan tumuun sirriidha jettanii yaadduu? Maaliif? Namni mirgi isaa miidhame kun ji'a lama booda fala biraa qaba jettanii yaadduu?

3.3.4. Qabeenya dhaabbataa raawwiin gurgurame nama bitetti dabarsuu diduu

Manni murtii qabeenya caalbaasiidhaan gurgurame nama bitetti dabarsuuf dirqama qaba. Adeemsa qabeenyaa kana nama bitetti dabarsuu keessatti namni qabeenya kana harkatti qabatee jiru qabeenyi nama bitetti akka hin darbine dhorkuu mala . Haalli akkasii yeroo mudatu manni murtii maal gochuu qaba kan jedhu ilaalchisee tumaaleen s/d/f/h/h/ kwt.450-455 tti jiran deebii kan kennaniidha. Kunis, tarkaanfii manni murtii fudhatu eenyummaa nama qabeenya dabarsuu didee giddu galeessa godhachuu akka qabu tumaaleen kun ni agarsiisu. Bu'uura kwt.450 tiin namni qabeenya harkatti qabatee jiru nama qabeenyicha biteef dabarsuufii kan dide yoo ta'e, kanuma ibsuun iyyata isaa mana murtiitti dhiheeffachuu akka danda'uu fi manni murtiis dhimmicha qulqulleessee ajaja kennuu akka qabu ibsamee jira. Bu'uura kwt.451 tiin namni qabeenya nama bitetti dabarsuu dide murtiin abbaa idaa ykn nama inni kakaase yoo ta'e, qabeenyi gara nama biteetti akka darbu taasisuun murtiin abbaa idaa ykn nama inni kakaase mana hidhaa siivilii keessatti guyyaa soddoma kan hin calleef hidhuu danda'a.

Namni qabeenya dabarsuu dide murtiin abbaa idaa ala kan ta'ee fi nama yaada gaariidhaan qabeenya sana ofii isaatiif ykn nama biraaf qabatee jiru yoo ta'e, manni murtii iyyata namni qabeenya bite dhiheessu kufaa gochuu akka danda'u kwt.452 fi 453 jalatti tumameera. Manni murtii iyyata qabeenya dabarsuu dhihaate kufaa gochuu kan danda'u haalonni tumaalee kana jalatti ibsaman kan guutaman yoo ta'ee dha. Isaanis:- qabeenyaa kana yaada gaariin(possessed in good faith) qabachuu isaa, qabeenyicha kan argate abbaa idaa irraa osoo hin taane nama biraa mirga qabu irraa ta'uu, qabeenyicha kan qabatee jiru mirga ofii isaa waan irraa qabuuf ykn nama biraa abbaa idaa ala ta'eef bakka bu'aa ta'uu isaa mirkaneessuu qaba. Murtiin abbaan idaa qabeenya kana erga falmiin jalqabee booda nama biroof kan dabarse yoo ta'e garuu tumaaleen olitti ibsaman kun raawwatamummaa kan hin qabnee fi nama murtiin abbaan idaa qabeenya dabarseef nama qabeenya kana caalbaasiin bite irratti mormii kana kaasuu hin danda'u(kwt.454).

Gama biraatiin, namni qabeenya gurgurtaan irratti geggeeffame irratti bu'uura kwt.451, 452, 453 tiin iyyata dhiheeffatee kufaa jalaa ta'e himannaa haaraa nama qabeenya kana qabate irratti dhiheeffachuu akka danda'u kwt.455 jalatti tumamee jira.

Gaaffiilee Marii

1. Bu'uura kwt.452 tiin nama yaada gaariidhaan qabeenya gurgurtaan irratti raawwatame qabatee jiru fi nama bite gidduutti falmii ka'u manni murtii adeemsa akkamiitiin qulqulleessa jettu?
2. Bu'uura s/d/f/h/h/ kwt.451,452 fi 453(3) tiin ajaja kennamu irratti qaamni 3^{ffaa} komii qabu bu'uura kwt.455 tiin himannaa haaraa dhiheeffachuu akka danda'u tumameera. Kun maal agarsiisa? Ajajni keewwatoota duraa jalatti kennamu irraa ol-iyyachuun hin danda'amu jechuudha?
3. Himannaa bu'uura kwt.455 tiin dhihaatuun namni qabeenya bite kan mo'amu yoo ta'e fala maalii qaba jettanii yaaddu? Namni bu'uura kwt.418 tiin raawwii mormee mormiin isaa kufaa jalaa ta'e, bu'uura kwt.455 tiin falmuu danda'a jettanii yaadduu?

Maddawwan Wabii

I) Kitaabota fi Barreeffamoota adda addaa

1. Robert Allen Seddler: Ethiopian Civil Procedure, 1968
2. The Civil Procedure Code, 1966 - WIPO
3. Black's Law Dictionary,(ninth edition),
4. Law of Civil procedure Teaching Material
5. Misgaanuu Mul'ataa: Moojulii Raawwii Murtii Hariiroo Hawaasaa Leenjii Hojii irraa Yeroo Gabaabaatiif Qophaa'e, 2004, ILQSO.

II) Seerota

1. Heera Mootummaa Mootummaa federaala Itoophiyaa labsii lakk.1/1987
2. Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa fooyya'ee bahe lakk.46/94
3. Seera Deemsa falmii Hariiroo Hawaasaa Itoophiyaa, Labsii Lak.165/1958
4. Labsii Manneen Murtii Federaalaa hundeessuuf bahe, labsii lakk.25/88
5. Seera Hariiroo Hawaasaa Itoophiyaa, labsii lak.165/1952
6. Labsii itti fayyadama lafa baadiyyaa Oromiyaa, labsii lak.130/1999
7. Labsii Bulchiinsaa fi Itti fayyadama Lafa baadiyyaa Oromiyaa lakk.56/94
8. Labsii Galii gibira Mootummaa federaalaa lakk.286/2002
9. Labsii Gibiraa Federaalaa fooyya'ee bahe lakk.979/2008
10. Labsii Galii Gibiraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk.74/95
11. Labsii Galii Gibiraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa kan fooyya'e lakk.202/2009
12. Seera Maatii Oromiyaa, labsii lakk.69/95 fi 83/96
13. Labsii Hojjetaa Hojjetaa fi Hojjechiisaa lakk.377/1996
14. Labsii Sooramaa Hojjetoota Mootummaa federaalaa lakk.714/2003

III) Dhimmoota

1. Murtii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa, galmee lakk.281506(Falmii ol-iyyataa Warshaa sukkaara Wanjii fi d/kennaa Kabbadee Warqee gidduu ture)
2. Murtii Mana murtii Aanaa Adaamaa, galmee lakk.105103(Falmii M/A/Mirgaa-Simmanyi Kurabbaachew fi M/A/Idaa-Takkaalinyi Caakkaa gidduu ture)
3. Murtii Mana murtii Ol'aanaa G/H/Lixaa, galmee lakk.46442(Falmii M/A/Mirgaa-WALQO Damee Bookee fi Waldaa Naasibee faa N-9 gidduu ture)

4. Murtii Mana murtii Aanaa Colleee, galmee lakk.20782(Falmii M/A/Mirgaa-Shaashuu Jundii faa N-2 fi M/A/Idaa-Jamaal Jundii gidduu ture)
5. Murtii Mana murtii G/H/Lixaa, galmee lakk.41057(Falmii M/A/Mirgaa Aashaa Turcoo fi M/A/Idaa N-4)
6. Murtii Mana Murtii Aanaa Adaamaa galmee lakk.61202(Falmii M/A/Mirgaa-Yeshii Dhaabaa fi M/A/Idaa -Alamii Makkoo gidduu ture)
7. Murtii Mana Murtii Ol'aanaa G/H/Lixaa galmee lakk.42725(Falmii M/A/Mirgaa-Saadiyaa Misbaa fi M/A/Idaa-Kaarimaa Warquu gidduu ture)
8. Murtii Mana Murtii Aanaa Adaamaa galmee lakk.103336(Falmii M/A/Mirgaa - Birhaanuu Tashoomaa faa N-2 fi M/A/Idaa-Waldaa ELSE Addis Indutrial Development Plc. gidduu ture)
9. Murtii Mana Murtii Ol'aanaa G/Arsii/Lixaa galmee lakk.38343(Falmii M/A/Mirgaa-Jamaal Huseen fi M/A/Idaa-Saamiraa Boonsamoo gidduu ture)
10. Murtii Mana Murtii Ol'aanaa G/Arsii/Lixaa galmee lakk.27224(Falmii M/A/Mirgaa-Hulluuf G/Sillaasee fi M/A/Idaa-Mulaat Tsaggaa gidduu ture)
11. Murtii Mana Murtii Ol'aanaa G/Arsii/Lixaa galmee lakk.45626(Falmii M/A/Mirgaa-Abdoo Araddaa fi M/A/Idaa-Amaan Mahaammad gidduu ture)
12. Murtii Mana Murtii Ol'aanaa G/Shawaa Bahaa galmee lakk.39810
13. Murtii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Baalee galmee lakk.26071(Falmii M/A/Mirgaa-Abdulkaariim Mahaammad fi M/A/Idaa- Faatraa Qamar gidduu ture)
14. Murtii Mana Murtii Ol'aanaa G/Shawaa Bahaa galmee lakk.150401(Falmii M/A/Mirgaa-Roobaa Margaa faa N-2 fi M/A/Idaa-Badhaadhaa Dagaagaa gidduu ture)
15. Murtii Mana Murtii Ol'aanaa G/Shawaa Bahaa galmee lakk.50178(Falmii M/A/Mirgaa Lijaalem Damisee fi M/A/Idaa -Ejensii Misoomaa fi Manaajimentii Lafa Magaalaa Bishooftuu gidduu ture)
16. Murtii Mana Murtii Ol'aanaa G/Arsii Lixaa galmee lakk.38421(Falmii M/A/Mirgaa-WALQO Damee Magaalaa Shaashamannee fi M/A/Idaa -Waldaa Tusaa Birkaa faa fi Bulchiinsa Magaalaa Shaashamannee gidduu ture)
17. Murtii Mana Murtii Ol'aanaa G/Arsii Lixaa galmee lakk.20171(Falmii M/A/Mirgaa-Gaaritee Hameessoo fi M/A/Idaa -Dastaa Bushuraa gidduu ture)

18. Murtii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaa, galmee lakk.238733 (Falmii MA/Mirgaa Alamituu Galatoo fi MA/Idaa Lataa Gammachuugidduu ture)
19. Murtii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaa, galmee lakk.260726 (Falmii MA/Mirgaa Baankii Internaashinaalii Oromiyaa fi MA/Idaa Kadir Haaruun gidduu ture)
20. Murtii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa, galmee lakk.276992
21. Murtii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, galmee lakk.123331
22. Murtii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa, galmee lakk.280780
23. Murtii Mana Murtii Aanaa Kuyyuu, galmee lakk.25963
24. Murtii Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Kaabaa galmee lakk.34772
25. Murtii Mana Murtii Olaanaa Godina Harargee Lixaa, galmee lakk.45468
26. Murtii Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa, galmee lakk. 74898
27. Murtii Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa, galmee lakk. 52110
28. Murtii Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa, galmee lakk.26670
29. Murtii Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa, galmee lakk.128776
30. Murtii Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa, galmee lakk.72017
31. Murtii Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa, galmee lakk.88867
32. Murtii Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa, galmee lakk.29269
33. Murtii Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa, galmee lakk.10489
34. Murtii Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa, galmee lakk.21270
35. Murtii Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa, galmee lakk.86133
36. Murtii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa, galmee lakk.280521
37. Murtii Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa, galmee lakk.70378
38. Murtii Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa, galmee lakk.15672
39. Murtii Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa, galmee lakk.110681
40. Murtii